

مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
مئنننى - إئووبيا



دور حجىرة الراى فى الوءءة
الفكرىة ءبىن المسلمىن
د. عبد المءىء النءار

*Gahee Bilisummaan Yaadaa
Tokkommaa Muslimootaa
Cimsuu Iraatti Qabu*

Qopheessaan:

DR. Abdulmajiid Al-Najjaar

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2017 G.C

دور حرية الرأي في الوحدة الفكرية بين المسلمين
د. عبدالمجيد النجار

**GAHEE BILISUMMAAN YAADAA
TOKKOMMAA MUSLIMOOTAA
CIMSUU IRAATTI QABU**

Qopheessaan:

DR. Abdulmajiid Al-Najjaar

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al
Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

DF-E-TrBs-17/16

*Mirgi maxxansaa dhaabbata
Dar al-Fikriifseeraan eegamaadha*

All rights reserved

Maxxansa duraa: Adoolessa 2018

Email: daralfoker.ethiopia@gmail.com

Tel: +251-114-705-738

Mob. +251-911-206-241

Addis Ababa, Ethiopia

Maqaa Rabbii Guddaa Tola Oolaa fi Gara Laafaa Ta'eetiin

Faaruu Kan Rabbiiwaan hunda uumeeti. Tollinni fi nageenyi Rabbii ergamaa xumura nabiiyootaafi ergamtootaa ta'e Muhammadiin irratti haa jiraatu

أَقْرَأْ بِأَسْمِ رَبِّكَ الَّذِي خَلَقَ ① خَلَقَ الْإِنْسَانَ مِنْ عَلَقٍ ② أَقْرَأْ وَرَبُّكَ الْأَكْبَرُ ③ الَّذِي عَلَّمَ بِالْقَلَمِ ④

عَلَّمَ الْإِنْسَانَ مَا لَمْ يَعْلَمْ ⑤ سورة العلق آية (5-1)

Hubadhu: Kitaabonnii fi qorannoowwan dhaabbatichi kun maxxansu ilaalchaa fi carraaqqii nama waa qopheessee qofa ibsa malee yaada /ilaalcha dhaabbaticha bakka hin bu'u.

Maqaa Rabbii uumeetiin dubbisi. Kan ilma namaa dhiiga ititaa irraa uume. Dubbisi Rabbiin kee arjaadha. Kan qalamaan (barreessuu) namabarsiise. Kan ilma namaa waan inni hin beekne barsiise san. (Al-Alaq: 1-5)

Ammas Rabbiin akkana jedha:

وَاللَّهُ أَخْرَجَكُمْ مِنْ بُطُونِ أُمَّهَاتِكُمْ لَا تَعْلَمُونَ شَيْئًا وَجَعَلَ لَكُمُ السَّمْعَ وَالْأَبْصَارَ وَالْأَفْئِدَةَ

لَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ⑦٨ سورة النحل: آية (78)

Isinii waan tokko hin beekne Rabbiin garaa haadha keessanii keessaa isin baase. Akka isin galatoomfattiinif dhageettii (gurra), argaa (ija) fi onnee (qalpii) isiniif kenne. (Al-Nahil: 78)

BAAFATA

Mata dureewwan -----fuula	
Dursa-----	6
BOQONNAA TOKKOFFAA.....	38
Tokkummaa Ilaalacha Muslimootaa.....	38
1- Ilaalcha/ Xiinxala.....	38
2- Tokkummaa Xiinxalaa	40
3- Wantoota Tokkummaa Xiinxalaa Fidan	43
4-Utubaa Tokkummaa Ilaalcha Muslimtootaa	47
BOQONNAA LAMMAFFAA.....	64
Walabummaa Yaadaatii fi Tokkummaa Ilaalcha	
Muslimtootaa.....	64
1-Walabummaa Yaadaa	64
2- Bu’uura Seerri Amantii Islaamaa Walabummaa	
Yaadaatiif Kaaye.....	68
3.WalabummaaYaadaa fi Ilaalchaa Walii Galaa	75
4-walabummaa yaadaatii fi adeemsa Tokkumaa.....	82
5-Walabummaa yaadaatii fi dhugaa Lafa irra jiru.....	88
6-Walabummaa Yaadaatii fi Maloota Falmii Dhiheessuu ...	96
7-Walabummaa Yaadaatii fi Adeemsa Dhugaa Irratti	
Hundaa’e	99
8-Taatewwan Walabummaa Yaadaa Kan Ilaalcha Tokko	
Godhan	103
BOQONNAA SADAFFAA.....	108
Walabummaa Ilaalchaatii fi Tokkummaa Yaadaa Kan	
Muslimoonni Amma Irra Jiran	108
1)Walabummaa Yaadaatii fi Qabatama Ilaalcha Islaamaa	108

2)Walabummaa Yaadaatii fi Tokkummaa Beekumsaa	
(Aadaa, Barnoota, Duudhaalee)	121
3)Walabummaa yaadaa tii fi Tokkumaa	
Mazhabaa(Kutaalee Yaadaa).....	127
4)Walabummaa yaadaa tii fi Tokkummaa Siyaasaa.....	131
5)Walabummaa Yaadaatii fi Tokkummaa Warraaqsaa ...	135
Maddeen wabii (References)	139

Dursa

Faaruuun kan Rabbii waan hunda uumeeti. Nageenyi fi tolli Rabbii xumura nabiyyootaa kan ta'an Muhammadiin irratti haajiraatu. Maatii, firoottan, waahillan isaanii fi nama isaan hordofe hunda irrattis hanga guyyaa galataatti haa jiraatu.

Kanatti aansuudhaan:

Rabbiin keenya- Kan hanqina hunda irraa qulqullaa'e ilma namaa kana haala gaariin isa uumee, dachii keessatti bakka bu'aa dachii kana dhaalu isa godhe. Dachii tana jiraachisuu fi waan isii keessa jiru misoomsuuf amanamummaa itti kenne. Dachii tana keessatti, dhugaa fi wal-qixxummaa dalaguu irratti itti gaafatamaa isa godhe. Akkasumas waan uumaa kana keessa jiru hundaa isaaf laaffise. Kunis kan akka halkanii, guyyaa, aduu, ji'aa, dachii, samii, beeyladoo, mukkeen, waan lafa irra deemu, biqilaa, galaana fi laggeen fa'a. Wantoonni kun hundi ilma namaatiif kan kasoom/ kan laaffifameedha. Uumaan kun hunduu fedhii ilma namaa kana guutuuf ajajamtuudha. Isii irraa waan barbaadutti gahuuf isii wajjiin qabsoo godhuu yookii isii balleessuu isa hin barbaachisu. Uumamni kun ilma namaatiif waan uumamteef, fedhii isaanitiif laaffifamtuudha.

Ilmi namaa uumama kana misoomsuu fi faayidaa isii argatuudhaaf, kan haalli mijeeffameefiidha. Uumama kana kan argamsiisee bareechee uume immoo Rabbii tokkicha. Rabbiin guddaan waan mara uumee, uumaa isaa maraaf waan hunda kennee fi booda isaan qajeelchee jira. Dalagaan kan Rabbii waan mara tolchee bareechee uumeeti. Dhimmi amanamummaa fi bakka bu'iinsaa qaama/nama danda'aa fi filatamaa ta'etti malee hin kennamu. Kanaafuu ilma namaatiif humni adda addaa karaa adda addaatiin kennameef. Akkasumas carraa yookiin

fedhii waa filachuutis kennameef. Silaa human/dandeettii fi fedhii waa filachuu kana qabaachuu baatee, bakka isa buusuu fi amanamummaa itti kennuun tapha ta'ee argama. Akkamitti namni dandeettii hin qabne kan dirqisiifamaa fi injifatamaa ta'e waan dalaguudhaaf fedhii yookiin filannoo itti hin qabnetti ajajama? Waan irratti dirqamsiifame kana osoo kan hojjatus ta'ee, kabaja yookiin sadarkaa akkamii qabaata?

Dhugumatti bilisummaan/walabummaan ijoo dhaamsa Islaamaati, akkasumas bu'uura aqiidaa fi seera Islaamaati. Addummaa fi gaarummaa amantiin Islaamaa qabdu kana kan hubatee arge, warroota gar-malee miidhamanii, gidiramaanii, dachii keessatti humna dhabanii dadhabsiifamanii, sammuu fi onnee isaaniitiin amanti Islaamaatti gara galanii, warra jalqaba ergaa (xalayaa) amanti Isalaamaa kana fudhataniidha.

Akkasumas warroonni boonanii nuti gurguddaadha ofiin jedhanis gaarummaa fi addummaa amantiin Islaamaa qabdu kana ni beeku. Garuuxalayaa (dhaamsa) amanti Islaamaa kana didanii dura dhaabbatanii lola itti kaasanii, karaa hundaanuu gufuuwwan hunda karaa waraana farra amanti kanaa karaa hunda irratti guuran. Garuu dhuma irratti Rabbiin guddaan gabricha isaatii tumsee, raayyaa waraana isaa jabeessee fi kophaa isaa tuuta waa didduu kana cabsee.

Islaamummaa keessatti Iimaanni tooftaa Sammuu fi namummaa ofii ittiin bilisoomsaniidha. Sammuun iimaana qabdu; waan badii fi jallinaa namatti fidan hunda irraa bilisoomsa, sammuu bilisa ta'e; kan waa furu, kan waa gara galchu (hojiif ga'umsa qabu)fi waa xiinxaluu danda'uudh. Odeeffannoo addunyaa dhokataa ykn addunyaa mul'ataa

kamiyyuu waan dubbifamus ta'ee waan dhaga'amu irraa odeeffannoo jiru fudhachuu fi diduu keessatti seera dhaabbataa qaba.

Sammun iimaanaan bilisoomse kun waan ragaa qabuu fiwanta dhugummaan isaa mirkanaa'e malee hin fudhataa. Sammun kun beekumsa horatu hunda isaa keessatti wanta ragaan mirkanaa'e qofa keessaa fudhata. Rabbiin keenya - guddatee ol-ta'ee- wantoota hedduu tolchee hamma isaa daangessee lafa kaa'ee jira. Wantoota kana keessaa tokko ergamtoota ofii gara ilma namaatti erguudha. Ergamtoota kanas ilmi namaa guyyaa dhumaa, yaa Rabbi ati nama karaa sirritti nu waamu nuuf hin ergine akka hin jenneef ragaa qabatamaa fi dhugaadhaan isaan erge. Rabbiin Nabiyyoota (ergamtoota) isaatiif, namoota itti ergaman kanniin ragaa qulqulluu ta'een akka yaamaniif wanta nabiyyuummaa isaanii mirkaneessuuf raajii (*mu'ujizaa*) hedduu kenneefii jira.

Iimaanni kun akkuma sammuu namaa bilisoomse, argama Muslima tokkootii fi keessa isaas waan miira isaa hacuucee qabu fi wanta dandeettii hojii isaa gufachiisu hunda irraa guutumaan guututti bilisa isa godha. Bilisummaan kun immoo akka ilmi namaa kun dandeettii qabu hundaan cimee dhimmoota sosochii xiinxaluu, ijaarsaa fi qaroominaatiin wal-qabatan keessatti si'aa'inaan carraaqqii godhee waa uumee, dandeettii Rabbiin hawaa kana keessatti qabu mul'isuuf gargaara.

Dandeettiin ilmi namaa waa uumuu fi waa carraaquuf qabu kun, ga'umsa ilmi namaa dachii kana misoomsee, dagaagsee dhaaluuf qabu mul'isa. Akkasumas dhaadannaa Rabbiin ilma namaa kanaan *Malaa'ikoota* isaatti ittiin of dhaadee, dachii kana dhaaluudhaaf isaantu irra haqa godhata,

dandeettiis itti qaba jedhe san mirkaneessuuf oola. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

وَعَلَّمَ آدَمَ الْأَسْمَاءَ كُلَّهَا ثُمَّ عَرَضَهُمْ عَلَى الْمَلَائِكَةِ فَقَالَ أَنْبِئُونِي بِأَسْمَاءِ هَٰؤُلَاءِ إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿٣١﴾ قَالُوا سُبْحَانَكَ لَا عِلْمَ لَنَا إِلَّا مَا عَلَّمْتَنَا إِنَّكَ أَنْتَ الْعَلِيمُ الْحَكِيمُ ﴿٣٢﴾ قَالَ يَتَذَكَّرُ أُنْبِيَائِهِمْ بِأَسْمَاءِهِمْ فَلَمَّا أَنْبَأَهُمْ بِأَسْمَائِهِمْ قَالَ أَلَمْ أَقُلْ لَكُمْ إِنْني أَعْلَمُ غَيْبَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَأَعْلَمُ مَا تُبْدُونَ وَمَا كُنْتُمْ تَكْتُمُونَ ﴿٣٣﴾ سورة البقرة آية (31-33)

(Rabbiin) Aadamiin maqaa waan hundaa barsiise. BoodaMalaa'ikaa irra fidee “Yoo dhugaa dubbattoota taatan maqaa jara kanaa naaf himaa!” jedheen. ‘Ati Rabbii keenyawaan ati nu barsiifte malee beekumsa biraa hin qabnu, ati beekaadha, ogeessas” jedhaniin. “Yaa Adam Maqaalee isaanii itti himi” jedhe. Ennaa inni maqaalee isaanii jaratti himu “Ani waan samii fi dachii keessatti dhokate hundaa nan beeka isiniin hin jennee? Akkasumas waan isin ifa baaftanii fi waan isin dhookstitanillee nin beeka isiniin hin jennee?” jedhe. (Al -Baqaraa: 31-33).

Akkasumas Iimaanni fedhii namaa bilisoomsee jira. Amantiin Islaamaas fedhii namaa kana eeguuf wabii ga’aa kenneefii jira. Namni tokkollee waan namni dalaguu hin barbaanne tokko dirqisiisuu hin danda’u. Yoo warri boonan amantii Islaamaa akka girdootitti kan fayyadamanii sababaa ittiin fedhii namaatii fi bilisummaa isaanii balleessuu barbaadan ta’e, amantiin tokkichi Rabbiin biratti fudhatamaa ta’e amantiin qajeellumaa, amantiin dhugaa fi xumuraa akkana jedha:

لَا يُكْرَاهُ فِي الدِّينِ قَد تَّبَيَّنَ الرُّشْدُ مِنَ الْغَيِّ ﴿٢٥٦﴾ سورة البقرة (256)

“Amantii keessatti dirqiin hin jiru. Karaan qajeellumaa isa jallinaa irraa dhugumaan ifa galee jira”(Al-Baqaraa: 256).

Ilmi namaa bilchaatee waan hundaa hubatee jira. Yeroo durii kan jalqabaa sana bira dabree jira. Akka warroota kanaan dura darbanii sanasodaachisuudhaan, shororkeesuudhaan, dhiibbaa fi dirqiidhaan waan tokkollee hin fudhatu. Rabbiin waa’ee ummata Israa’iil yeroo dubbatu akkana jedha:

وَإِذْ نَقْنَا الْجَبَلَ فَوْقَهُمْ كَأَنَّهُ ظُلَّةٌ وَظَنُوا أَنَّهُ وَاقِعٌ بِهِمْ خُذُوا مَا آتَيْنَاكُمْ بِقُوَّةٍ ﴿١٧١﴾

سورة الأعراف آية (171)

“Yaadadhu yaa ergamaa kiyya) yeroo gaara (ummata Israa’iil) gubbatti ol fuunee akka (duumessaatti) isaan gaaddiseessee, gaarri sun jaratti bu’uu hedaa dhugoomsanii jennaan, waan isiniif kennine (kitaaba Toowraat) jabeenyaan fudhaa! isaaniin jenne”.(Al-a’iraaf: 171).

وَيَضَعُ عَنْهُمْ إِصْرَهُمْ وَالْأَغْلَالَ الَّتِي كَانَتْ عَلَيْهِمْ ﴿١٥٧﴾ سورة الأعراف (157)

“Ba’aa fi hidhaa jara irra turte jara irraa buusuufi”(Al-A’iraaf: 157)

Adeemsi humnaan nama bulchuu fi nama doorsisuu sun, gara laafummaa Rabbiitiin haqamee (hambifamee) jira.

Bilisummaan ilaalchaa fi yaada ofii bilisaan ibsachuu ilaalchisee, amantii Islaamaa keessatti mirgi kun mirga ilmi namaa gaafatee argatuu ykn dhiisuu danda’u qofaa miti. Innumaayyuu amanta Islaamaakeessatti mirgi kun, akka dirqamaa fi amaanaa ilma namaa irra jiruutti ilaalama. Kanaafuu hayyoonni Islaamaa hedduun, mirga bilisaan yaada ofii ibsachuu kana, akka utubaa amantii Islaamaa jahaffaa godhanii ilaalu. Akasuma mirgi kun, utubaa/roga baay’ee barbaachisaa ta’e kan

toltutti nama yaamuu fi waan fokkisaa/badaa irraa nama dhoorguu of keessaatti qabata. Dogongora yookiin badii hawaasa keessatti argamu kamiyyuu namni hundinuu diddaa dogongora argame saniif qaban bifa hundaan ibsachuu qabu.

Ilmi namaa badii argame san qofa mormuu osoo hin taane, namni hunduu akka dandeettii fi gosa hojii isaatiin walii galee gamtaadhaan badii argame san balleessuuf dirqama qaba. Badiin argame sun waan amantii Islaamaatiin wal-faallessus haa ta'u ykn waan seera hawaasa diigus haa ta'u yookiin badiin kun walgayii guddaa wayiitiin yookiin seeraan kan mirkanaa'es haa ta'u; badii san dhabamsiisuu fi mormachuu keessa garaa garummaan hin jiru. Warroota aangoo irra jiran, hooggantoota ol-aanoo fi warra dhimma hawaasaa irratti labsa/ murtii dabarsan hunda dura dhaabatanii badii jiru mormuu fi mormuu irratti kakaasuun bakka guddaa qaba. Kana ilaalchisee ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhan:

*“Irra caalaan wareegamtootaa (guyyaa Qiyaamaa) Hamzaa Ibnu Abdul-Muxxalibii fi namicha mootii jallaa bira dhaabbatee toltutti ajajee badii iraa dhowwinaan ajjeefameedha”*¹. Hadiisa qulqulluu keessatti ka dhufe *“Irra caalaan qabsoo, mootii dhugaa dabsu fuul-dura dhaabbatanii jecha dhugaa dubbachuudha”*². Kun akka ummanni dirqama isaanii kan bilisaan yaada ofi ibsachuu kanaan dhaabbatan taasisa. Dirqamni badiijiru dhorguu yookiin bilisaan badii jiru

1- *Musnada Abuu Haniifaa*, fuula 133 fi kitaaba *kanzu Al-ummaal*, lakk. 33264.

2 - Abuu Daawud, kitaaba malaahima keessatti, Tirmiziin kitaaba fitanaa keessatti gabaase.

tokko mormuu kun osoo yeroo jalqabaa irrattiaarsaa guddaa fi wareegama lubbuus kan nama gaafatu ta'ee, duubatti deebi'uu hin barbaachisu. Abbootiin irree fi hooggantoonni gariin jidduu hawaasa isaaniitii fi sochii hawaasni qaroomina isaanii guddiisuuf taasisu seenuudhaan jallinaa fi karaa dhugaa irraa baduu ummata keessa faffacaasu.

Yaanni akkanaa kun jalqaba amantii Islaamaa keessatti hayyootaa fi hawaasa muslimootaa biratti beekamaa ture. Gadaa bulchiinsa *Umar Ibnu Al-Kaxxaab*- Rabbi isa irraa haa jaalatuu-keessa namni Kiristaanaa Umariin bira dhufee Sahaabaa guddicha biyya Gibxii cabsee injifate, mootii isii kan ta'ee *Amri Ibnu Al-Aas* fi ilma isaa *Umaritti* himate. Umaris Amrii fi ilma isaa yaamsisee namicha Gibxii kanaaf haloo irraa bayeefii, Booda irratti dubbii isaa beekamtuu kana jedhe: “Erga yoomii ilma namaa garba godhattan? Haati isaanii yeroo isaan deessu haala isaan bilisa ta'aniin isaandeessee!”

Imaam Alii irraa akka odeeffametti-Rabbiin isa irraa haajaalatu- akkana jedhe: “Yaa ilmaan namaa! Aadam gabricha ykn gabriitii ta'ee hin dhalanne, ilmi namaa hunduu bilisa”³. Haalli yaachisaan tokko yoo kan argamu ta'e daangeffama tokko malee hawaasni guutuun akka dhimma argame san irratti mari'atanii yaada isaanii bilisaan ibsataniif haala mijeessuun dirqama. Tiksitoonni bakka tika isaaniitti, dubartoonni shaala jireenya mana isaanii keessatti ni mari'achiifamu. Namni Muslimaa tokko *Umar Ibnu Al-Kaxxaab* bira dhaqee dhimma isaa hin galin wayii irratti *Umariin* sirritti cimsee mormeen.

³ - Nahju Assa'aadaa, kutaa 1/198.

Yeroo kana namoonni *Umar Ibnu Al-Kaxxaabiin* waliin taa'aa turan namicha kana cal'isiisani wal-gahii keessa baasuuf yaadani turan. Umar garuu didee akkana jedhe: "Dhiisaanii! Yoo isin komii keessan hin dhiheeffatin toltuun isin keessa hin jiru, yoo komii keessan ka isinii hin dhageeffanne taane, toltuun nu keessa hin jirtu".

Sahaabaan Ribii'yyu Ibni Aamir jedhamu, yeroo Rustum sababaa isaan jihaadaaf bahaniif isa gaafatu akkana jedhee deebiseef: "Rabbiin akka nama fedhe gabroottan gabbaruu irraa gara Rabbiin qofa hallanyeesanii gabbaruutti, miidhaa amantiwwanii irraa gara haqqummaa amanti Islaamaatti, dhiphina adunyaa irraa gara bal'ina addunyaa fi aakiraa (du'a boodaa) itti waamnuuf nu erge" jedheen. Ilma namaa bilisa baasuun: yaada inni yaadu, fedhii fi sosocho'iinsa isaa keessatti fi waan yaade ibsachuu keessatti bilisummaa kana isaaf mirkaneessuun, akkasumas mirgoota kaniin tiksuu fi wanta isii faallessu yookiin diigu irraa baraaruu ergaa fi karoora ijoo amantiin Islaamaa ittiin dhufteedha.

Osoo Rabbiin keenya kilaafaan (bakka bu'iinsi) haqa irratti hundaa'e sun yeroo dheeraadhaaf akka turtu karaa godhee, carraan dhaabbilee bilisummaa kana qindeessituu fi tiksitu hundeessuu isaaniif kennamee; silaa ummanni (Muslimaa) kun, sadarkaa caaltuu ummataa akka ragaa fi hidhannootti dhala namaa hundaaf fakkeenya taate san irraa gara sadarkaa yeroo amma irra jirtuu kana, kan ummata qooda qaroomina isaani irraa boodatti deebi'anii kana irratti hin argamtu ture.

Yeroo kufiinsa alaabaa kilaafaa (hogganummaa bakka bu'oota afranii) irraa eegalee hanga guyyaa har'aatti ummanni Muslimaa hooggantoota jajalloo, abbaa irree fi warra

bilisummaa ilma namaa sarbaniin hacuuccamee, bilisummaa ofiis dhabee doorsifamaa hafee jira.

Wanti mamii hin qabne tokko, kilaafaan (hoggansi) Islaamaa guutumatti baduun, biyyoonni gariin mootii badaa nama miidhu hundeessuuf ariifachuun isaanii qayyabannoolee bu'uura amantii Islaamaa fi ergaalee isaa ijoo hedduu dadhabsiisaa dhufee jira. Hubannoolee dadhabaa dhufan kana keessaa tokko gosoota walabummaa fi bilisummaati. Kufaatii sirna *kilaafaa* irraa eegalee, Muslimoota biratti hambaan/dhaalli xiinxalaa fi aadaa hedduun, kan dabiinsaatti geessuu fi kan bilisummaa kanniin daangessu yookiin sarbu argamee jira.

Hambaaleen kunis wanta gaaga'ama guddaa namatti fide waan ta'eef, hambaa gaariidha jedhanii ittiin boonuu mitii, waan gaariidha jedhanii nama barsiisuun, namaaf himuun yookiin safuuwwanii fi beekumsa amantii Islaamaa keessa jiru jedhanii dubbachuunuu nama qaanfachiisa. Tarii gariin hambaa kanaa jecha/tarmii "Sadduazzaraa'i'i/ sababa/ dhimma wayiitti nama geessu dhabamsiisuu" kan jedhuu fi "of-eeggannoo qabaachuu" kan jedhu jala galfameeti ta'a.

Hundee lamaan armaan olii kanaaf hubannoo sirrii hin ta'in hubatanii, Keessattuu warra badii fi abbaa irrummaa akkaa dhimma isaanii ta'utti qayyabatani hojii irra oolfatanii, dirree hundeen tun gosa barnoota fiqhii keessatti qabdu keessaa baasanii, ga'ee isaa kan baay'ee daangeffamaa fi bifa addaa qofaan itti fayyadamamuu qabu irraa gar-malee bal'isanii, gara seera xiinxala of danda'aa haala jireenya dhala namaa hunda oofuutti hubatan. Hundee kanatti dhimma bayuun tokkoo tokkoo haala jireenya ilma namaa hundaan walitti hidhuun, gara sagantaa abbaa irree fi jala deemtota isaa faarsuu fi isaan

qulqulleessuutti geedaran. Warroonni abbaa irreefijala-deemtonni isaanii ummata akka ilma daa’ima hin bilchaatinii yookiin daa’ima yatiima abba hin qabnee, kan waan isaaf toluu fi isa miidhu hin beekneetti ilaaluu aadaa godhatan.

Kanaafuu ummataaf nama hogganaa gaarii dhimma isaanii hoogganu fikan jireenya isaanii gara bareedatti geedaruuf argamsiisuun dirqama. Jallattoonii fi abbootiin irree itti gaafatamummaa kana ittiin dhaabachuuf fi dhaamsaa fi aantummaa kanaan dhaabbachuuf yeroma tokkos taanaan of-haa kennan! Wahyiin ummanni Islaamaa kun badii irraa tikfamaa ta’uu isaatii fi jallinaa fi badii dalaguu irratti kan walitti hin qabamne ta’uu nuuf ibsee jira⁴. Ummanni kun yoma kan dogongoru ta’es, dogongora akka warra jallattootaa fi abbotii irree sana hin dogongoran. Akkuma ifatti ibsametti ummata irraa duroomuu yaaduun, fedhii fi hawwii isaanii wallaaluun, isaan gorsuu dhabuun yookiin isaan waliin marii dhiisuun balbala guddaa jallinnii fi abbaan irrummaa gara namaatti ittiin seentuudha.

Rabbiin akkanajedhe:

كَلَّا إِنَّ الْإِنْسَانَ لِرَبِّهِ لَكَنَّاظٍ ﴿٦﴾ أَنْ رَمَاهُ مُسْتَقَرًّا ﴿٧﴾ سورة العلق آية (6-7)

“Dhagayaa! ilmi namaa duroomuu isaa agarraan ni jallata”(Al-Baqara: 6-7).

Osoo akkuma gadaa ergamaa Rabii (SAW) fi akka yeroo bakka buutotaa isaani isan bilisummaan yaadaa fi yaada ofii bilisaan ibsachuu kun bu’uura jabaa hundeen isaa lafa keessa

⁴ - jecha nabi Muhaammd (S A W) kan “Ummanni kiyya jallinna ykn badii irratti walitti hin qabamtu” jedhutti akeekuudhaafi. Hadiisni kun karaa hedduun gabaafamee jira, kitaaba “almahasuul min ilmii usuul al-fiqh” jedhamu keessatti, kutaa 4^{ffaa}, fula 79-89.

tare ta'ee Musliimtoota keessatti hafee, silaa har'aan tana ummanni Muslimaa kun akkanatti yeroo irraa yerotti injifatamuu fi tuffatamuun itti wal hin geettu turte.

Irra hedduun firii (bu'aa) yaalii haaromsa ummata kana keessatti godhamee sababa dhukkuboota garaa garaatiin osoo hin milkaayin hafee jira. Rakkinoota tattaaffii dammaqina ummata kanaa gufachiisan keessaa rakkina ilaalchaa, aadaan beekumsa irratti hundaa'e dhabamuu, abbaa irrumaa siyaasaa fi gaaga'ama hubannoo dhabuuti. Dhimmi yaada bilchina qabu fi sirrii ta'e dhabuu, ennaa argame immoo karaalee fi tooftaalee hundafayyadamuun faffaca'iinsa isaa gufachiisuun; sababoota ciccimoo, dogoggoraa fi sababa duubatti deebi'uu keessaa isa tokkoo fi kan bakka addaa qabatudha.

Ilaalcha gadi fageenyaan waa xiinxalluu dhabuun immoo-akkamitti bilchinni yaadaa kun ummata qabeenyi isaanii hundi sammuu isaanii haguuguu fi isaaniitti qoosuuf itti fayyadamamu keessatti dhalata? Ummata abbaan irree qabeenya isaaniitti dhimma bayuun sammuu isaanii dhiphsee, waa'ee mataa isaanii tuffachiisee, qoma isaanii dhiphisee, ilaalcha isaaniitti qoosee, jiruuf jireenya isaanii hadheessee, maxxantummaa fi jala deemtummaaf isaan saaxile kana keessatti yaada bilchaate argachuun dhibaadha.

Doorsisuu fi mirga namaa sarbuun kuni qaama mootummaa qofa irratti hin gabaabbanne, paartiilee siyaasaa, dhaabbatoota gara garaa, gamtaadhanii fi waldaaleen silaa ummata kana gargaaranii rakkina keessa baasuu, gadadoo jireenyaa, dhiphinna keessaa baasuu fi ilmaan ummata kanaa haala bareedaan haa kuunuunsaniif dhaabbatan; hedduun isaanii

kaayyoo dhugaa kana gadi dhiisanii ergama biraa ba'achaa jiru. Dhaadannoo fi faajjii kijibaa fayyadamuun ummata gowwoomsaa turan. Dhaadannoon isaanii dhokataan 'hojii irra oolchii sana booda itti mari'achiisi kan jedhu ta'e.

Jaarmayaalee fi waldaaleen Islaamaas ilaalcha bilisaan yaada ofii ibsachuu kana dhiphisiisuu, yaada nama sanii fudhachuu diduu, yaada isaa san guutumatti balleesuu fi yoo barbaachisaa ta'ee argame nama san dhaabbaticha keessaa baasuu fi kitaabota isaa jidduu garee haqa irra jirtuu fi haqaaf tumsituutti akka hin babal'annee fi akka hin raabsamne daangessuu irratti hojjatan. Dhaabbileen Kunis dhiibbaa kana yeroo godhan waan adda addaa sababeeffachuudhaani. San keessaa: Amiira/ogganaa waadaa galameef ajajamuu kan jedhu yookii hoogganaan waldaa/garee sanaa sababa gocha nama kanaatiin akka hin jeeqamne kan jedhu fa'a sababeeffatu.

Jarri kun hunda waan dhaala/ hambaaf fiqhii kan yeroo mootii dirqii/ abbaa irree dhalate hunda harka hoogganaa sochii yookiin jaarmayaatti galchuun, akka tooftaalee seera qabeessaatti hambaalee durii kanatti dhimma ba'ee, mariin jidduu gareelee hawaasaa kamittuu akka hin gaggeeffamne dhoorguu, yaadaa fi mirga yaada bilisaan ibsachuu gufachiisuun akka bulchaan (Amiirri) hawaasa sanii yookiin hoogganaan garesanii abbootii irree isaan dura turte bakka bu'ee bulchuuf ga'umsa qabaatuuf karaa isaaf saaqu. Dhaadannoon isaanii kan yeroo kana kijibaan gaggeessan immoo murtii Rabbii ol taassisuufi jedhu.

Amalli akkanaa kun maatii keenya keessattis gar-malee diriiree jira. Abbaan manaa gooftaa mana san keessatti jechi fi

sagaleen isaa qofti dhagahamuu qabdu ta'ee jira. Namni tokko afaan baafatee yaada kamiyyuu kennuu hin danda'u. Garuu kan beekkamuu qabu abbaan manaa ka Muslimaa tokko, yeroo har'aa kanatti sadarkaan itti gaafatamummaa isaa hoogganaa suuqii tokkoo yookiin hoteelotaa bira hin dabru. Yeroon inni haadha manaa isaatii fi ilmaan isaatiif kennu baay'ee xiqqaatee jira. Isaan waliin taa'ee taphachiisee abbummaa ofii fi aantummaa isaaniif qabu agarsiisuun dadhabaa dhufee jira.

Bifa kanaan abbaan irrummaa sadarkaa maatii irraa hanga hooggansa guutuu biyyaatti babal'atee, yaada isaa malee kan nama biraa bakka dhabee jira. Inumayyuu mirgi yaada kennachuu kun hiddaan buqqifamee, yaanni kamiyyuu jidduu hawaasaatti akka hin burqisiifamne ukkaamsaan itti fufaa dhufuun, ummanni Muslimaa kun hanga sadarkaan waa yaaduu isaa dadhabee wallaalaa ta'ee, amala bobbaa horii kan ganama namni baasee galgala galchu horatee, onneen keessati du'uun gabra ta'ee akka hafu godhee jira.

Akkamitti cunqursaan abbaa irrummaa kun ummata kana sadarkaa kanaan isaan gahe? Ummanni har'a akkanatti kufee mirgi yaada isaanii bilisaan ibsachuu irraa saaqame kun, kan ummanni asiin duraa keessattuu warri usuul al-fiqhii yaada/ilaalcha⁵ kennachuu kana hayyamuu irraa kan ka'e, akka ragaa shari'aa tokkotti fudhataa turan. Wanti ilaalchi/yaanni namaa karaa sharii'aa keessatti fudhatama qabuun irratti walii galame, seera ilmi namaa Rabbiin ittiin gabbaru ta'ee argama.

⁵ - Ibsa kana bal'inaan argachuuf kitaabota "usuulaa" kamiyyuu, dheeraas ta'ee gabaaba itti deebi'anii laaluun ni danda'ama

Garuu ilaalcha/ yaada ofii ibsachuun kunwarraoota booda irra dhufan biratti akka bid'aatti (waan amantii keessa hin jirre haaraya uumuutti) ilaallamuu, akka waan yakkaatti fudhatamuu, sunnaa keessaa ba'uu, karaa dhugaa irraa maquu fi akka waan ummata irraa adda ba'uutti fudhatamaa ture.

Inumayyuu garee muraasa biratti, ilma namaa kana ilaalcha akkasii irraa qulqulleessuu fi eeguu qabna, mirga yaadaa wanni jedhu kun jallina waan ta'eef namoota irraa fageessuu qabna, akka balballi dharaa fi balaa ummatatti hin banamne dursinee karaa kana cufuu qabna jechuun yaamicha waliif dabarsuu fa'atu jira. Sababoota kanaaf waa yaaduun (xiinxalluun) hafe. Yaada dhiyeessuu irraa of qusachuun, gareen yaadaan bilchina hin qabnee, kan dandeettiin xiinxaluu isaa dadhabaa dhufee bakkuma san taa'u akka ummata keessa faca'ee jiraatuuf wabii bareeda ta'eef. Sila balbalti badii fi dharaakan kana caalu kamtu ummata kanatti banama jedhamee eeggama laata?!

Badiin hundi isaatuu – Rabbiin irraa nama haa tiksuu-jiruu ilma namaa hunda keessa gama ulaawwan seeraatiin seentee jirti. Garuu ulaawwan banaman kana hunda keessa mirgi yaaduu fi yaada ofii bilisaan ibsachuu kuni hin jiru. Eenyutuitti gaafatamummaa badii tanaa fudhata? Gabaabumatti: dadhabinaa fi dhabama yaada bilisaan ibsachuu kanaaf sababni guddaan: abbootii irree, beektonni dadhabuu fi ilmaan waa wallaalaa dhufuudha.

Cunqursaan abbootiin irree nama irratti dalaganfaanti isaa beekkamaadha. Keeyyatoonni Qur'aanaa fi Hadiisni nabiiyyii of eeggannoo nuuf ibsanii jiru. Suuraaleen Qur'aanaa hedduun yeroo qarattu (dubbiftu) kan isiin akka qabxii of

eeggannaatti nuuf kaafu cunqursaa abbaa irree fi roorristoonni qaroomina jiru balleessuu, ummata duubatti deebisuu fi uumama/hawaa kana guutuu balleessuuf sababa guddaa ta'uu isaaniiti. Sunnaan ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu), abbaa irrummaa fi roorristoota irraa of eeguu, isaan of irraa deebisuun dirqama ta'uu fi sababa argamiinsa isaa kana hambisuuf tooftaalee fi humna kamiyyuu fayyadamuu akka dandeenyu bal'inaan nuuf ibsee jira.

Nabi Muhammad (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) waahillan isaaniitii (Rabbin jara irraa haa jaalatuu) karaa ittiin ilaalcha sammuu isaanii guddisaniif fi tooftaalee yaada ofii ittiin ibsatan isaan barsiisuu keessatti fakkii ta'anii argamaniif. Wanti nabi Muhammad (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) irraa odeeffamme hunduu marii isaan sahaabaa isaanii waliin taasisanii fi kaka'uumsi isaan akka sahaabonni bakka isaan jiraniif fi hin jirrettis yaada burqisiisuu fi shaakallii carraaqii yaadaa godhuu keessatti isaan kakaasaa turan kun ragaa isaan bilisummaa yaada ibsachuutiif qaban mul'isuudha.

Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)dachii kana irratti irra caalaa namasammuun isaa guutuuti, irra caalaa nama lubbuun/onneen isaa qulqulluu fi mul'anni isaa ifa gala ta'eeti. Kana ta'uu waliinuu, dhimma guddaa fi xiqqaa keessattillee namaan mari'achuu dhiisanii hin beekan, yaada namni akka mariitti isaaniif dhiyeesses bira kutanii hin beekan. Isaan nama Rabbiin mucuca, cubbuu fi dogongora adda addaa irraa tiikse ta'uu waliin, nama Rabbiin wahyii irratti buuse ta'uu waliin, garuu guyyama tokkos marii dhiisanii hin beekan.

Ergamaan Rabbii, waahillan isaanii (Sahaabota isaanii) ni mari'achiisu, akka isaan yaada isaanii dhiheessan kakaasu, yaada dhiyeessan kana irratti akka Rabbiin biraa mindaa argatanis waadaa isaaniif galu, dhimma jireenya duniyaatiin walqabate irratti immoo isintu dhimma jireenya keessanii sirritti beeka, jiruu keessan akka isinii tolutti ooffadhaa jedhuun. Wahyii/ ergaa Rabbiin biraa dhufte hojiin lafa irratti mul'isuu keessatti, sahaabota mari'achiisanii yeroo garii marii isaanii ni fudhatu. Dhimma wahyiin keessatti hin dhufin irratti immoo yeroo hundaa marii waahillanisaanii fudhatu. Osoo namni marii irraa ka duroomu ta'ee, yookaan kan hin fudhanne taatee, sila ergamaa Rabbiitu (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) marii gaggeessuu kana irraa durooma. Maaliif yoo jenne, isaan dogongora yaada ofii qofa hojii irra oolchuuf yaalii godhuu irraa Rabbiin isaan tiiksa. Rabbiin- guddatee olta'ee – marii gaggeessuu kana cimsee nuuf hime, ittis nu ajajee dirqama ta'uu isiis nuuf ibse, ergamaa isaa immoo marii tuffachuu fi bira kutuu irraa isaan tiksee jira.

Lola Uhudiif Madiinaa ba'anii, sababbii bakka ergamaan Rabbii irraa hin socho'inaa jedhan gadi dhiisuutiif marsaa lammaffaa injifataman. Sana booda wal-mariin dadhabaa dhufinnaa moo waan mari'ateme irra namni gadi dhaabbataa hin jiru kan jedhu irratti sodaan argamee jennaan, keeYYanni Qur'aanaa tan barbaachisummaa wal-marii ibsиту buute. KeeYYata san keessatti dirqama ta'uu waliin marii fi ergamaan Rabbiis waan mariin booda jiru kutannaan akka itti deemuu qaban ibsa.

وَشَاوِرْهُمْ فِي الْأَمْرِ فَإِذَا عَزَمْتَ فَتَوَكَّلْ عَلَى اللَّهِ ﴿١٥٩﴾ سورة آل عمران آية : 159

“Dhimma argame irratti isaaniin mari’adhu, (waliin marii kanaan booda) ennaa murteeffatte Rabbii keetitti hirkadhu” (Aala Imraan: 159).

Gocha tokko raawwachuuf kutannaan/murannaan kan dhufuu qabu waliin marii booda. Jalqaba maaritu dursa, sana booda murannaan raawwii sanitti seenama. Yoo ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) marii gaggeessutti ajajaman, namni biraa sanii olitti marii dirqama gaggeessuu qaba. Ilaalchaa fi yaada jiru bilisaan ibsachuu fi odeeffannoo wal jijjiiruun hundee wal-mariin irratti dhaabbatte keessaa isa tokkoodha. Akkuma warri usuulaa jedhu “Wanti dirqamni tokko isaan malee guutamuun hin danda’amne, kan namni sun dirqama san bayachuu danda’u taanaan,wanta san hojjatuun dirqama”.

Kana waliinuu, seenaa asiin dura dabre irraa akka hubannutti; ummanni jallattoonni nama cunqursan ummata keessatti gar-malee heddummatanii, ummata keessa faffaca’anii wal-horarii, amntiifi duniyaa ummataa jalaa balleessaa akka turaniidha.Kan kana irratti isaan jabeesse garee ulamootaa kanneen beekumsa sodaa Rabiititti isaan geessu hin baratini, kan jidduu isaaniitii fi jidduu roorristootaa girtoon hin jirre, kan nama miidhuu itti babbareechisan. Gareen beektota fakkeessitoonni kunniin abbaa irreetii fi roorristootaaf karaa saaqanii akka isaan aangoo irra bulaniif haala mijeessanniif. Gareen kun Muftiin hoogganama. Muftiin isaanii gariin waliin mariin barbaachisaadha jechuufi malee akka dirqamaatti hin dubbatamne jedha. Gariin immoo waan ergamaan Rabbii

(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Abuu Bakrii fi Umariin waliin marii gaggeessaniif, waliin mariif namni lama qofti ni ga'a jedhu. Gariin isaanii namni sadi gahaadha jedha. Gareen afraffaan immoo namni kudha lamaa ni ga'a, namoota kanniin Imaama/hoogganaa biyya saniittu ofumaa filata jedhu. Gareen dhumaa kun ragaan isaan dhiyeeffatan jecha Rabbii ol'aaneeti:

أَتَى عَشْرَ نَقِيبًا ﴿١٢﴾ سورة المائدة آية (12)

“Qondaalota/Beektota kudha lama isaan keessaa ergine”(Al-Maa'ida: 12).

Gareen biraa immoo seera ummata nu dura dabraniitti fayyadamna jedha. Isaan hafan immoo, baay'inni namoota waliin mariif hirmaachuu qabani, baay'ina namoota ergamaa Rabbii tumsuuf waadaa isaanii galanii (Beeya'atu Al-aqaba Assugraa) caaluu hin qabu jedhu.

Ka'umsa balaa dhuftu deebisuu' ykn balaa wal qoodinsaa hambisuu jedhu bu'uura godhatanii, seera qabeessummaan abbaa injifaannoo humnaatiin aangoo qabateef kennamee, hooggantummaan abbaa irrummaa fi roorrisaas karaa godhamee aadaa fokkisaa yeroo dheeraaf ummata kana rakkisaa turanta'ee hafee jira. Kuni immoo ummanni Muslimaa kun fonqolcha aangoo gama abbootii waraanaatii fi poolisootaatiin dhufe hunda tole jedhanii akka fudhataniif isaan qopheessee jira.

Gochoota kanas kan mormu hin jiru. Beektota Islaamaa muraasa malee, isaanumtuu sagalee isaanii gadi qabatani bifa hin dhagayamne wayiitiin mormu. Ummanni keenya yeroo maraa sababa wayitti nama geessu dhabamsiisuu fi of eeggannoof kan jedhu jalatti labsii hatattamaatiin doorsifamanii jiraataa turan, ammas jiraataa jiru. Kufiinsa sirna bulchiinsa

Kilaafaa irraa kaasee hanga yeroo ammaatti sirni siyaasaa isaanii hojiin ala ta'e hafe. Abbootiin irree isaan boodaan dhufan immoo amantii Islaamaa keessaa wanni isaan dhimma itti bayan yoo jiraate sirna murtii kennuuti. Sirnuma murtii kanayyuu kan itti fayyadaman wabii barbaachistoota bu'uuraa muraasa kan siyaasaa isaanii irratti dhiibbaa hin finne ummataaf eeguuf jedhameeti. Sirni abbaa irrumaa kan human qofatti amanu kun, osoo ulamoonni isaaf dahoo ta'anii akka inni hin kufne eegu baatanii silaa har'a hin ga'u ture.

Jallattoonni fi abbootiin irree kunis, sirna haqaa fi murtii kana yeroo barbaadan gara tooftaalee ittiin nama galaafatniitti jijjiirachuun, namoota isaan morman amantii keessaa ba'e, badiin lafa balleesse fa'a jedhanii dharaan lubbuu isaanii du'aaf saaxilaa turan. Mormitoota siyaasaa isaanii hedduu seera faallessan, amantii fi mootii irratti hiriira ba'an jechuun akka mormitoonni kun kabajaa fi jaalala ummanni isaaniif qabu dhabaniif jecha dharaan dubbii itti maxxansan.

Beektonni Islaamaa gariin, tokkummaa ummataa eegu qabna sababa jedhuun, sirna abbaa irrummaa kana mormuu irraa dhoorganis, garuu miidhaan, cunqursaa fi doorsisni abbootiin irree bara durii irraa kaasanii hanga ammaatti ummata miidhaa jiran, sagalee ummataa baraaxesse, tokkummaa isaanii diigee, gareelee ofii walnyaattutti jijjiiree jira. Tooftaalee kanaa fi kkftti dhimma ba'uun, sirna abbaa irrummaa isaa, cunqursaa fi miidhaa namaa itti fufsiisuun, mirga yaada ofii ibsachuu nama irraa mulquun, bu'uraalee fi safuu ummataa hundeen buqqisuu danda'ee jira.

Rakkinoota amma ummanni Islaamaa keessa jiru kanaaf, itti gaafatamaan sadaffaan, ilmaan ummata kanaa rakkinoota

kana wallaaluu, yookii rakkinootuma kanaafuu bakkee kennuu dhabuu, yookii beekaatumu wallaaluu isaanii kana fudhatanii deeggarsummaa beektonni, xiinxaltoonni fi barreessitoonni abbaa irrummaatiif qabaniif karaa saaquu isaaniiti. Rog-sadeen kabaja hin qabne kun (cunqursaa abbaa irree, dadhabina ulamootaa fi wallaalli ilmaan ammaa) farra guddinna ummataati.

Cunqursaan, abbaan irree kan Fir’oowna jedhamu ummata isaatiin akkana jedhe:

أَنَا رَبُّكُمْ الْأَعْلَى ﴿٢٤﴾ سورة النازعات آية (24)

“AniRabbi keessan ol-aanaadha” (Al-Naazi’aat:24).

Fir’oon eega ummanni isaa rafee ceem’aa keessa jiraachuu isaanii arge malee jecha kana hin fayyadamne. Cunqursitoonni wanta isaan barbaadan keessaa tokko, ummanni harka kennatee yoo abdii kutatee, tole jedhee homa inni itti ajaje qofa jala masakameedha. Cunqursaa jechuun homaa jechuu miti. Inni nama tokko qofa kophaa isaatti aangoo fi humna wayiituu hin qabu.. Garuu kan isaaf haala mijeessee ummata irratti ol baase, ummatoota harka kennatanii hirriba walakkaa jiran kanniini, kan daguu kanaan mataa isaanii gadi qabatanii, duugda isaanii gadi cabsanii, abbaa irreetiif akka inni isaan yaabbatee gara fedhe imaluuf haala mijeesaan. Akkana godhuun isaanii kabajaa fi namummaa ofiis isaan dhabsiise.

Hedduun ummataa wanti kana godhuuf, gariin isaanii ni dagaman, gariin isaanii immoo sodaataniiti. Sodaa kana Kan fide immoomamii/sihiitii qofa. Cunqursaan kun nama tokkicha, haguma fedhe osoo humna qabaatee, namoota kumaatamaa fi miliyoonaan laakka’aman caalaa humna hin qabu. Garuu namoonni kumaatanni kunniin isa injifachuuf namummaa,

kabajaa fi bilisummaan uumamaan qaban isaanitti dhagayamuu qaba.

Tokkoon tokkoo nama dhuunfaadhaa gama humnaatiin abbaa irreetiin wal-qixa. Garuu namichi roorrisaan kun waan isaan fayyadu yookiin waan isaan miidhu harkaa qaba jedhee isaan gowwoomsa. Namni tokko yookiin gareen tokko ummata kabajaa ofii fi namummaa ofii kabachiifatu keessatti, ummata Rabbii ofii beekke itti amanu keessatti, ummata Rabbiin malee namni biraa kan matama ofiitiifuu miidhaa fi bu'aa ofii fiduu hin dandeenye gabbaramuu hin qabdu jedhu keessatti gowwoomuu hin qabdu.

Garuu roorrisonni ummata isaanii kana karaa isaan sodaachisuutiin yookiin waa isinii goona jechuutiin akka isaan hordofan gowwoomsan. Humna isaa sodaf tole jedhanii jalatti bulan. Cunqursitoonni jalqaba irratti ummata tooftaalee waa beekuu fi baruu irraa fageessu, dhugaa jiru irraa dhooyanii akka inni dagatu godhu, sana booda lubbuu isaanii keessatti waan fedhan isaan keessatti uumu. Yeroon booda lubbuun isaanii taatee isaan keessatti uuman kana fudhataa dhufuudhaan harka kennatu. Yeroo kana abbaan irree ummata kana akka fedhetti gowwoomsee, isaan of duubaan hiriirsisee, bitaa fi mirgatti gara fedhe isaan masakuu danda'a.

Osoo ummanni Rabbii ofii wallaalu baatanii, karaa Rabbi irratti gadi dhaabatanii, madaala imaanaa irraa fagaachuu baatani, Qur'aana Rabbii fi ragaa dhugaa irratti hundaa'e kan ifa gala ta'een osoo masakamanii abbaan irree kun miidhaa fi cunqursaa kana mara ummata kana irratti raawwatu hin dandayu ture.

Garuu ummata mu'umintootaa kan sodaa Rabbii qaban, kan dhugumaan Rabbii tokkichatti amanaman isaan itti taphachuu

fi gowwoomsuun hin dandayamu. Kanaan wal-qabsiisee Qura'aanni kabajamaan sabaabaa ummanni fir'awna jala deemaniif akkanatti nuuf hima:

فَأَسْخَفَ قَوْمَهُ، فَأَطَاعُوهُ إِنَّهُمْ كَانُوا قَوْمًا فَاسِقِينَ ﴿٥٤﴾ سورة الزخرف آية (54)

“Ummata isaa tuffatee (gowwoomsee) jennaan, isaan isa tole jedhanii jala deeman, isaan (ummanni sun) tuuta karaa Rabbi irraa bayan ta’anii jiru”(Zukhruf: 54).⁶

Osoo beektonni, bareessitoonni, xiinxaltoonni fi guddistoonni hawaasaa, dirqama isaan irraa eegamu bayanii, karaa bareeda irratti nama leenjisanii, badiin babal’atuu dura dhaabbatanii, sodaa Rabbii ummata keessatti faffacaasanii, silaa abbootiin irree kun ummata kana akkanatti tuffatanii, isaan cunqursanii, sammuu isaaniitti taphatanii, baditti isaan hin harkisan ture.

Osoo beektonni ummataa (beektota fuqahaa’aa qofa jechuu kiyyaa miti,hunda warra beekumsa kallattii adda addaa qabanii,jalqaba irratti beektota amantii Islaamaa), gahee isaan irraa eegamu beekanii, badii ilaalchaan dhufu, kan amantiin dhufu, kan adeemsa namaatin dhufu, kan amala irraa dhufu, kan waliin jireenya irraa dhufu hunda dura dhaabbatanii, silaa rakkinni kuni marti ni argamaa? Silaa ummanni kun akkanatti harka kennatee abbaan irree qolamata isaanii harkatti galfatee itti ni taphataa? Gonkumaa kuni hin ta’u ture.

Osoo beektonni ummata isaanii akka abbaan irree kun nama Rabbummaa himatu ta’uu isaa himaniifii, abbaan irree cunqursa nama irratti dalagu kun arraba isaatiin ykn dalagaa

⁶ - Hiikkaa suura zukruf, kitaaba “Zilaalu Al-Quraa’aan), Sayyid Quxb keessa ilaai.

isaatiin akka Rabbiin gaditti waan biraa gabbaruu isa godhatan barbaaduu isaa osoo himaniifii, silaamiidhaa fi cunqursaan hagana gayu kun ummata kana irra hin gayu tureeyyu.

Beektonni kunniin nama zaalima(cunqursanama irratti dalaguu) irraa cal'isuun, ykn hojii abbaa irrummaa inni shaakalu kana jaalachuun, ykn wal-mariidhiisuun; shirkii(Rabbitti waa yagutoomsuu) fi towhiida/tokkochummaa Rabbii dhabamsiisutti nama geessa, osoo namni sun haguma fedhe soomee, salaatee, Muslima ofiin jedhee himatellee, jedhanii ummata barsiisuu qabu. Silaa kana godhanii dirqama ofii bayanii ummanni akkanatti gowwoomsamee, sirna abbaa irrummaa kana jaalatee jalatti hin bulu ture.

Beektonni ummataa,bareessitoonni, xiinxaltoonni, warroonni yaamicha amantii fi gorsa namaaf godhan kun akkuma akkaataa itti qulqulleeffatanii fi akkaataa salaataa nama barsiisanitti, ergamaa Rabbii sayyida keenya jettanii hin moggaasinaa akkuma jedhanitti, yeroo maqaan isaanii dhayamu dhaabbachuun jibbisiisaadha akkuma jedhanitti, osoo ummata kana mirgaa fi dirqama isaanii fi bakka toltuufi badiin ittiin nama seentu barsiisanii waan bareeda ture. Silaa akkaataan jiruu fi jireenya ummata kanaa geedaramee, sadarkaan isaaniis ulfuudhamee mataa ol qabatanii jiraatu tureeyyu.

Nama mallattoo Rabbii hin kabajne kabajuu fi ulfeessuun, isaaf harka rukutuun, isaaf tajaajila adda addaa kennuun dhoorgaa ta'uu barsiisuu qabu. Nama miidhuun immoo dukkana guyyaa qiyaamaa namatti taati,sodaa Rabbi irraa nama baafiti, namni sodaa Rabbi irraa baye badii keessa seena, Rabbitti waa dabala. Rabbitti waadabaluun immoo zulmii/ miidhaa guddaadha. Beektonni ummata isaanii wanti barsiisuu

qaban; moototni tajaajiltoota ummataati, hojjattoota isaaniiti, ummatatu isaan kireeffate, yoo tajaajila isaan irraa eegamu bayuu dadhaban yookiin didan, nama biraatiin bakka buufamuu qaban itti himuudha.

Aangoo qabaatanii nama hoogganuun, dirqamummaadha malee ulfinna akka hin taane,siyaasaan jiruu ummataa fi dhimmoota isaanii kamiifuu haala mijeessuufi isaan tajaajiluufi malee ittiin boonuuf akka hin taane beektonni ummata ofii barsiisuu qaban. Akkasumas toltutti nama ajajanii hamtuu irraa nama seeruun dirqama seerri Islaamaa nama hunda irra kaaye ta'uu, namni tokko mirga gaaritti nama ajajuu fi badii irraa nama seeruu kana dhiisuu kan hin dandeenyee fi mirga kana hojiin hin mul'isu jechuu kan hin dandeenye ta'uu isaa barsiisuu qabu.

Akkasumas dirqamoota beektota irraa eegamu keessaa, qabeenya ummataa balleessuu fi qisaasessuun yakka ta'uu, qabeenya ummataa diina isaaniitiif kennuun yakka ta'uu, nama tokko badiin ala mana hidhaatti doorsisuun yakka ta'uu, dhimma ummataa kamiyyuu irratti akka namni mirga yaada isaa ibsachuu irraa dhoorguun yakka ta'uu fi qaamman bulchiinsaa/qaama mootummaa kamiyyuu bilisummaa fi kabaja lammummaa nama irraa saamuun yakka ta'uu barsiisuu qabu.

Osoo ummata kana keessa yakkooota fi cubbuuwwan hawaasaa fi qaamman mootummaatiin raawwataman kana hunda namni wal-qixxummaan kiiloo irra kaayee, kuni yakka/cubbuu guddaadha, kuni xiqqaadha jedhee namaa himu jiraatee, silaa mootummaan nama cunqursuun yakka baayyee guddaa, ummata waliin wal-marii adeemsisuu dhiisuun isaa cubbuu guddaa, hawaasni yakkooota mootummaan dalage kana

irraa callisanii afaan qabachuun yakka guddaa, yakka mootummaan dalage jaalachuun cubbuu guddaa, akka namni yaada ofii bilisaan hin ibsanne dhoowwuun cubbuu guddaa, waan namni dalagu dhokatanii hordofuu, dogongora namaa qofa funaanuun, guura ta’anii nama irratti dalaguun fi kanneen kana fakkaatan hunduu yakkoota/cubbuuwwaan gurguddoo Rabbiin irratti nama gaafachiisu jalatti ramadama.

Qabeenya ummataa bifa mindaatiinis ta’ee bifa durgootiin qaamman basaasa ta’anii ummata irratti dalaganiif kaffaluun qisaasessuu ta’a.Kaffaltiin deeggartoonni cunqursitootaa abbootii irree nama cunqursiisuu isaa gargaaruuf fudhatan hannaan, dhalaa fi mindaa dubartiin sagaagaluummaa hojjattee argattuun addaan hin jiru. Osoo qaamni yookiin namni sadarkaa badii cunqursitoonni dalagan kana soda malee ibsee, isaan fuuldura dhaabbatee dhugaa jirtu itti himu jiraatee, silaa namoonni nama miidhanii fi kanneen isaan deeggaranis haga tokko dalagaa nama miidhuu san irraa of qusatu, gargaartoonni cunqursitootaa kunis gocha kana raawwachuu irraa duubatti deebi’u.

Yeroo ammaa kana haala Muslimoonni ammaa itti jiran yoo ilaallu,mirga bilisummaa yaadaa dhabuun sababoota ijoo ummata kana duubatti deebisan keessa isa tokko. Kitaabni *‘Xabaa’i’u Al-Istibdaad Wa Masaari’u Al-Isti’ibdaad’ [amaloota abbaa irree fi wal’aansoo gabroomfatootaa]* jedhamu, kan hayyuun Abdurrahmaan Al-kawaakibiinbara 1901tti barreesse kun hubaatii abbaan irree kallattiilee jireenya hawaasaa hunda duuchuu keessatti qaqqabsiisu beekuuf gayaadha.

Akkasumas kitaabni kun akka mootummaan abbaa irree kun human dadhabina godhee dadhabina immoo jajjabinatti geeddaree ibsu nuuf ibsee jira. Cunqursaan nama qaroomina qabu hin oomishu, kan inni guddisu meeshaa seera siyaasaatiinasiif achi oofan, kan namni lubbuu qofaan addunyaa kana irra akka jiraatu eegu qofa oomishuudha. Asitti wanti hubatamuu qabu, ijaarsa tokko deebisanii ijaaruu fi qaroomina jiru tokko dammaqsuuf, jalqaba irratti wanti barbaachisu faallaa gocha qaroominaatii fi furmaata isaa qorachuudha. Tarii mirgi bilisaan yaada ofii ibsachuu rakkinoota biraa hedduu furuuf, ulaagaa dirqamaa fi isa bu'uuraa jedhamee fudhatamuun isaa ni mala.

Dhimmootaa fi rakkinoota kamiyyuu furuuf mirgi yaada ofii bilisaan ibsachuu, mirgi waa xiinxaluu fi mirgi ilaalcha ofii horachuu yoo hin jiraanne; dhimma kamiifuu sochiin isaa fiixa bayee bu'aa irraa barbaadamu argamsiisee bakka silaa barbaadamu san hin gayu. Kunis kan ta'u, eega girdoo sammuu nama Muslimaa irra jiru mulqinee booda, daangeffama sirna siyaasaa, hawaasummaa, paartiilee, hooggantootaa, fi beektotaa fi irra jiru hunda erga kaafneen booda. Akkasumas qaamman amma tarreessine kanaaf geengoo xiinxalaa bal'isnee haguuggaa tokkoon ala isaaniif karaa saaquu, yaad-rimeewwan kabaja namummaa, ulfinaa fi gaarummaa ilma namaa, bilisoomuu fi bilisa baasuu, waliin marii gaggeessuu, wal-qixxeessuun hanga wanti inni itti amanuu fi wanti ragaa gahaan deegarame qofti sammuu isaa keessatti bocamutti.

Yoo kana guunnee argamne, yeeroo sanitti namni dhuunfaan tokko meeshaa qaamni mootummaa, yookiin paartiin siyaasaa tokko, yookiin meeshaa hordofoonni karaalee adda addaa (Mazhabaa) itti taphatanii gara fedhaniin deeman osoo hin

taane, dhugaa fi dhugummaa jirtu qofaaf masakama. Kuni immoo waan Rabbiin guddaan uumaa waan hundaa ta'e nurraa barbaaduudha.

Qorannoon guyyaa har'aa isiniif gumaachinu kun, dhimma mirga bilisaan yaada ofii ibsachuu jedhu keessatti balbala waliin marii, qorannoo fi qu'annoo banuuf seensa barbaachisaa dha. *Dr. Abdulmajiid Annajjaar* kan jedhamu dhimma waa'ee kanaa kitaaba isaa (*Al-Aqlu wa Assuluuk*) jedhu keessatti dubbatee jira. Akkasumas hayyuun *Dr. Imaaduddiin Kaliil* jedhamu kitaaba isaa (*I'aadatu Tashkiil Al-aqli Al-Muslim*) jedhamu keessatti yaaduma kanaan walitti dhiyaatu dhiyeessee jira. Kitaaba isaa kanas, erga yaada dabalataa itti dabaleen booda, dhaabbanni kun irra deebi'ee maxxansee jira. Innis yaaduma kanaan wal fakkatu qaba.

Qorannoon gabaabaan kun, kan irratti xiyyeeffate ga'ee bilisummaan yaadaa tokkummaa Muslimootaa fiduuf qabu irratti. Qorannoon kun qorannoolee isa biraa kanneen mata duree kanaan walitti dhiyaataniif, akka dhimmi kun Muslimtoota biratti bakka qabaatuu fi Muslimoonni hundi jireenya isaanii kana irratti ergaa kana fiixaan akka bayaniif karaa saaqa. Ga'een keenna akka Muslimtootaatti; ilma namaa tokko nama ta'uu isaa qofaaf bilisa godhuu, namoota nama/gabroota akka isa gabbaruu irraa gara Rabbii gabroota uume qofa gabbaruutti yaamuudha. Akkasumas karaalee seerota fi amantiwwan gara garaa irraa gara karaa walakkeessaatti (amantii Islaamaatti) isaan fiduudha.

Amantiin Islaamaa dhala namaa kana hidhaa yookiin sakaallaa namummaa, kan siyaasaa fi dhaabbilee hunda irraa bilisa godhuun, sadarkaa qabu keessatti, yaada isaa fi ga'ee

taphatuu qabu hunda keessatti akka inni walqixa ta’u godhee jira. Ilmi namaa kuni hunduu gabroota Rabbiiti, uumamni isaa hunduu walqixa, uumamni hunduu Rabbitu bakka isaan buuse. Uumaan hundinuu waan uumamteeftu isiif laafa. Namni kamiyyuu nama biraa irratti ol aantummaa hin qabu, sodaaRabbii qabaachuun, wal gargaaranii hojii tokko irratti biyya misoomsuufi qaroomina jiru guddisuu danda’auu qofa malee.

Obboleessi keenya Dr. Abdul Majiid Najjaariif dalagaa isaan dalagan kanaaf Rabbiin galata isaanii haa debi’uuf. Beektotaa fi xiinxaltoonnikeenya dhimmoota yaada kanaan walqabatan irratti kallattiilee hundaanuu irratti barreessuu akka itti fufan abdii qabna, hanga ilma nmaa hunda biratti sammuu isaa keessatti yaanni kun gadi seenee hidda godhatee, shaakallii yookiin hojii isaa kan guyyaa hundaa ta’utti.Yeroo san Mu’imintoonni tumsa Rabbiin irraa argataniif ni gammadu.

Dhuma irratti faaruun Kan Rabbiiwaa hunda uumeeti.

Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii

Dura bu’aa dhaabbata addunyaa xiinxala Islaamaa
Heerandan - Varjiiniyaa
Rabii’i al-awwal, 1413 H
Fulbaana, 1992 A.L.A

Seensa

Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhanii ummata Muslimaa gorsan: “Hundi keessanuu tikseedhaa waan tiiksitan irraa ni gaafatamtu, imaamni/hoogganaan tikseedhaa waan tiiksu irraa ni gaafatama, namichi tiiksaadhaa waantikse irraa ni gaafatama, dubartiin mana abbaa warraa isiitiif tiiksituudha waan tiiksite irraa ni gaafatami, gabrichi horiigooftaa isaatiif tiiksaadha waan tiyyse irraa ni gaafatama, dhagayaa hundi keessanuu tiikseedha, waan tiysitanirraa ni gaafatamtuu!”⁷.

Hadiisa, kana irraa wanti hubatamu, itti gaafatamummaan tuni kan of keessatti hammattu namni Musliima ta’e tokko dhimma waa’ee yaada dhiyeessuu irratti carraaqii godhuun akka yeroo fi bakkeen sun murteessitutti yaada faaydaa ummataa eegsisu burqisiisuu qabaachuu isaati. Kana jechuun namni Muslimaa tokko yaada mirgaa fi dirqamoota ummataatiif oolu wayii ifa godhuun dirqama ta’uu fudhanna. Akkasumas sababootaa fi tooftalee yaada/ilaalcha sirrii fi bareedaa ta’e qabaachuunis dirqama ta’a. Ragaan isaas seera warra fihii kan ‘wanti dirqamni tokko isaan malee hin raawwanne hunduu dirqama’ jedhutti irkachuudhaani.

Bifa amma dubbanne kanaan yaada dhiyeeffachuun dirqama Muslimoota irra jiru yoo jenne, yeroo dhimmoota waliinii irratti namoonni walitti dhufan, yaada dhiyaatu irratti wal dhabiinsi bal’aan akka uumamu shakkii hin qabu. Haguma fedhe ka’umsi bu’uuraa kan Muslimoonni akka dhagaa

⁷ - Muslimtu kitaaba imaat jedhamu keessatti, Boqonnaa sadarkaa hoogganaa haqa dalaguu jedhu keessatti gabaase, 6/8 (maxxansaan: daara afaaq alhadiisa, Beeyruuti).

bu'uraatti kaayatani irraa ka'an tokko ta'us, gadi bu'iinsaan yeroo dhimmi ilaallamu yaadota dhiyaatan irratti waldhabuun yoomiyyuu waan hin oolle.

Tokkummaa ummata kanaa eeguun dirqama amantaa Islaamaati, akkasumas tokkummaa kana mirkaneessuun dirqama Muslima hunda irra jiru. Qaamman lamaan tokkummaa kana kabachiisan jiddutti dhimmi ulfaataan ni argama. Innis:

1. Dirqama yaada qaban bayachuu; garuu yaanni sun tarii garee garetti qoqqoodamuu fiduun isaa ni mala.
2. Karaa biraatiin immoo dirqama tokkummaa ummataa eeguuti. Kana caalaa kan dhimma kana gar-malee cimsu, sababa amantiin Islaamaa dhimmoota hunda of keessatti hammatuuf jecha; yaanni nama muslimaa tokko dhiyeessu akka yaada amantiitti fudhatamuu isaati. Kanaafuu waldhabiinsi yaada namni Muslimaa tokko dhiyeesse irratti mul'atu hunduu, bifa amanti fudhachuudhaan akka waldhabiinsa amantiitti fudhatamuu isaati.

Seenaa ummata Muslimaa keessatti, yaada kana lamaaniiif furmaata dhiyeessuuf jecha gareen inni jalqabaa miidhamee mul'ata. Tokkummaan amanti fi tokkummaan ummataa akka eeggamuuf jecha, mirga yaada ofii ibsachuu irratti hacuuccaa fi cunqursaan guddaan gaggeeffamee jira.

Hacuuccaan yaada ibsachuu irratti taassifame kunis bakkaa fi dhimmoota yaanni irratti ka'anis too'annaa jala galchee jira. Kuni immoo akka haala yerootti, sadarkaa yeroo garii hacuuccaan sirritti cimuu fi yeroo garii laafu keessa akka dabru godhe. Kana bira dabruudhaan sadarkaa guutumatti mirga yaada ibsachuu nama irraa mulquu fi sadarkaa namoota garii qofaaf mirga yaada ibsachuu kennuu, akkasumas dhimmootaa fi

mata dureelee muraasa qofa irratti yaada kennuu hayyamuu keessa dabree jira.

Gadaa badhaadhina Muslimtoota durii irraa kaase hanga ammaatti hacuuccaa fi doorsisni mirga yaada ibsachuu irratti taassifame kun, mirga kana guututti nama irraa mulquu hin dandeenne. Garuu jidduu gadaa kanaatti wanti baay'inaan faca'ee argame; karaan suufiyyootaa kan xiinxalaa hacuucuu fi abbaan irrummaa siyaasaa kan sagalee isa mormitu hunda hacuucuuun beekamu gar-malee babal'achaa dhufuu isaati.

Faallaa waan Qur'aana Rabbii keessaatti dhufee kan yaada ibsachuu akka sona amantii dhaabbataa hin jijjiiramneetti ilaaluu dalaguun, walabummaan yaada ibsachuu kun namni akka daangaa dabru godhuun tokkummaa ummataa dhabamsiisuu danda'a jedhanii sodaachuun kuni sirrii miti. Kan godhamuu qabu ulaagaalee tokko tokko lafa kaayuun akka namoonni mirga yaada ibsachuu jedhanii bira kutuun tokkummaa ummataa hin laafisne, akka yaanni isaanii sun yaada bilchaataa firii isa irraa eeggamu kennuuf haala mijeessuu ture.

Yaadota armaan gaditti dhiyeessinu irratti, mirgi yaada ofii bayachuu kuni sona Qur'aana keessa jiru malee, akka namoonni sodaatanii, mirga kana sarbanii hojiin ala godhan yaadan san sababa Muslimtoota addaan qooduu akka hin taane ni ibsina. Mirgi yaada ibsachuu kun faallaa waan isaan yaadaniiti. Mirgi kun sababoota jajjaboo tokkummaa fidan keessaa isa irra cimaati. Kana immoo bifoote tokkummaa Muslimootaa keessaa bifa tokko akka fakkeenyaatti fudhachuun ibsa goona. Ibsi tokkichi sunis tokkummaa yaadaa/xiinxalaa isa jedhuudha. Tokkummaan yaadaa kuni utubaa tokkummaa ummata guutuu

fi tokkummaa ummata Muslimaa keessaa isa tokko waan taateef, bal'inaan ibsina. Kanaafuu bilisummaan yaadaa akkamitti mallattoo/ sababoota tokkummaa yaadaa Muslimoota jiddutti uumuu ta'a?

BOQONNAA TOKKOFFAA
Tokkummaa Ilaalacha Muslimootaa
1- Ilaalcha/ Xiinxala

Seensa qorannoo kanaa irratti yaad-rimee ilaalchaa kan tokkummaan ilaalchaa irratti bu'uureffamu ilaalla. kana godhuun gaarii ta'a. Akkuma san yaad-rimee ilaalchaa kana mirga yaadaatiin wal-qabsiisuuf yaalla. Sababaan yaad-rimee yaadaa kana daangessutti nu geesse, jechi kun hiikkaa hedduu bakka bu'uun waggoota hedduuf walitti kuufamee waan itti fayyadamamaa dhufee, yeroo baay'ee osoo hin daangessine itti fayyadamamuun kuni rakkinni hiikkaa walitti makuu waan fideefi.

Hiikaan jecha ilaalcha jedhu kanaaf nuti qorannoo kana keessatti kennuuf deemnu, hiikkaa jecha kanaa kan yeroo ammaa itti fayyadamamaa jirru irraa hanga tokko adda ta'uun isaa ni mala. Nuti garuu asitti kan fayyadamnu Qur'aana, kuusaalee jechootaa, qaroomina Islaamaa isa jalqabaa keessatti gechoota (tarmiilee) irratti walii galame fi tarmii *Ibnu Kalduun* kan inni kitaaba isaa *Muqaddimaa* jedhu keessatti itti fayyadamettis dhimma ni baana.

Kuusa jechaa Afaan Arabaa keessatti akka dhufetti: ilaalcha jechuun waan tokko keessatti ilaalcha yookiin sammuu fayyadamuudha⁸. Kuni kan argisuusu, yaanni/ xiinxalli sochii sammuu ta'uu isaati. Sochiin sammuu kuni bakka biraatti beekumsa wayii argatuuf dhimma wayiitiif itti fayyadamuu jedhamee ibsama. Hiikkaan kun immoo gama akkaataa

⁸ - Ibnu Manzuur –lisaanu Al-Arab fi Feyruuz Abaadii-galmees jechootaa, hundee: xiinxala jedhu ilaali.

ibsuutiini malee (fakkeenyaaf akkaataa sochii sammuu) gama bifaa fi beekumsa sammuu sun hammatee jirtuu kan ibsuu miti.

Qur'aana Rabbii keessatti jechi xiinxala jedhu kuni yeroo hedduu uumama mallattoo tokkochimmaa Rabbiititti qajeelchuun walitti hidhamee dhufe. Akka jecha Rabbi keenyaatti:

كَذَلِكَ يُبَيِّنُ اللَّهُ لَكُمْ الْآيَاتِ لَعَلَّكُمْ تَتَفَكَّرُونَ ﴿١١٩﴾ سورة البقرة آية (219)

“Akka isin xiinxaltaniif jecha mallattoolee keenya bifa kanaan ifa isiniif galchina”(Al-Baqaraa:219)

Ammas Rabbiin keenya akkana jedha:

وَيَتَفَكَّرُونَ فِي خَلْقِ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ رَبَّنَا مَا خَلَقْتَ هَذَا بَطْلًا ﴿١٩١﴾

سورة آل عمران آية (191)

“Akkaataa uumama samiiwwanii fi dachee keessa jiruu xiinxalanii ‘Rabbiin keenya Kan akkasumaan [kaayyoo malee hin uumne]’ jedhu” (Aala Imraan:191).

Kanaafuu xiinxalluu jechuun sammuu ofii mallattoolee Rabbiin uume kana ittiin ilaalanii argamni Rabbii dhugaa ta’uu irra gayuuf itti fayyadamuu jechuudha⁹. Xiinxalaa fi xiinxaluun hiikkaan isaanii tokkuma.

Islaamonni asiin duraa jecha xiinxala jedhu kana bifa akkaataa ibsuu kan sochii sammuu mul’isu, kan waan beekamaa irraa gara waan wallaalamaatti gayuu jedhu kanatti fayyadaman. Hayyoonni akka Ibnu Siinaa (428H du’e),¹⁰ Fakruddiin Arraazii

⁹- Akka fakkenyaatitti: kitaaba Zamakhsharii - Kashaafiin 1/488 laali.

¹⁰ - Ibnu Siinaa: Ishaarataa wa Attanbiihaat keessatti (1/23) akkana jedha: “Xiinxala yeroon jedhu bakka kanatti waan nama hunda biratti walitti qabme (kutannaa fi yaada isaa), kan yeroo ammaa sammuu isaa keessa jiru,

(606H du'e)¹¹ fi Ibnu Kalduun (808Htti du'e)¹² jechoonni fayyadaman addaan haa ta'u malee ibsoonni fi hiikkaan isaan kennan isuma armaan olii kanatti dhiyaata. Hayyuun Sayyid Shariif Al-Jarjaanii jedhamu hiikkaa isaa yoo cuunfee kaayu akkana jedha: "Xiinxalaa jechuun dhimmoota beekamoo ta'an tokko walduraa duuba isaa eeganii kaayuun wantoota hin beekamnetti gayuudha" jedha¹³. Kanaafuu hiika akkaataa ibsu kana irratti hundaa'uun jecha xiinxala jedhu kana qorannoo kana keessatti akka adeemsa sammuu beekumsa dhimma wayiitti gayuuf hordoftu jechuudhaan hiikna.

Bifa kanaan hiikkaan xiinxala Islaamummaa jedhu: adeemsa/karaa Muslimtoonni ittiin waa xiinxalan, yookiin karaa isaan waa ittiin xiinxaluu qaban jechuudha. Hiikkaan yeroo ammaa babal'atee jiru kan xiinxala kana akka sonootaa fi barsiisa amantiin Islaamaa fide ka jedhu yookiin mul'ataa fi yaadota Muslimtoonni dagaagsan jechuu miti.

2- Tokkummaa Xiinxalaa

Xiinxala jechuun akkuma kanaan dura daangessine san adeemsa ilaalcha sammuu kan beekumsa wayiitti nama geessu jechuu yoo ta'e; jidduu garee namootaatti tokkummaan xiinxalaa jiraachuu jechuun immoo gareewwan kunniin ilaalcha

kan dhugoomsee jiru beekkumsaan ta'ee seetedhaan irraa gara wanta sammuu isaa keessa hin jirreetti cee'uu" jechuudha. Ammas madduma san: (2/379) ilaali.

¹¹ - Al-Raazii- Almuhaasii: fuula (68) irratti akkana jedhe: "Xiinxala jechuun waan dhugoomsan seeratti deebisanii dhugoomsa biraatti gayuu jechuudha".

¹² - Ibnu Kalduun, Muqaddimaa, lakk .39

¹³ - Al-Jarjaanii, Atta'ariifaat: 176.

sammuu isaanii keessatti wal-gituu yookiin walitti dhufeenya qabaachuu jechuudha. Ilaalcha kana keessatti miseensota garee sanii kan walitti qabu, amaloota addaa fi bifa yaada sanii kan tookko ta'eedha.

Akkuma miseensonni garee sanii adeemsi xiinxala isaanii walitti dhiyaataa dhufuun, tokkummaan xiinxalaa jidduu isaaniitti cimaa dhufa. Yoo tokkoon tokkoo miseensa garee kanaa adeemsa xiinxala mataa ofii qofa qabatee bobba'e immoo, hidhamni tokkummaa yaadaa jiddutti uumame sun hiikkatee, xiinxalli isaanii faffaca'ee hafa.

Hiika amma hiikne kana irratti hundaa'uun, tokkummaan xiinxalaa/ilaalchaa utubaa bu'uura kan tokkummaa waliigala ummataati. Yaadota bifa yaad-diiddattiin (theory) jiranii fi kan hojjiidhaan mul'ifaman kan jireenya namaa sirreessan yoo ta'u, xiinxalli sun bu'aa yookiin firii adeemsa sammuumun wanta sanitti gayuuf hordofte mul'isuudha. Adeemsi/karaan hordofame kanuma fedhes haa ta'uu, bu'aan yaada san irraa argamu, qajeeluma yookiin jallina ta'a. Isuma kana cimsuufi wanti Qur'aanni kabajamaan keeyyatoota isaa hedduu keessatti irra deddeebi'ee cimsee akka sammuumun uumaa Rabbii kana sirritti xiinxaltee, adeemsa xiinxala isii godhattee, booda xiinxala san irraa ka'uun gara dhugaan/ shakkii tokko malee Rabbii ofii beeku fi ibsoota isaa beekuutti akka geetuufi.

Kanuma irratti hundaa'uudhaan beektonni waa'ee amanti (aqiidaa) wanti isaan irra gayan: adeemsi/karaan xiinxalaa sirriin mamii tokko malee dhugatti nama geessa. Imaamni harama lamaanii *Abu Al-Ma'aalii Al-Juweeynii* (487H du'an) kan jedhamanis yaaduma kana deeggaruun akkana jedhan: "Ilaalchi sirriin osoo gufuun beekumsa balleessitu wayii isa hin tuqin qindaayee yoo fiixa baye, haala ilaalcha san keessa

walitti dhufeenyi yaada sirrii ta'e jiruun beekkumsi ni argama"¹⁴.

Bu'ura kana irratti hundaa'uun tokkummaan xiinxalaa ummata jiddutti argamuun, gara tokkummaa yaadaa fi furmaata jireenya guutuu sirreessuutti nama geessa. Yoo xurreen isaan irra deemani fi adeemsi isaan hordofan gara gara isaan qoode immoo, namni hunduu yaadaa fi dalagaa mataa ofii kan isa kaanii faallessu duuka bobba'a. kuni immoo qoqqoodamaa fi gar-gar bayiinsa guddaa fida.

Tokkummaa xiinxalaa jidduu Muslimootaatti argamsiisuu jechuun, Muslimtoota bu'uuraalee adeemsa gurguddoo irratti walii galchuu jechuudha. Kunis akkaataa sammuu namaa hawaa fi haala jireenyaa kana xiinxaltee hubachuun, gara dhugaa hariiroo hawaa waliin qaban ijaaru fi karaa haala jireenya isaanii ittiin sirreeffatanitti gayuudha. Kuni hunduu kan ta'u barsiisa amanti Islaamaa kan ummata tokko isaan godhe irratti hundaa'uudhaani.

Wanti nuti tokkummaa xiinxalaa kana bu'uuraalee adeemsa gurguddoo irratti walii galuu qofa irratti daangessineef, adeemsa raawwii hojii keessaa tooftaaleen hordofaman haga tokko gara gara ta'uun isaanii, tokkummaa ilaalchaa bocuu irratti miidhaa guddaa waan hin qaqqabsiifneefi. Kanaafuu armaan gadittis bu'uuraalee adeemsa gurguddoo kanneen tokkummaa ilaalchaa/xiinxalaattiif utubaa ta'an qofa irratti xiyyeeffanna.

Akkuma adeemsi xiinxalaa kuni jidduu Muslimtootaatti faffaca'ee, karaalee ilaalcha sammuu isaanii ittiin shaakalan ta'aa dhufuun, tokkummaan xiinxalaa kan tokkummaa ummataa

¹⁴ - Imaamu Al-Harameeyni, Al-Irshaad: 27.

fidus jidduu isaaniitti cimaa dhufa. Dhawaata Muslimtoonni adeemsa kana irratti walddhabanii, namni hundinuu karaa mataa ofii qabataa dhufuun, qoqqoodamni fi gar-gar faca'iinsi jidduu isaaniitti babal'ataa dhufa. Kuni immoo yaadaa fi furmaata haallan jireenyaa mijeessuuf kennaman keessattis walddhabii fidaa deema.

Dhimma kana irratti ragaa ifa bayaa ta'e kan seenaa Muslimtootaatiin walqabate qabna. Ragaan kunis; Inni jalqabaa: tokkummaa jidduu Muslimtootaatti cimaa ture ilaalchisee, yeroo Muslimtoonni amantii kanaaf haaraya turanitti, adeemsa xiinxalaa kan Qur'aanni kabajamaan nuuf ibse jala deemanii, amaloota addaa kan walii galaa irratti, Muslimtoonni yeroo sanii tokkummaa cimaa uumuu danda'anii jiran. Fakkeenyi lammaffaan immoo: qoqqoodamiinsa qaamman alaa xiinxala mataa ofii biyya keessa galchuun, jidduu Muslimtootaa addaan fageessaa turan. Akkuma yeroo durii adeemsi sirna xinxala Girikootaa fi suufiyyootaa ummata irratti qoqqoodamiinsa qaqqabsiisaa ture. Yeroo ammaatti immoo, adeemsa biyyoota dhihaa kan mallaqa jiddu-galeessa godhatee socho'u.

3- Wantoota Tokkummaa Xiinxalaa Fidan

Hawaasa tokkoof tokkummaa xiinxalaa/ilaalchaa fiduuf amaloota bu'uuraa kan sammuu isaani dhimma wayii ittiin qayyabattu tokko godhuu yoo ta'e, yoo xinnaate akka namoonni adeemsa ilaalcha isaani yookiin bu'uura amala adeemsa san keessatti tokko ta'aniif, sababni bu'uuraa kan tokkummaa ilaalchaa fidu kun hoo maali?

Carraaqqii beekumsa tiyooriitii fi beekumsa hojiin agarsiifamuu horachuuf taasifamu keessatti, adeemsi bocama sammuu ilma namaa, qabiyyee yaada nama sanii keessa jiru

irratti hundaa'a. Dhimma hawaa fi dhuma ilma namaa irratti xiinxala namni qabutu, ilaalchaa fi yaada isaa bocee rogatti deebisa. Kanaafuu ummanni hunduu akkuma itti quufiinsa yaada isaanii walddhabaa deemuun, adeemsi waa xiinxaluu isaanii walddhabaa deema. Akka fakkeenyaatti falaasama ummata Giriikootaa kana fudhume:

Ummanni Giriikii durii falaasamni isaanii gooftittii (waaqa dubartii) ni jirti, isiinis wanta qaamaan mul'atuu fi miiraan tuqamu hin dandeenye jedhanii sammuu namaa keessatti bocu. Garuu bocni isaan gooftaa godhanii gabbaran sun dhimma mataa ofiituu oofachuu hin danda'u. Akkasumas falaasamni isaanii kun dhimma waa'ee sammuu fi afuuraan walqabatuuf bakkee guddaa kennuun dhimma qabeenyaa horachuu baay'ee tuffata. Kuni immoo ummata Giriikii san keessatti adeemsa dhimma wayii irraa qulqullaayuufi bocatti amanuu isaan keessatti uume.

Amantiin Islaamaa yeroo dhufetti kan inni irratti bu'uureffame:kan waan hunda uume Rabbii tokkicha,kan qabeenya/wantoota jiruu kana irra jiran kanneen qaama miiraatiin tuqamuun danda'amu hundaa olii fi gadi gargalchu Rabbi, wantoonni qabeenyaan wal-qabatan kun hunduu mallattoolee tokkochummaa Rabbii ifa godhan waan ta'eef; kabajaani malee tuffannaan hin ibsaman.Kuni immoo Muslimoota keessatti adeemsa beekumsa dhugaa lafa irra jirtu irratti hundaa'e horachuu, kan sammuun dhugaa jiru san irraa ka'uun dhugaa jiru beekuu fi dhimma haala jiruuf jireenya

namaa oliif gadi gargalchuuf dhimma itti baatu irratti bu'uureffame isaan keessatti uume.¹⁵

Waldhabiinsi jidduu xiinxalaatti uumamu kunis bu'uurri isaa garaa garummaa jidduu ilaalchatti quufuu fi quufuu dhabuuti. Kanaafuu ilaalchi itti quufame kun xiinxala bocuu keessatti utubaa jalqabaati, keessattuu yoo ilaalchi dhimma amntiitiin kan walqabatu ta'e.

Kanaafuu tokkummaan ummata tokkoo yookiin garee tokkoo kan dhufu, tokkummaa ilaalchaa irraa ka'a. Yoo namoonni kun ilaalchi isaan dhugaa argama, hawaa fi dhuma ilma namaa kanaaf qaban tokko ta'e yookiin walitti dhiyaate, adeemsa ilaalcha isaanii yookiin xiinxalli isaaniis tokko ta'a/walitti dhiyaata. Kanaafuu adeemsummaan beekumsaa kamiyyuu ummata tokko keessati faffaca'ee baay'inaan mul'ata taanaan, ilaalchi ummata sanii tokko ta'uu mul'isa.

Ummanni tokko ilaalcha baay'inaan isa keessa jiru tokko yoo jijjiire, adeemsa ilaalcha/ xiinxalaa haaraya horachuu irrattis tokko ta'aa dhufu. Akkasumas hawaasni sun dhimma falaasamaa fi dhimma amantii isaanii irratti yoo kan gar-gar qoqqoodaman ta'e, adeemsa beekumsa horachuu isaanii keessattis gar-gar faffaca'u. Kunis rakkinoota yeroo ammaa kana ummata Islaamaa hubaa jiraniin walfakkaata. Sababni rakkina kanaas duula aadaa biyyoota dhihaa irraa dhufee biyya balleesseedha. Duulli kunis gama tokkoon mul'ata amantii kan ummata biratti tokko ture qaawwa itti baasee, sababa qaawwa argamee kanaan rakkinoonni ciccimoon amma ummata Islaamaa

¹⁵ - Muhammad Iqbaal : Tajidiid tafkiir addiinii fi Al-Islaam, lakk.146 ilaali.

keessatti arginu kan gar-gara faca'iinsa adeemsa beekumsa horachuu kun isaan keessatti mul'ate.

Yaanni armaan olitti dhiyeessine kun immoo, namoonni muraasni hawaasa bal'aa tokko keessa jiraatan dirqama amantii hawaasa sanii hordofuu qaban jechuu keennaa miti. Kan isaan irraa eeggamu yaada/ garee ilaalchaa irratti hawaasa bal'aan walii galuu qofa. Kanaafuu inni kuni jijjiirama walitti makamiinsi aadaa fidu keessaa isa tokko. Wanti nuti jenne kun bifa waliigala godhuu (generalization) irratti fuulleffata.

Tokkummaan ilaalcha/xiinxala Muslimootaa kun wantoota nuti murteessinu keessaa hin bayu. Sababni guddaan tokkummaa kanaa, amatii Islaamaati. Amntiin kunis Muslimoota hunda argama, hawaa fi dhuma namaatiif ilaalcha tokko irratti walitti qaba. Kunis bifa addaatiin Rabbiin tokkochoomsuu irratti kan bu'uureffameedha. Amantiin Islaama kan ilaalcha Muslimootaa tokko godhe kun, sammuu isaaniis bifa walfakkaataa ta'een beekumsa irratti tokkuma goodhee boce. Sammuma tanaan karama amantiin jedhuun xiinxala isaaniis itti fufu. Gama haala jiruu fi jireenya mijeeffachuutiinis yaadaa fi furmaatuma walitti dhiyaataa irra gayu.

Ummanni hedduun kan amantiin, aadaa fi falsafaa gara garaa keessaa bayan amantiin Islaamaa kana seenuuf itti waldorgomaa turan. Yeroo kana amantiin haaraya kana keessatti, warraaqsi haaroomsa adeemsa dhufuun gara tokkummaa ilaalchaa/xiinxalaatti isaan geese. Namoonni dur wallaaltota turan, kan Kiristaana ture, kan Waaqeffataa turan fi kanneen ibidda gabbaranisamantiin kana fudhatanii faanti isaanii gadi dhaabatte. Amantiin isaan fudhatan kunis amantiin Islaamaati. Amantiin kana kan xiinxala Islaamummaa kana roga adeemsa tokko irratti gadi dhaabee tokko godhe, rogni sunis utubaa

tokkummaa ilaalcha Muslimootaa ta'ee argme. Adeemsa rogni tun isaan hunda jiddutti babal'ataa deemtuun, tokkummaan yaadaa mirkanaayaa dhufa, akkuma rogni sun dadhabaa dhufuun tokkummaan ilaalchaa kunis dadhabaa dhufa. Utubaaleen bu'uuraa kantokkummaa ilaalcha Muslimootaa taate tun Maali?

4-Utubaa Tokkummaa Ilaalcha Muslimtootaa

Amantiin Islaamaa akkuma Qur'aanaafi Hadiisa keessatti dubbatametti, namoota amantii kana qabatan keessatti xiinxala roga qabeessa ta'e kan bifa adeemsaa eeggate isaan keessatti uuma. Xiinxalli roga qabeessi kun yoo walitti ida'ame, mul'ata tokkummaa xiinxalaa kan bu'aan isaa jireenya Muslimootaa bifa garaa garaatiin furuuf furmaata walfakkaataa kennaaf.

Rogoonni nuti armaan gaditti tarreessuuf deemnu tun yoo hundeen isii amantii Islaamaa ta'ee namoota amantii kana hordofanis xiinxala isaanii tokko kan gootu yoo ta'e; inni kuni Muslimoonni yeroo hundayyuu tokkummaa qaban jechuu miti. Dhugaan jiru seenaa Muslimootaa keessatti yeroon isaan tokko ta'anii tokkummaa yaadaa qabaatanii waliin socho'aa turan ni jira. Akkasumas yeroon isaan gar-gar qoqqoodamanii faffaca'anii hafanis ni jira.

Kan xiqqoma isiis shakkii hin qabne amantii Islaamaa sirritti qabachuun, sababa guddaa tokkummaa ilaalchaa goonfachiisan keessaa isa jalqabaati. Garuu sababoonni biraas kan tokkummaa ilaalchaa kana fiduu keessatti ga'ee guddaa taphatanis ni jiru. Isaan keessaa bilisummaan yaaduu fi yaada ibsachuun isa tokko. Ga'ee bilisaan yaada ibsachuu kanas of duratti bal'inaan ibsuuf jenna. Utubaaleen ciccimoon

tokkummaa ilaalchaa fidan kanneen amantiin Islaamaa akka bu'uuraatti fide kanneen asii gadii kana:

A) Ilaalcha Waa Hunda of Keessatti Qabatu

Kana jechuun, sammun dhimmoota qoratu keessatti fuulleffannaa guutuun kallattiilee jiruu hunda hammachuun wantoota dhimma saniif akka odeeffannootti oolan hundayyuu walitti qabachuun dhugaa jirutti gayuu jechuudha. Mata duree qorannoon irratti gaggeeffamuuf deemu irratti odeeffannoo hunda walitti qabachuun, odeeffannoo dhimma itti gayamuuf yaadamu saniif karaa ni saaju jedhamee yaadamu hundaa dhiyeeffachuun, sababoota waliigala ilaalchaatti nama geessan keessaa isaan muraasa.

Qorannoo gaggeeffamu irratti gar-tokkee wantootaa qofa irratti gabaabsachuun, kallattiilee heddu keessaa isa muraasa qofaaf odeeffannoo dhiyeeffachuun, yeroo hedduu gama yaada hir'uutti nama geessa, dhugaa jirtu guutuun guututti namaaf hin ibsu. Amantii Islaamaa keessa gajeelfamoota adeemsa bal'aa waa hunda of keessatti hammatu hordofuu kanatti nama qajeelchantu jira.

Barsiisni amantiin Islaamaa kuni barsiisa walitti qabataa waan silaa argama kana keessa jiru hunda namaaf ibsuu fi waan silaa jiruu namaa keessatti ta'amu qabu hunda kan of keessatti hammateedha. Qur'aanni kabajamaan sammun namaa kun akka hawaa kana qayyabannaa guutuu qayyabatuuf, bifa dimshaasha ta'een uumama hawaa kanaa, seera isaa, sochii fi akkaataa ijaarama isaa kana akkaxiinxalan ajaja. Akkasumas seera hawaa kanaa fi dhugaa uumama isaa kana duubaan jiru saaquttis ni yaama. Dabalataanis akka seenaa ummatoota duraaniis bifa

dimshaashawaa kanaan gadi buunee qorannu ajaja nuuf dabarsa.

Dimshaashummaa amantii fi qajeelchi Qur'aanni xiinxala waliigalaa horachutti nu qajeelchu kun, dhugumaan sammuu Muslimtootaa keessatti ilaalcha waliigalaa uume. Ilaalchi walii gala kun immoo amaloota xiinxala Islaamummaa adda godhan keessaa isa tokko ta'ee hambaalee Muslimtootaa hunda keessatti argina.

Akka fakkeenyaatti beektota Qur'aana hiikanii fi ibsitoota Hadiisaa fudhachuu dandeenya. Beektonni kunniin dalagaa isaanii kanaaf ibsa gayaa kennuu fi dhugaa Rabbiin ibsa keeyyatootaa san irraa barbaade ifa godhuuf jecha; ibsa afaanii, odeeffannoo gara garaa, sababa keeyyanni sun bu'eef addaan baafachuu, dhimma saayinsii fi herreegaa kan hawaan walqabate fi odeeffannoo biraas dursanii walitti qabatu. Booda odeeffannoo kana hunda dhugaa dhimma wayii tokko addaan baafachuuf itti fayyadamu. Fakkeenya kanaa Hiikkaa Qur'aana kan Al-raazii irraa hubachuu dandeenya. Al-Raaziin beekumsa gadaa isaa keessa jiru walitti qabee dhugaa Qur'aanaa ifa baasuu mata duree jedhu irratti itti fayyadame.

Al-Raaziin amala dimshaashummaa Qur'aanaa kana ibsa baay'ee bareedaa ta'een ibsee jira. Al-Raaziin kitaaba isaa *Xaash Kubraa Zaaduhuu* jedhu keessatti, Muslimoonni dhugaa jirtu tana sadarkaalee argama isii afur irratti qorannoo gaggeessan jedhee ibse. Sadarkaaleen kunis: argaan ijaa kun dhugaa lafa irra jiru arguu, bocni dhugaa sun sammuu keessa jiraachuu, jechi dhugaa sun ibsa yookiin

haasaya keessa jiraachuu fi barreeffamaan kitaaba irra jiraachuudha¹⁶.

Wanti ifa galuu qabu, argaa walii gala jechuun namoota waa argan jidduu bifti irratti walgitan jiraachuu jechuudha. Argaa tokko ta'e kanatu dhugaa saayinsii itti gayamuu barbaadamu saniif haga tokko yaada tokkummaawaa fida yookii immoo rakkinoota jiruu keessatti nama mudataniif furmaata waan laatuufi. Kanaafuu carraaqqiin ilmi namaa taassisu hunduu kallaattii tokko irratti xiyyeeffachuun gara jireenya ijaaruutti fuulleffatti.

Adeemsi gar-tokkee wantootaa qofa irratti xiyyeeffatu, kan odeeffannoo hedduuf bakkee hin qabne immoo yeroo hedduu dhumni isaa dogongoratti nama geessa. Sababa addaan faffaca'iinsaa fi qoqqoodama hawaasaa ta'a. Sababaan guddaan qoqqoodamiinsa warri *Kawaarijaa* jedhaman *Aliyyi Ibnu Abii Xaalib* irraa fottoquu fi fottoqiinsaan booda immoo finciloonna isaan walitti aansanii tassisaniif, gama tokko qofaan ergaa Qur'aanaa qayyabatani murtii isa keessa jiru waan hojitti hiikuuf deemaniifi.

*Kawaarijoo*nni kunniin qayyabannaa Qur'aanaa keessatti irra gubbaa jechoota isaa qofa hubatanii, ergaa fi qayyabannaa isaa kan dhugaa waan dhiisaniif. Sun immoo Muslimoota isaan morman hunda akka kafarsiisan (amantiin ala nama baasan) isaan taasise, isaan kafarsiisuu kanatti immoo finciloota hedduu kaasuu fi ajjechaa hedduu raawwatuun nagaya booressan. *Kawaarijoo*nni kunniin har'as fakkaataawwan akka ofii qabu. Isaanis dhimma wayii

¹⁶ - Xaasha kubraa: Miftaahu Assa'aadaa, 1/71 fi kan san boodaalle.

irratti qayyabannaa gar-tokkee qofa qabataniis Muslimoota addaan facaasuu fi qooqqooduuf warra halkanii fi guyyaa hunda tattaafataa jiran kanniini.¹⁷

B) Tokkumaa fi Wal-fudhannaa:

Kana jechuun sammun namaa dhugaa jirtu barbaaduun odeeffannoo isa biratti walgalan walsimsiisuun, akka wal-fakkeenya fi walitti dhiyeenya isiitiin garii isii garitti deebisuun, madaala bu'uura walfudhatiinsa hubannaa fi sababaa ka isa irratti yaadaa fi furmaanni ijaaramu tokko irratti deebisee kaayuu jechuudha. Addummaan kun akka murtiileen beekumsaa hundi madaala tokkoon ta'anii bu'aan isa irraa argamu hundi walsimachuu malee akka wal hin faallessineef wabii ni fudhata.

Addummaan kunis dhimma beekumsa hawaan walqabatus ta'ee yookii dhimma seera shari'aa Islaamaa fi kan namummaas haa ta'u, kan sonaafi galma tokko qofa qabu taanaan hedduu walsima. Yoo sammun odeeffannoo madaala argatee san qofa irratti xiyyeeffatee hariiroo waliigalaa kan madaalota hunda walitti hiituuf bakkee laachuu baate, dhuma irratti bu'aan inni itti gayu dhugaa

¹⁷ - Adeemsi gar-tokkeen warri *kawaarijaa* hordofan kun kan ifa ta'u, waliin marii Abdallaa Ibnu Abbas jara waliin adeemsise Kan Aliyyi Ibnu Abii Xaalib isa bakka buusee akka dhugaa jirtuun isaan amansiisuuf erge san keessatti. Waliin marii kana kitaaba: Al-Maqdasiyyi – Al-bad'u wa attaarik jedhamu keessa (5/223) ilaali. Akkasumas waliin marii kana fakkaatu kan *kawaarijaa* fi Aliyyi Ibnu Abii Xaalib adeemsiisan kitaaba: Al-Bagdaadii- Al-firaqu Beeyna Al-firaq jedhu fuula (58) ilaali.

hedduu irra gayus, garuu haga tokko wal-faallessuun keessatti ni argama.

Amantii Islaamaa keessa, sammuu namaa kana walsimsiisuu fi tokko godhuu irratti waan bocutu jira. Innis amantiin Islaamaa kun waa hunda tokkochoomsuu irratti kan bu'uureffateedha. Cufti wanta hawaa kana keessa jiruu gosti isaa heddu ta'us, wal-faallessus, sochii fi qindoominni isaa waldhabus, mul'achuu fi dhokatiinsi isaa addaan ta'us, bu'uurri isaanii hunduu tokko, adeemsi sosochii isaanii hunduu seera tokko hordofa, galma tokko gayuuf deema. Galmi sunis Rabbii tokkicha waa hunda jalqabe, kan waa hunda roga itti godhu fi kan waan hunda bakka isaan malutti deebisu jechudha.

Jiruun ilma namaa tungaraagarummaa jidduu isaanii jiru waliinuu fuulleffanaan isii kallattii tokkotti. Kallattiin sunis Rabbiin gabbaruu lafa kana irratti mirkaneessuudha. Madaalli walii galaa kan amntiin Islaamaa irratti bu'uureffante kun, sammuu namoota amananii kana hubannoo, sababaa fi murtiilee keessatti walsimsiisuu fi tokko ta'uu isaan keessatti uuma.

Addummaan adeemsa kan amantiin Islaamaa qabdu kun xiinxala Islaamummaa keessatti gadaa dagaagina isaa san keessatti ifaan ifatti mul'atee jira. Barnoonni Islaamaa hunduu kan Islaamotaan jalqabamee fi kan waan biraa irraa qabsiifames, yeroo bu'uureffama isii san bifa Qur'aanaa fi tokkummaa tajaajiluun bocamtee kaayamte. Qorannolee seeraas ta'ee kan namummaa fi kan hawaa hunda keessattuu sammun Islaamummaa gara kaayyoo fi galma tokkootti harkiftu malee hin dhiifne. Galmi sunis jireenya namaa keessatti barbaachisummaa tokkummaa mirkaneessuudha.

Dhimma kana irratti ibsa gayaa Xaash Kubrii fi Ibnu Kalduun kennanii jiran¹⁸.

Addummaa adeemsaa kana keessa faana/bu'aa xiinxalaa tokko godhuuf deemutu mul'ata. Galma gayamuun yaadamuuf bu'uura tokko ta'ee fi kan walsimatu qabaatuun, murtiilee fi furmaata walfudhatanitti geessa, akkasumas bu'aalee walsimatani fi walitti dhiyaatanittis ni geessa. Kanaafuu namoonni adeemsi kun tokko isaan godhe hunduu kallattii tokko qabu, jiruu tanaaf haala mijeeffachuuf galma tokko qabu. Kunis yeroo badhaadhina isaatti gocha qaroomina Islaamummaa irraa ifatti mul'atee argamee jira.

Qaroomina Islaamummaa kan yeroo badhaadhina isaa keessatti, gochoonni Muslimoonni qaccee biyyaa tokko irraa hanga qaccee kaaniitti qaban walsimatee argamee jira. Namni Muslimaa tokko jireenya isaa beekumsaan, artiiin yookiin ogummaa wayiitiin biyya Ondolusitti jalqabee, booda bishaan gama ce'ee (biyya fagoo dhaqee) hojii isaa kan Ondolusitti eegale san dhiphannaa fi dhama'iinsa tokko malee itti fufa, inumayyuu yeroo hedduu kan durii san caalaa miidhagsee fooyyessee hojjata. Fakkeenyonni biraas kan asitti lakkaayuuf bakkeen nuuf hin geenye hedduu jiru.

Xiinxalaa fi galma gayamuuf yaadamu keessatti madaallii wal hin simanne qabaachuun dhama'iinsaa fi qoqqoodamatti nama geessa. Walsimannaa dhabuun madaallii kun kan ifa ta'u haala jireenya Muslimtoota ammaa irraa ifa galaadha. Jidduu safuulee tokkummaa Rabbii fi safuu biyyoota dhihaa irraa gara isaaniitti dhufe

¹⁸-Ibnu Kalduun, Al-Muqaddimaa, fuula 104,457. Xaasha kubraa – Miftaahu Assa'aadaa: 2/598.

walitti laaquun yookiin madaallii wal hin simanne isaaf kennuun yeroo ammaa kana gaaga'ama guddaa keessa gallee jirra. Dhiphinni fi burjaaja'iinsi haala jireenyaa kan ummanni keenya har'a dabarsaa jiru ragaa guddaadha

3. Dhugaa Qabatamaan Lafa Irra Jiru

Kana jechuun sammun namaa kun sochii dhugaa jiru beekuuf godhu hunda keessatti, qabatama lafa irra jiru irraa ka'uu qaba. Dhugaan inni irratti qorannoo godhu sun dhimma hawaa yookiin kan lubbuu yookiin kan seenaas ta'uu danda'a. Dhugummaa wanta tokkoo irra gayuuf, yookiin wanta ta'uu qabu tokko tilmaamuuf qabatamni jiru bu'uura ka'umsaati.

Sochiin sammun dhugaa jiru beekuuf gootu kunis, yookii wantoota hawaa kana keessa jiran kan miiraan tuqamuu danda'an irraa ka'uun karaa shaakalliitiin gama seera hawaa sanii fi adeemsa sosochii isaa kan waliigalaa irra gayuudha. Yookiin immoo mallattoolee fi ragoota jiruuf jireenyaa kana irraa ka'uun gara ragaa dhokataa uumama hawaa fi warraaqsa isaatitti gayuudha. Karaan biraa immoo jireenya namaa kan seenaa dabree fi isa ammaa irraa ka'uun haaroomsaa fi fooyya'iinsa ta'amuu qaban tilmaamuudha.

Adeemsa qabatama jiruu kana kan faallessu immoo adeemsa mul'ata gubbaa/ suuraa wantootaa qofa irratti xiyyeeffachuuti. Akkaataan adeemsa kanaas sochii fi tattaaffiin sammun beekumsa wayii irra gayuuf gootu suuraa qofa ta'uudha. Sochii san qabatama jiruun alatti walsimsiisuun firii/ bu'aa tattaaffii isaa san yookiin yaada haaroomsaaf qabu san dhugaa jiruun ala godhee

argamuudha. Tooftaa fi amalli kuni akkuma duraan dabarsine tooftaa Girikoota duriiti.

Qur'aanni kabajamaan ilaalcha Islaamummaa kana yeroo bocu, boca roga qabeessa seenaa xiinxala namummaa keessatti ragaa isaaf bayumu godhee boce. Qur'aanni akka sammuu namaa tun dhugummaa wantoota nama jalaa dhokatanii (Geeybii) hubachuuf yaaltu, seera sosocho'iinsa uumama hawaa kana keessa jiruu akka hubattu fi qabatama lubbuu namaa kana akka beektu qajeelchee jira. Kana irratti Rabbiin guddaan ol-ta'e akkana jedha:

سَتْرِيهِمْ ءَايَاتِنَا فِي الْأَفَاقِ وَفِي أَنْفُسِهِمْ ﴿٥٣﴾ سورة فصلت آية (53)

“Wantoota moggaa isaanii jiranii fi lubbuu isaanii keessatti mallattoolee keenya isaan agarsiifna” (Fussilat: 53).

Ammas Qur'aanni sammuu namaa tana akka isiiin haala jireenyaa kana dhugaa seenaa dabree fi qabatama har'a jiru irratti boccu akeekkeefii jira. Rabbiin guddaan akkana jedhe:

قُلْ سِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَانظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الَّذِينَ مِنْ قَبْلُ ﴿٤٢﴾ سورة الروم آية (42)

“Dachii keessa deemaatii waan booddeen warra asiin duraa (warra lubbuu isaanii miidhee) akkam akka turete ilaalaa jedhi” (Al-ruum: 42).

Ammas Rabbiin akkana jedhe:

أَنْظُرْ كَيْفَ فَضَّلْنَا بَعْضَهُمْ عَلَى بَعْضٍ ۗ وَلِلْآخِرَةِ أَكْبَرُ دَرَجَاتٍ وَأَكْبَرُ تَفْضِيلًا ﴿٢١﴾

سورة الإسراء آية (21)

“Akkamitti nama garii isaanii garii akka caalchifne (hiree duniyaa keessatti) ilaali mee (yaa Muhammad), sadarkaa fi kabajattis aakiratu irra caala” (Isaraa'i: 21).

Qajeelcha Qur'aanaa kana irraa ka'uun Muslimoonni xiinxala addaa kan hawaa fi namummaa ka'umsa beekumsaa

godhachuu irratti bu'uureffame isaan keessatti uumame. Kana irraa ka'uun saayinsiin uumamaa kaneen bu'aa shaakallii ta'an argaman, qabatama lubbuu namaa irraa ka'uun saayinsiin xiinsammuus babal'achuu eegalan, barnoonni murtiilee fiqhii ibsanis wanta silaa jiruun namaa ta'uu qabu irraa aadaa fi duudhaalee bu'uura godhachuun hundeeffaman.

Qabatamni Muslimoonni dabarsan kuni, adeemsa ammayyaa kan shaakallii irratti bu'uureffame, kan hayyuun *RoogarBeekoon* jedhamu shaakaltoota Islaamaa irraa fudhatee gara Awurooppaanotaa fide kun bu'uurri isaa isaa qaroomina Muslimootaa ture¹⁹.

Wanti ifagalaan, qabatamni/dhugaan jiru wantoota tokkummaa ilaalchaa fidan keessaa isa tokko. Qabatama jiru kanaan dhugaa jirtu jala deemuun danda'ama. Qabatama irraa yoo kaane xiinxaltoota jiddutti odeeffannoon walsimataa dhufa, bu'aawwan argaman irratti walii galuuf karaan ni saaqama.

Adeemsi boca/suuraa qofa irratti xiyyeeffatu immoo, yeroo hedduu yaada irratti walsimachuu dhabuu fi walitti bu'iinsatu argama. Kunis yeroo baay'ee argama addunyaa kana hiikuu fi hundee hawaa kana beekuuf waldiddaa yaada Girikoota duraan jiddutti uumameef fakkeenya ta'a. Hayyoonni Islaamaa kan akka Ibnu Siinaa fi Al-faaraabiis adeemsa Girikootaa kanaan injifatamanii jennaan, xiinxala Islaamummaa keessatti haala addaa kan dhugaa waliigalaa irraa adda ta'e uuman.

¹⁹- Ilaali Muhammad iqbaaliin - kitaaba "tajdiid attafkiir addiinii fil islaam "kan jedhu fuula 148 booda.

Dabree dabree ummata Muslimaa jiddutti gareewwan xiyyeeffannaan gubbaa wantootaa yookiin bocaa, suuraa wantootaa fi fakkeenyummaa qofa irratti xiyyeeffatan ni mul'atu. Yaada haaroomsaa bu'uuressina jedhanii qabatama lafa jiru irraan tarkaanfatanii, yaada isaanii hawwii fi kajeellaa qofa irratti ijaaru. Yaamichi gareen kun dhiyeessu yeroo hedduu madda dhiphinaa fi soda ummata keessatti uumuu ta'ee argama. Haalli nuti yeroo ammaa keessa jirru kunis, garee akka amma dubbannee kana irraa qulqulluu ta'ee hin argamu.

C) Mormii Ragaan Deeggarama Mormuu

Kana jechuun sammun sochii beekumsa horachuuf socho'u keessatti karaa yaadota walfudhatan walitti makachuu danda'uun irra deemuun, wantoota walfaallessan kan ni argamu jedhamee yaadamus itti fuulleffachuun, booda irra yaadota kana hundaa cuunfee seera bu'uura walitti dhufiinsa isii san irratti qorannoo taassisuu jechuudha. Waldorgomsiisni fi walbira qabiinsi akkanaa kun, xiinxala namaa kana gara dhugaatti qajeelchuuf, taatee baay'ee barbaachisaadha.

Qur'aanni kabajamaan agrsiisa isaa kan amntii Islaamaa keessatti, sammuu namaa waa falmuu irratti guddisa. Wanti kana jenneef yeroo hedduu Qur'aanni amntii sirrii ta'e yeroo dubbatu faallaa isaa kan ta'e amntii dharaatiin walbira dhiyeessuun, jidduu amntiilee lamaanii walmadaalsisa. Sana booda dhugaa dhara irraa calalee addaan baasuun ragaadhaan dhamaasa. Kanaan walqabatee Rabbiin guddaan akkana jedha:

وَقَالَتِ الْيَهُودُ عُزَيْرٌ ابْنُ اللَّهِ وَقَالَتِ النَّصْرَى الْمَسِيحُ ابْنُ اللَّهِ
 ذَلِكَ قَوْلُهُمْ بِأَفْوَاهِهِمْ يُضَاهَوْنَ قَوْلَ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ قَبْلُ قَالَهُمْ اللَّهُ
 أَفْ يُؤْفَكُونَ ﴿٣٠﴾ سورة التوبة آية (30)

“Yahuudaan Uzeer ilma Rabbiiti jette, Kiristaanonnis
 Iisaan ilma Rabbiiti jedhan kuni waan isaanof irraa uumani,
 jecha mushrikoota isaan duraa fakkaatu, Rabbiin isaaniin
 haa lolu, akkamitti (dhugaa irraa) duubatti deebi’an”
 (Tawbaa: 30).

Ammas Rabbiin akkana jedhe:

وَلِذَا قِيلَ لَهُمُ اتَّبِعُوا مَا أَنْزَلَ اللَّهُ قَالُوا بَلْ نَتَّبِعُ مَا وَجَدْنَا عَلَيْهِ آبَاءَنَا أُولَئِكَ كَانُوا لَشَيْطَانٍ يَدْعُوهُمْ
 إِلَىٰ عَذَابٍ أَلِيمٍ ﴿٢١﴾ سورة لقمان: آية (21)

“Yerooisaaniin (warra Rabbitti waa yagutoomseen)
 waan Rabbiin (ergamaa isaa irratti) buuse hordofaa!
 jedhame, nuti waan abbootii keenya irratti argine hordofna
 jedhan. osoo sheyxaannillee gara adabbi(azaaba)gubduu
 taatee sanittis isaan ka waamu taateellee [waan inni itti
 yaame san inuma dalaganii?]”(Luqmaan: 21).

Qajeelcha Qura'aanaa kanaan Muslimtootaa biratti
 bifti waa waldorgomsiiisuu fi walmormisiisuu bocamaa
 dhufe. Tooftaalee kanaan beekumsa warra isaan duraa
 hunda, kan amantii isaaniitiin walsimuu fi kan isa faallessus
 qayyabachuu danda'anii jiru. Akkasumas beekumsa kanas
 qorannoo fi cuunfaa jala galchuun barnoota Islaamaatiin
 walmaddii qabanii booniinsa tokkoon alatti osoo waa tokko
 irraa hin hir'ifne akkuma jirutti fidanii falmii irratti

dhiyeessuun kan sirrii ta'e sirreessanii kan dogongora ta'e dogongorsanii dhiisu.

Tooftaan kunis kan sirritti ifa namaa bayu, gocha hayyuu *Abuu Haamid Al-Gazaalii* kan bara 505H itti du'e, kitaabban isaa lameen *Maqaasid Al-Falaasifaa* fi *Tahaafatu Al-Falaasifaa* jedhamu kessatti irraa haasayee jira. Akkasumas gocha beekaa *sheek Imaam Ibnu Teeymiyyaa* kan bara 728H itti du'an, kitaaba isaanii *Naqdu Al-manxiq Alaa wajhi Al-kusuus* jedhamu fi kitaabota isaanii kan biraa keessattis ibsa guddaa kennanii jiru.

Yoo sababa adda addaatiin dhiphinni ilaalchaa gareelee Islaamotaa biratti argame, sammuun isaanii yaadota amantii isaanii faallessaniif fudhata hin qabdu. Sabanbiisaas xiinxalli isaan biratti sarara qajeelaa yaada/ilaalcha tokko malee kan biraa hin fudhanne ta'ee hafa. Kanaafuu yaada isa faallessu kamiyyuu ofitti hin fudhatu. Kuni immoo jidduu muslimootaatti waldidiinsa fiduun qoqqoodamiinsaa fi faffaca'iinsaaf karaa saaqa.

Dhiphinni karaa ofii qofatu sirrii jedhanii kan biraa diduu kun, kan Muslimoonni seenaalee dabrani keessatti fi yeroo ammaa kanas gar-malee ittiin qormaataman kun sababni isaa inni guddaan dhiphinna ilaalcha tokko qofa keessummeessuu kana. Yeroo nuti amma keessa jirru kinis qoqqoodama gareelee fi dhiphina yaadaa kan irraa nagaya hin bane. Dhiphinni yaada karaa ofii irra jiranii qofa keessummeessuuti. Kuni waggoottan kurnan dhuma kana keessatti sosochii guddaa godhuun qoqqoodamiinsaaf akka ummata saaxilaa jiru ifa galaadha.

5-Kaayyoo Qabaatuu

Kana jechuun sammun namaa yeroo dhugaa jirtu irra gayuuf carraaqu, sababoota dhugaa uumamaan jiran san arguu irraa isa dhoorgan hunda irraa qulqullaayuun, dhimma irratti qorannoo dhugummaa isaa gaggeessu san akka taatee alaa of danda'aatti fudhatee, loogii tokko raawwachuun ala gara dhugaa jiruutti gayuu jechuudha.

Qur'aanni kabajamaan ilmi namaa sababoota eenyummaa isaatiin walqabatan kan dhugaa jirtu hubachuu irraa isa haguugan hunda irraa bilisa ta'utti nama ajaja. Sababoota dhugaa arguu nama dhoorgan keessaa irra cimaan fedhii lubbuu jala deemuudha. Rabbiin Qur'aana isaa kabajmaa keessatti bakka heddutti irra deddeebi'uun fedhii lubbuu jala yaa'uu kana irraa nu seeree jira. Rabbiin akkana jedha:

فَلَا تَتَّبِعُوا الْهَوَىَّ أَنْ تَعْدِلُوا ﴿١٣٥﴾ سورة النساء آية (135)

“Fedhii lubbuu jala deemuun dhugaa jiru irraa akka isin hin dabsine” (Al Nisaa'a /135)

Ammas Rabbiin akkana jedhe:

فَأَحْكُم بَيْنَ النَّاسِ بِالْحَقِّ وَلَا تَتَّبِعِ الْهَوَىَّ فَيُضِلَّكَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ ﴿٢٦﴾ سورة ص: آية (26)

“Yeroo jidduu ilma namaatitti murtii kennitu haqaanmurteessi, fedhii lubbuu teetii hin hordofin, fedhii lubbuu jala deemuun amantii Rabbii irraa si dabsaa” (Assaad: 26).

Aadaa abbootii keenya irraa dhaalle jedhanii dhugaa irraa boonanii fudhachuu diduu fa'atu jira. Isa kana ilaalchisee Rabbiin Qur'aana isaa kabajmaa keessatti akkanatti ibsa:

وَكَذَلِكَ مَا أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ فِي قَرْيَةٍ مِنْ نَذِيرٍ إِلَّا قَالَ مُتْرَفُوهَا إِنَّا وَجَدْنَا آبَاءَنَا عَلَىٰ أُمَّةٍ
وَأِنَّا عَلَىٰ آثَرِهِمْ مُقْتَدُونَ ﴿٢٣﴾ قُلْ أُولُو حِجَّتِكُمْ بَاهِدِي مَعَا وَجَدْتُمْ عَلَيْهِ آبَاءَهُمْ قَالُوا إِنَّا
بِمَا أُرْسِلْتُمْ بِهِ كَافِرُونَ ﴿٢٤﴾ سورة الزخرف : آية (24-23)

*“Akkasumas ergamtoota si dura (Muhammad)
ganda kamittuu erginee, badii irraa isaan seeraa
jenneenkamiinuu, warroonni quufanii daangaa dabran
akkana isaaniin jedhan malee hafee hin beeku: nuti abbootii
keenya karaa (amntii) kana irratti argineen, nuti karaa
isaanii hordofna. (Muhammadii fi ergamtoonni isa duraas)
akkana jedhaniin: waan abbootiin keessan irra turan san
caalaa karaa sirrii ta’e qabannee ka dhufnu yoo taate hoo?
Jennaan, ‘nuti waan isin ittiin ergamtanitti kafarree
(dinnee) jirra’ jedhan.”(Azzukhruf: 23-24).*

Ilmi namaa yeroo adeemsa beekumsa horachuu keessatti wantoota eenyummaa isaaniitiin wal-qabatan kan beekumsa san irraa isaan haguugan irraa bilisa ta’anii argamaan, odeeffannoo fuuldura isaaniitti dhiyaate qofa irratti hundoofnaan, dhimma san irratti murtiilee fi yaada tokko ta’e irra gayu. Tooftaan kun jiruu fi jireenya isaanii kamiyyuu mijeeffachuuf seera waliinii (kan qaamni hunduu dhimma itti bayu) ta’a.

Tooftaan kunis, maloota Muslimoonni nu duraa yeroo gadaa badhaadhinaa irra jiran itti fayyadamaa turaniidha. Muslimoonni yeroo saniis sonoota jireenyaaf bu’uura ta’an irratti walii galanii turan. Fakkeenyaaf: sonoota Fiqhii keessatti, dhimmoota bu’uuraa kan akka: akkaataa Rabbiin itti gabbaran, akkaataa nama waliin itti jiraatan, siyaasaa fi seera keessatti walii galanii jiran.

Sonoota bu'uuraa kan irratti gonkumaa wal hin dhaban. Garuu dameelee sonootaa irrattis kan waldhaban yoo ta'es, akka odeeffannoo isaan bira gayeetiini malee, sababa yaada dhiphachuutiin yookiin kan inni jedhe hin fudhu jechuutiinii miti.

Garuu yeroo muraasaan booda, madaalliidhan dhuunfaa jidduu isaanii seenuun, tokkummaa xiinxalaa fi ilaalcha isaanii san harkaa balleessee jira. Isa kanaaf fakkeenya guddaa kan ta'u, babal'achaa dhufuu karaa *Suufiyyootaati*. Karaan kunis beekkumsi inni babal'isu kan seera irratti bu'uureffame waan hin ta'iniif, jireenya namaa hedduu faffacaasee jira. Ammas madaallan gariin kan yeroo ammaa kana gareelee Islaamotaa muraasa biratti arginu; kanneen madaallii biyyoota dhihaa akka waan guutuu ta'eetti fudhatanis, garee kana dhimma tokko irratti karaa sirriin akka isaan gadi bu'anii hin qoranne taasisa. Kuni immoo Muslimoota jiddutti qoqqoodamaa fi faffaca'iinsaaf karaa bana.

Akkana ture haalli muslimtootaa seenaa isaanii kanutubaawwan adeemsaa shanan, kan Muslimoota jiddutti tokkummaa ilaalchaa ni uuma jennee yaannu kun, yoo sammuu Muslimootaa keessatti mirkanoofttee fudhatama argatte, akka isaan rakkina argame hunda qorataniif furmaata ariifachiisaa ta'e itti kennaniif isaan gargaara. Akkasumas sonoota shanan kana irraa seera waliigalaa tumatuun, seera san irra dhaabataniif murtiilee fi rakkinoota tokko tokkoof furmaata tilmaamuu ni danda'u.

Utubaaleen kanniin bu'uuraa godhatanii yoo ka'an, bu'aa fi tilmaamni isaan dhimma tokko irratti kaayatan tokko ta'a yookiin hedduu walitti dhiyaata. Si'a kana fedhiin

isaan hojii saniif qabanis tokko ta'ee argama. Amantiin Islaamaa akkuma Qur'aana kabajamaa fi Hadiisa ulfaataa irraa hubachuu dandeenyutti, utubaalee shanan kana irratti ilaalcha Muslimtootaa tokko godhuuf dhufe. Garuu adeemsi isaa kuni si'aa'ina qabaachuu kan danda'uun, wantoonni si'aa'ina isaaf dabalalan kan akka mirga yaada ibsachuu fa'a yoo itti dabalaman qofa. Mirgi yaada ibsachuu kun akkamitti sababa tokkummaa ilaalchaa fidu ta'a?

BOQONNAA LAMMAFFAA
Walabummaa Yaadaatii fi Tokkummaa Ilaalcha
Muslimtootaa

1- Walabummaa Yaadaa

Yaada jechuun ku kan dubbatamu ilaalcha sammun beekumsaaf qabdu irratti. Akkasumas wanta sammun erga xiinxaltee booda irra geettuunis yaada ni jedhama²⁰. Qorannoo kana irratti jecha yaada jedhu kana hiika lamaaf itti fayyadamna: carraaqii sammun beekumsa horachuuf gootu fi bu'aa carraaqiin sun murtiilee keessatti qabu.

Hiika amma jennu kanaan, yaanni gocha nama dhuunfaatiin walqabatee, wanta namni tokko jidduu isaatii fi jidduu lubbuu isaatti ittiin dhaabbatu ta'ee, sammuu isaa kanaan gara qorannoo fi waa xiinxaluutti kaka'uun hanga murtii beekumsaa wayiitti gayutti carraaquu jechuu ta'a. Yoo wanni nama irraa dirqamaan mirga yaaduu kana fudhatu dhufe malee, ilmi namaa kun uumamumaan yaada isaatiin bilisa. kanaafuu walabummaa yaadaa jechuun maali?

Deebiiin gaaffii kanaas; walabummaa yaadaa jechuun akka nuti itti fayyadamuuf deemnuu fi akka ummata biratti babal'atee baratamettis, sadarkaa dhuunfaa san bira kutee jira. Sadarkaa yaadaa jechuun waan namni jidduu isaatii fi jidduu lubbuu isaatti yaadu jedhu san bira kutuun wantoota ciccimoo lama, kan hawaasa qixxisu irratti bu'uureffama:

Tokkoffaan: bilisummaa ilmi namaa sammuu isaatiin qofa xiinxalee waa irra gayuu danda'uuti. Kana keessatti qaamni alaa kamiyyuu dhiibaa osoo irratti hin gaggeessin, yookii karaa

²⁰ - Ibnu Manzuur, Lisaanu Al-Arab, Feeyrooz Abaadii, Al-Qaamuus, maaddaa: Arra'ayu.

wayii hordofee osoo hin jenne, sammuu ofii qofaan xiinxalee beekumsa/murtii tokko irra gayuu danda’uudha. Yoo qaamni alaa tokko harka keessa naqate, mirga yaaduu san sarbee jira jedhama. Maaliif yoo jenne, qaamni alaa kun akka namni sun sammuu isaa qofaaf hin fayyadamne dursee kana godhi/ kana filadhu jedhaan. Tarii osoo filannoon akkasii itti dhiyaachuu baatee, sammun nama sanii filannoo isa biraa qabaachuu dandeessi waan ta’eefi. Inumayyuu guutumaan guututti faallaa yaada dhiyaate sanii filachuu dandeessi.

Adeemsi mirga yaaduu nama irraa saaquu kuni, adeemsa *Fir’ownaati*. Innis ummata isaa walitti qabee Muusaa akka ajjeesan amansiisuuf yaalee ture. Garuu ummata san keessaa namni tokko yaanni Muussaa ajjeesisuuf dhiyaate kuni dogongora jedhee harkatti qabnaan, Fir’ownis yaada isaa san harkaa kutee ummataan akkana jedheen:

مَا أُرِيكُمْ إِلَّا مَا أَرَىٰ وَمَا أَهْدِيكُمْ إِلَّا سَبِيلَ الرَّشَادِ ﴿٢٩﴾ سورة غافر : آية (29)

“Waanin ofii sirriidha jedhee argumalee waan biraa isin hin garsiisu, karaa qajeelaa male isin hin qabsiisu jedhe *Fir’awn*” (*Gaafir*: 29).

Waan namichi Mu’iminaa jedhe san irraa ummata fageessuun, waan ofii qofa arge san irra dhaabatanii akka murtii irra gayan isaan dirqisiisee jira²¹. Adeemsa fir’ownaa kan amma dubbanne kanaaf, yeroo ammaa kanatti fakkaataa isaa hedduu argaa jirra. Keessattuu oduu ololaa fi kijibaa miidiyaaleen dhiyeessan irraa.

Lammaffaan: Walabummaa namni tokko waan ofii qoratee irra gaye san ibsachuuf qabuudha. Kunis mirga yaada

²¹ - Ibnu Aashuur, Attahariir wa Attanwiir 24/ 133.

san bilisaan namoota jiddutti facaasuu, isaan nama amansiisuuf yaaluu, yaada irra gaye san irraa yaada isa faallessan mormachuu fa'a. Mirga yaada ibsachuu keessaa inni kuni hedduu barbaachisaadha. Hiikni walabummaa yaadaa kan heddumminaan itti fayyadamus isa kana. Kanaafuu gatiin yaanni onnee/sammuu qofa keessatti haguugameef qabu maali? Maal fayyada yoo gadi baafamee hawaasni irraa hin fayyadamin?

Kanaafuu bilisummaa yaadaa jechuun, yaanni kuni gufuu tokkoon ala, osoo qaamni alaa tokko isa hin cunqursine gara nama biraatti gayuu jechuudha. Gufuun kunis nama dhuunfaa san yaada isaa ibsachuu dhoorguu, mirga yaada ofii saniin namoota biraa amnsiisuuf yaaluu irraa fudhachuu, mirga yaada ofii san irraa ittisuu isa dhoorgachuu, karaalee fi tooftaalee inni yaada san ittiin ibsachuuf deemu harkatti cufuu fa'a qabata. Gufuulee kanneen keessaa tokkos argamnaa, mirga yaada ibsachuu daangessuu jedhama.

Tarii amaloonni nama dhuunfaa kanneen akka namni bilisaan hin yaanne fi dhugaa jirutti akka hin geenye kan nama godhanis sadarkaa walabummaa yaadaa kana jala ni galu ta'a. San keessaa, fedhiin nama daangessuu, duudhaalee fi aadaan dhaalaman nama daangessuu fa'a. Kunniin hunduu gufuu walabummaa yaadaa kan sammuu yaada kanaan dura daangeffame/murteeffame qofatti akka gayu godhan jedhamuun beekamu.

Walabummaan yaadaa kan hiikkaa jalqabaa fi lammataa jala jiru kun itti gaafatamummaa hawaasaa jalatti yoo kan ramadamu ta'e, bifa kanaan itti gaafatamummaa hawaasaa fi dhuunfaan irratti walsiman jedhamee fudhatama. Kanas kan jenneef hawaasni aadaa fi duudhaalee tokko tokko akka gufuu

walabummaa yaadaatti itti fayyadamuu keessatti waan ga'ee qabaniifi.

Wanti guddaan nuti qayyabachuu qabnu, walabummaa yaadaa jechuun yaada namichi tokko yaadee sammuu isaa irraa qofa burqisiisetti hin dhaabaatu. Walabummaan yaadaa kun sadarkaa dhuunfaan yaada burqisiisuu bira kutee yaada namni tokko nama biraa irraa fudhatus of keessatti hammata, namni sunis yaada san deeggaruu fi deeggaruu dhabuu isaa bilisaan ibsachuus of keessatti qabata. Akkasumas mirga yaada saniin nama amansiisuu fi yaada namoota jiddutti facaasuunis walabummaa yaadaa jalatti ramadamu.

Walabummaan yaadaa kuni seeraa fi adeemsaan kan daangeffame ta'uun isaa shakkii hin qabu. Seerota isa daangessan keessaa: odeeffannoo jiru sirritti qorachuu, tooftaalee dhugaa sanitti nama geessan filachuu, bu'aa ummataa argamsiisuu keessatti garaa qulqulluun, kutannoon ka'uu fa'a. Yoo seerota kana hin eeggatin, gara dogongora babal'isuu, yaada ofiitiin dagamuu fi ofittummaa fa'atti nama geessa.

Akkasumas walabummaan yaadaa kuni daangeffama safuutiin kan daangeffameedha. Fakkeenyaaf: yaada bakka tokkoo fuudhanii bakka biraa geessuu keessatti dhugaa dubbachuu, yeroo nama amansiisuuf yaalan naamusaa fi amala gaaritti fayyadamuu fa'a. yoo akkas hin ta'in, walabummaan yaadaa kuni gara kijibaatti, gara nama gowwoomsuutti, gara yaadaan nama waraanuutti nama geessa. Yeroo kana geengoo bilisaan yaada ibsachuu san keessaa bayuun gara mirga namoota biraa dhiibuutti seena. Kuni immoo hiikkaa walabummaa yaadaa nuti kitaaba kana keessatti itti fayyadamnu faallessa, akkasumas kan hawaasa biratti baratames ni faallessa.

2- Bu'uura Seerri Amantii Islaamaa Walabummaa Yaadaatiif Kaaye

Barumsi amantii Islaamaa, walabummaa yaadaa kana akka bu'uura mirga Muslima tokkoof hayyamamuu qofatti kan fudhatu osoo hin taane, akka dirqama Muslima tokko irra jiruuttis fudhata. Walabummaan yaadaa kun hedduuminaan cimsamtee irra deddeebi'amtee dubbatamuu isii irraa kan ka'e, tarii sadarkaa kaayyolee shari'aa keessaa kortoo 'wantoota dirqamaan namaaf guutamuu qabani' sanitti dhiyaata jennee fudhachuu dandeenya.

Keeyyata Qur'aanaa keessaa kan jalqaba ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) irratti buufame, keeyyatoota suuraa Alaq yoo ta'u; keeyyatoonni kunis amantii Islaamaa keessatti sonoota bu'uuraa kan akka: jiraachuu Rabbii, sona hawaa kanaa fi dhuma (booddee) isaa fa'a ibsu. Bifuma walfakkaatuun keeyyatoota san keessatti seera mirga walabummaa yaadaa kana deeggarus jecha Rabbii kana keessatti arguu dandeenya:

أَرْبَعٌ الَّتِي بَيْنَهُنَّ ⑨ عَبْدًا إِذَا صَلَّى ⑩ أَرْبَعٌ إِنْ كَانَ عَلَى الْهُدَى ⑪ أَوْ أَمَرَ بِالْقَوَى ⑫

سورة العلق آية : (12-9)

“*Namicha [abuu jahli] gabricha [Muhammad] salaatu dhoorgu naaf himi (isa caalaa kan nama dinqisiisu ni argitaa?), [kan salaata irraa dhoorgamu kun] yoo karaa sirrii irra jiraate hoo, yookii yoo Rabbiin sodaachutti ajaje hoo?*”(Al-Alaq: 9-12).

Keeyyata Qur'aanaa kana keessa dinqisiifannaa mormii fi isa xiqqeessuu of keessatti qabatu argina. Kanaafuu namichi ergamaa Rabbii(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) salaata irraa dhorgu, kan mirga amantii isaanii fi Rabbiin gabbaruu isaan irraa mulquuf yaalu, kan akka isaan gara amantii

haarayaa kanatti nama hin yaamne isaan doorsisu, jidduu mirga yaada ibsachuu fi mirga yaada saniin nama amnsiifachuu seenee dhoorgee jira jechuudha.²² Walabummaa yaada ofii ibsachuu kana keeyyata Qur'aana isa jalqaba bu'e keessatti dubbatamuun qoftiyyuu ²³, seera Islaamaa keessatti walabummaan yaadaa bakka akkamii akka qabu ibsuuf gayaadha.

Barumsa amantii Islaamaa keessatti, walabummaan yaadaa seensa gara Iimaana dhugaatti nama geessu jedhamee fudhatama. Amantii Islaamaa kanatti amanuun madaala amantiitiin guutuu ta'ee kan argamu yoo bu'uurri isaa bilisummaa waa xiinxalluu irratti bu'uureffame qofa. Sammuun dhiibbaa alaa kan akka duudhaalee abbootii irraa dhaalaman, yookiin yaada namoonni biraa namaaf dhiyeessan kamiyyuu irraa bilisa ta'ee, bifa bilisa ta'een ilaalcha ofiitiin yoo amantii san qabate namni sun sirritti amane kan jedhamu.

Kanaafuu hayyoonni amantii Islaamaa muraasni nama amantii keessatti homa namni dalage qofa akkeeffatuun '*hin amanne*' jedhaniin. Hayyoonni hedduun immoo iimaanni isaa sun hir'uudha jedhan.²⁴ Kunis seera walabummaa yaadaa mirkaneessu ta'ee kan hiikkaa sadaffaa kanaan dura dubbanne saniin walsimatuudha. Hiikkaan sunis, wantoota akka bilisa ta'anii hin yaanne nama godhan irraa bilisa ta'uu, kan akka

²² - Al-Beeйдаawii - Anwaaru Attanziil (746), Ibni Aashuur-Atthriir wa Attanwiir: (30/447).

²³ - Keeyyanni Kun, keeyyatoota shanan suuraa jalqaba buufamee saniin waliin hin buufamne, garuu irra qabatamaa jechoota hayyootaa kana keessatti, keeyyatoota shananitti aantee keeyyata jalqabaati jedhamtee yaadamti. Ibnu Aashuur: madda dabre, (30/444) ilaali.

²⁴ - Al-Bagdaadii: Usuulu Addiin: (254), Al-laqaanii, sharhu Al-Jawharaa: (26).

fedhii ofii jala deemuu, duudhaalee fi aadaa abbootii irraa dhaalaman fa'a.

Akksumas walabummaan yaadaa kun guutuu ta'ee kan argamu, haallan, odeeffannoowwanii fi tooftaan itti fayadaman yoo namaaf mijaawaa ta'ee argamee fi gufuun yaada bilisaa burqisiisuu nama dhoorgu yoo dhabameedha. Qur'aana Rabbii guddaa keessatti, seerri wantoonni kunniin akka namaa guutaman ajajuu fi walabummaa kana barbaada carraaqii godhuun dirqama ta'uu isaa ibsu dubbatamee jira. Rabbiin akkana jedha:

إِنَّ الَّذِينَ تَوَفَّيْنَاهُمُ الْمَلَائِكَةَ ظَالِمِينَ أَلْفًا مِّنْ أَنفُسِهِمْ قَالُوا فِيمَ كُنْتُمْ قَالُوا كُنَّا مُسْتَضْعَفِينَ فِي الْأَرْضِ قَالُوا أَلَمْ تَكُنْ أَرْضَ

اللَّهِ وَسِعَةً فَهَاجِرُوا فِيهَا قَالُوا لَيْتَكُمَا وَنَهُمُ جَهَنَّمَ وَسَاءَتْ مَصِيرًا ﴿٩٧﴾

سورة النساء : آية (97)

“Warroota haala lubbu isaanii kan miidhan ta’aniin Malaa’ikaan isaan ajjeefte, (yeroo duniyaa irra jirtan sanitti) maal keessa turtan jennaaniin, dachii irratti dadhabootaa fi hacuucamoo taanee hafne jedhan. Malaa’ikaanis “maali dachiin Rabbii bal’oodha mitii maaliif keessa hin deeminaa?” (bakka itti hacuucamtan irraa maaliif hin godaaninaa?jedhaniin). Jara san teessoon isaanii ibidda Jahannam keessa, deebiin namaa jahannamitti ta’uun waa hammaate” (Annisaa’u:97).

Hiiikkaan keeyyata kanaas, namoonni ganda warra Rabbitti kafaree keesaa jiraachuu filatan adabbii haqa godhachuu isaanii ibsa. Sababni isaas biyya akkasii keessa jiraachuun isaanii jireenya ofii sodaa Rabbii irratti bu’uureffachuu keessatti gufuun xiinxalaa hedduun waan argamaniifi. Akkasumas achitti hafiinsi isaanii yaada qaban

ibsachuu irraa isaan lugaamuu fide. Isaan kunis gufuu kana keessaa gara bakka yaada bilisaan itti ibsachuu danda'aniitti godaanuuf tattaafii hin goone.

Qur'aanni kabajamaan, walabummaa yaadaa kana ifaan ifatti ibsachuu fi jidduu namaattis facaasuu kana akka bu'uuraalee hawaasaa kan hundeeffama ummata tokkootiif, isa tiksuu fi tokkummaa isaa eeguuf utubaa ta'aniitti ibsa. Kana ilaalchisee Rabbiin guddaan Qur'aana isaa keessatti akkana jedha”

وَلَتَكُنْ مِنْكُمْ أُمَّةٌ يَدْعُونَ إِلَى الْخَيْرِ وَيَأْمُرُونَ بِالْعُرْفِ وَيَنْهَوْنَ عَنِ الْمُنْكَرِ وَأُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ

﴿١٠٤﴾ وَلَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ تَفَرَّقُوا وَاخْتَلَفُوا مِنْ بَعْدِ مَا جَاءَهُمُ الْبَيِّنَاتُ وَأُولَئِكَ لَهُمْ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿١٠٥﴾

سورة آل عمران : آية (105-104)

“Isin keessaa gareen keeyritti nama yaamtu, tanwaan gaaritti nama ajajjuu fiwaan badii irraa nama dhoowwitu haa jiraattu [argamuu qabdi], gareen sun [kanneen gaaritti nama ajajanii badii irraa nama seeran] warra milkaaye irraayyi. Akka warroota eega dhugaan Rabbiin biraa isaanitti dhufte addaan faffaca'ee walldhabee hin ta'inaa”(Aala Imraan: 104-105).

Gaaritti wal ajajjuu fi badii irraa wal seeruun, hundee walabummaa yaadaati. Walabummaa kana nama irraa fudhachuun yookii namani isii shaakaluu irraa of qusachuun, akka tokkummaa ummata dhabamsiisuu fi hariiroon gabroonni Rabbii isaaniitiin qaban citutti akka nama geessu ta'uu isaa ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) nuu ibsanii jiru. Kana irratti ergamaan Rabbii akkana jedhan: “Wantoota gaggaariitti wal ajajjuu qabdan, badii irraa wal dhoorguu qabdu, nama nama miidhu harka isaa qabuu qabdan (miidhaa san irraa dhoorguu qabdu), haqa yookiin dhugaa

irratti isa kakaasuu qabdu, yoo kana hin goone Rabbiin onnee garii keessanii isa gariitiin wal-faallessee haftu, sana booda yoo Rabbiinis kadhattan kadhaan keessan isinii hin awwaatamtu''²⁵.

Gama wanta jedhame kana shaakalliidhaan lafa irratti argamsiisuutiin immoo, sammuu namaa tana gufuuwwan lubbuu isii jalaa baasuuf, seenaan nabiiyyii keennaa fakkeeniyota gaggaarii sonoota walabummaa yaadaa ibsaniin kan guutamteedha. Sonoota seenaa nabiiyyii kana keessatti, sammuu namaa kana dhiibbaa qaama alaa kan yaaduu isaa irratti dhiibbaa fidan irraa baraaruu fi dhiibbaa keessaa kan akka fedhii lubbuu namichaa akka inni guutumatti bilisa ta'ee murtii yaada yaaduu irratti fudhatu daangessan irraa bilisa godhuu fi karaan ittiin yaada san ibsatuu fi ittiin nama amansiisus saaqamuuu akka qaban nuuf ibsa. Kitaabonni seenaa ergamaa Rabbi fakkeeniyota kanaan kan guutamaniidha.

Walabummaa yaadaa kana keessatti, seerri Islaamaa wantoota walabummaan kun akka bifa uumaa isaa gadi hin dhiifne fi akka karaa sirrii irraa hin baane eegan yookiin wabii ta'anis kaayu malee hin dhiifne. Mirgaa fi dirqama walabummaa yaadaa kana daangeffamoota mirga kana eeganiin haguugee jira. San keessaa daangeffama adeemsa fi naamusa gaariin kan wal qabatetu jira.

Daangeffamni adeemsa odeeffannoo argatan kana osoo yaada isaa ibsanii namoota jiddutti hin facaasiniin dura dhugummaa isaa mirkaneeffachuu fi sirritti qayyabachuun dirqama ta'uu fa'a qabata. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

²⁵ - Abuu Daawud, Malaahim, lakk. 4336.

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا إِن جَاءَكُمْ فَاسِقٌ بِنِيءٍ فَتَبَيَّنُوا أَن تُصِيبُوا قَوْمًا بِمِجَالَةٍ فَتُصْحَبُوا عَلَيْهِ مَا فَعَلْتُمْ نَدْمًا

سورة الحجرات : آية (6)

“Yaa warra (Rabbitti) amantan, yoo namni faasiqaa [namni karaa Rabbi irraa bahe] tokko oduu wayiitiin isiniiti dhufe, [jalqaba dhugummaa oduu sanii] adda baafadhaa! Akka wallaalummaan [dhugaa addaan baafachuu dhabuun] tuuta garii [dharaan] miitani, booda waan dalaydan saniif akka hin sheenofne” (Al-Hujuraat: 6).

Ammas Rabbiin akkana jedha:

وَإِذَا جَاءَهُمْ أَمْرٌ مِنَ الْأَمْنِ أَوِ الْخَوْفِ أَذَاعُوا بِهِ وَلَوْ رَدُّوهُ إِلَى الرَّسُولِ وَإِلَى أُولِي الْأَمْرِ مِنْهُمْ

لَعَلِمَهُ الَّذِينَ يَسْتَنْبِطُونَهُ مِنْهُمْ وَلَوْ لَا فَضَّلَ اللَّهُ عَلَيْكُمْ وَرَحْمَتَهُ لَاتَّبَعْتُمُ الشَّيْطَانَ إِلَّا قَلِيلًا

سورة النساء : آية (83)

“Yeroo dhimmi nagayatti yookiin sodatti rarra’u yoo isaan itti dhufe, dubbii hafarsanii nama jiddutti faffacaasu, osoo [haga dubbii faffacaasan] ergamaa Rabbitti fi hooggantoota isaaniitti deebisani, silaa dhugaa jiru warri beekumsa qabu isaanii addaan baasaaf” (Al Nisa’a:83).

Ammas wantoota walabummaa yaada ibsachuu kana akka inni karaa sirrii irraa hin baaneef amantiin Islaamaa haguuggaa itti godhe keessaa inni biraa, haasaya bareeda fayyadamuun nama amansiisuu fi dubbii gaarii namatti dubbachuudha. Kana irratti Rabbiin Muusaa fi Haaruniin yeroo Fir’oownatti ergeen akkana isaaniin jedhe:

أَذْهَبًا إِلَى فِرْعَوْنَ إِنَّهُ طَغَى ﴿٤٣﴾ فَقَوْلًا لَهُ قَوْلًا لَيْتًا لَعَلَّهُ يَتَذَكَّرُ أَوْ يَخْشَى ﴿٤٤﴾ سورة طه : آية (44-43)

“Gara Fir’oownaa deemaa! Inni dhugumaan jallataa ta’ee jira. Jecha laafaa isaan jedhaa (haasaya gaarii itti haasayaa), tarii [dhugaa jiru kana] yaadachuun yookiin Rabbiin sodachuun isaa ni mala”(Xaahaa: 43-44).

Daangeffamoonni amalaa fi naamusa gaariin walqabatan kan walabummaa yaadaa kana akka inni karaa sirrii ta’e irraa hin bane daangessan kan akka: nama miidhuu fi dubbiiin nama waraanuu irraa of qusachuu fa’a. kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

إِنَّ الَّذِينَ يَرْمُونَ الْمُحْصَنَاتِ الْغَافِلَاتِ الْمُؤْمِنَاتِ لَعُنُوا فِي الدُّنْيَا وَالْآخِرَةِ وَهُمْ عَذَابٌ عَظِيمٌ

﴿٢٣﴾ سورة النور : آية (23)

“Isaannaan dubartoota Mu’iminootaa tanneen badii irraa of qusatanwaan isaan hin qabneen isaan darbatan (sagaagalummaa raawwatte jedhanii dhara irra kaayan) duniyaa fi aakirattillee abaaraman, ibidda laalessatu isaaniif jira” (Annuur: 23).

Daangeffamoonni biraa immoo, yeroo nama jajan (faarsan) bira dabarsuu dhabuu, akka jajuun/faarsuun sun gara kijibaatti yookiin waan onnee keessatti yaadan faallessuutti hin geessineef jecha. Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu), namicha nama wayii isaan biratti faarseen akkana jedhaniin:

“Yaa badii kee! Morma waahila keetii kuttee jirta!” jedhanii yeroo heddu irra deddeebi’ani. Booda akkana jedhaniin: “Namni obboleessa isaa tokko yoo dirqama faarsuu qaba ta’e akkana haa jedhu: ebalu akkana natti fakkaata, Rabbitu isa beeka, nama tokkoo Rabbiin rratti hin qulqulleessu.

Yoo isa irraa wanti beeku jiraate nama akkanaa akkanaa isa se'a haa jedhu''²⁶

Ibsoota armaan olitti goone kana irraa wanti ifa nuu ta'u, sona walabummaa yaadaatiif ergaan seerri shari'aa qabuu fi wabiileen inni mirga kana kabachisiisuuf lafa kaaye kan irratti kaayyeffatan tokkummaa Islaamaa bifa waliigalaatiin mirkaneessuudha. Tokkummaa san keessaa inni tokko, tokkummaa ilaalchaati. Walabummaan yaadaa kun tokkummaa ilaalchaa jidduu Muslimootaatti fiduuf bifa adeemsa shanan armaan olitti dubbanne, kan utubaa tokkummaa ilaalchaati jennee moggaasne sunniin mirkaneeffamuu qabu.

Tokkoo tokkoo utubaa shanan saniif walabummaan yaadaa akkamitti mirkanaayee ilaalcha Muslimtootaa tokko godhutti geessa laata? Deebii gaafii kanaa fuulduratti ibsuuf deemna. Deebii kana deebisuufis karaa lama fayyadamna. Karaan inni jalqabaa: Ibsoota afaaniiti. Ibsi kunis walabummaan yaadaa kun eega sunnaa Muslimoota jiddutti dhimma itti bayamu taate, akkamitti akka isiin sammuu namaa kana adeemsa tokkummaa ilaalchaa fiduu irratti akka guddifte nuuf ibsa. Karaan lammataa immoo ibsa tooftaa jalqabaa kanaaf seenaa Muslimoota durii yookiin dhugaa amma keessa jirru irraa ragaalee isaa dhiyeessuudhaani.

3. Walabummaa Yaadaa fi Ilaalchaa Walii Galaa

Akka bifa dhuunfaatii fi hawaasaattis, walabummaan yaadaa kun dhimmoota sammun namaa dhugaa isaa beekuuf itti dhimmantu hunda keessatti, beekumsa horachuu fi dhimma

²⁶. Bukaarii, Al-shahaadaat, mata duree namni tokko nama tokko yoo faarse... jedhu keessatti. Dabalataan madda dabre lakk. (39, 132) fi kan san boodaan jiru ilaali.

san irratti odeeffannoo ciccimoo walitti qabachuu keessatti, gara ilaalcha walii galaatti xiyyeeffachuu irratti hundaa’ a.

Sammuun ilma namaa kun dhiibbaa keessa isaatii dhufan, kan akka aadaalee fi duudhaa abbootii isaa irraa dhaale fi fedhii lubbuu isaa kan akka inni wanta dur ture qofa fudhatu godhan irraa yoo bilisa ta’e, akkasumas dhiibbaa alaan itti dhufan kan odeeffannoo garii yookiin amala wayii akka inni qabaatu isa dirqan irraa yoo bilisa ta’e, namni sun daangeffama tokko malee bilisa ta’ee sosocho’a. Odeeffannoo kamiyyuu kan dhugaa inni barbaadu san isaaf saaxilan hundaa walitti qaqqabata. Akkasumas tooftaalee fi karaa beekumsatti isa geessu hundaa ni fayyadama. Sammuun isaas dhugaa san irra gayuu fi ragaalee jiran walitti qabatee murtii sirrii ta’e fudhachuuf banaa ta’aaf.

Akkasumas carraan yaada qaban ibsachuu fi namoota yaada san faallessaniif deebii laatu yoo argame, waliin mariin namuu yaada itti dhiyeeffatee ragaalee qabatamaan irratti walmorman uumuuf karaa saaqa. Waliin marii kana irraa odeeffannoo fi tooftaaleen dur sababa bakkee isiif kennuu dhabuutiin yookiin sababoota birootiin nama jalaa dhokatanis ifa bayuun waan sammun dur walitti qabee akka odeeffannoo bu’uuraatti irratti xiyyeeffateef odeeffannoo dabalataa ta’eefi argama. Kuni immoo tarii bu’aa qorannoo sanii sirreessutti yookiin murtiilee haaraya wayii irra gayuu fa’atti nama geessuun isaa ni mala.

Kana hunda caalaa, sammun namaa beekumsa horachuu keessatti dhimma waan hunda walitti qabatutti xiyyeeffachuu irratti guddatti, dirree tooftaalee dhugatti nama geessanii irratti walitti qabamti, karaa walqixaa yookiin karaa wal fakkaataa dhugaa irratti walitti dhufi.

Faallaan kanaa yoo ta'e immoo, sadarkaalee walabummaa sadan keessaa isuma kamiyyuu daangessuun, sochii sammuu odeeffannoo wayii hubachuuf qabu hir'isa, akka sammuu kallattii tokko qofa irratti xiyyeeffattu godha, akka isiin gar-tokkee wantootaa irratti fuulleeffattu godha. Bu'aan argamu immoo akkuma tooftaan walddhabu kana hedduu addaan fagaata. Walabummaan yaadaa kunii fi ragaan deeggaramuun kuni yoo dhabame, sammuu namaa kuni gara tokkotti fuulleffata, banama diduun of keessatti cufama, carraan waa barachuu fi sirreeffachuu sammuu dhabamaa dhufa. Kuni immoo namoonni akka gargar faffaca'anii fi akka qoqqoodamaniif karaa saaqa.

Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) sahaabota (waahillan) isaanii walabummaa yaada ibsachuu irratti guddisan. Rakkinoota furuu keessatti akka isaan akka walabummaan yaadaa kuni ilaalcha walii gala isaan keessatti dagaagsitu barsiisan. Yeroo hedduu waahillan isaanii akka rakkoo/dhimma tokkoof furmaata barbaadan walitti qabu. Dhimma/rakkina san irratti akka jarri yaada isaanii kennan gaafatuun. Akka tokkoon tokkoo isaanii yaada irratti kennanii, odeeffannoo qaban himanii, tooftaalee rakkoo kana furuuf barbaachisan ibsan irra deddeebi'uun isaan gaafatu.

Kana irratti fakkeenya beekamaan, marii ergamaan Rabbii lolli Badrii osoo hin eegalin dura waahillan isaanii hunda mari'achiisani. Ergamaan Rabbii (nagayaa fi lolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) sahaabota isaanii hunda walitti qabanii dhimma Qureeyshonni kutannoon lolaaf qophaayuu kana irratti marii adeemsisan. Dhuma marii san irratti sahaabonni hunduu yaada

isaanii ibsanii akka lolaaf qophaayuu qaban irratti walii galan²⁷. Wanti ergamaan Rabbii kana godhaniif, Muslimoota yaada ibsachuu irratti guddisuufi, akka isaan mari'atanii yaada walii gala tokko irra gayan barsiisuufi. Kanaafi malee ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu), tarkaanfii fi ijjannoo sirrii ta'e Rabbiin Wahyiidhaan itti beeysisaa waan ta'eef silaa mariyyuu hin barbaachisu ture.

Gama qabatama addunyaa Islaamatti yoo deebine, akka walii galaatti, jaarraalee tokkoffaa keessa mirgi yaada ibsachuu kuni babal'atee ture. Fakkeenyi isaas heddummina karaalee (mazhaba) fiqhii fi aqiidaa irraa waan hubachuu dandeenyuudha. Akkasumas waldhabii fi walfalmii dhaabbilee siyaasaa yeroo dheeraaf gaggeeffamaa ture irraa hubachuun ni danda'ama. Kuni immoo gareeleen siyaasaa hedduun akka uumamaniif karaa saaqe. Haa ta'u malee gareeleen suni qoqqoodamiinsaa fi faca'iinsa hawaasa sanii fidan. Sababni isaas, yaanni jarri ibsataa turan sun seerota walabummaa yaadaa soneessaniin waan hin deeggaraminiifi.

Mirgoonni yaada bilisaan ibsachuu kunis bifa walii galaatiin sammuu nama Muslimaa tokko keessatti kan bocamte, bifa adeemsa addaa kan beekumsa wayii horachuuf ilaalcha walii gala irratti xiyyeeffate, kan aadaalee biraa keessatti fakkaataan isaa hin argamne irratti bu'uureeti. Kana dhugoomsuu yoo barbaadde, beekumsa ilma namaa yeroo sanitti jiru hunda isaa keessatti, amantiin Islaamaa sammuun Muslimaa akka karaa dhugaatti jiru geessan hundaa hordofuu qabu fi osoo

²⁷ - Muhammad Musxafaa, Hurriyat Arra'iyi fi Al-Islaam, fuula 70 fi kan isa booda jiru ilaali. Akkasumas hundee walmarii kan: Ibnu Hishaam, Assiiraa Annabawiyaa (1/305) keessa ilaali.

dhugaa san irraa waa takka hin hir'ifne akka qorannoo barbaachisu godhuu qabu ajaja.

Akkasumas sammun nama gadaa sanii hedduun, sochiilee fi warraaqgota waliin marii gaggeeffaman hunda irratti banamaa ta'uu mul'isa. Marii san irratti sammun ragaalee nama kamiyyuu irraa itti dhufan keessummeessuuf qophii ta'uu isii, jidduu Muslimtootaatti yookiin Muslimootaa fi na-Muslima hin ta'in jiddutti marii bifa kamiyyuu gaggeessuu fi dhugaa jiru eenyuma irraayyuu fudhachuuf qophii ta'uu isaanii mul'isa. Kuni immoo odeeffannoo fi walhubannaa hagana hin jedhamne jidduu isaaniitti argamsiise.

Yeroo tokko tokko bilisummaan baay'ee babal'ate kun rakkinnoota gara garaa fidullee, bifti dimshaashummaa ilaalcha beekumsaa keessa jiru kun, amantii Islaamaa keessatti fakkeenya tokkummaa ilaalchaa uumee argame. Kunis kan ta'eef; amantii sirritti qabachuu fi hordofuu ummata Muslimaa kan duudhaan amantii Islaamaa irratti bu'uureffame irraa kan ka'eedha. Duudhaan kunis, saayinsii Islaamummaa hunda irraa ka'ee hanga saayinsii hawaa hunda of keessatti qabata. Kana bira kutuudhaan bu'aalee ijaarsaa hunda kan akka magaalota, manneenii fi kkf hundas ni qixxisa.

Akkasumas amantiin Islaamaa, wantoota duudhaalee fi safuu isaa faallessan, kan akka dhiibbaalee amantiwwanii fi aadaalee kanaan dura namoonni ittiin aadeffatan akka isiin bilisummaa ilaalchaa irratti dhiibbaa hin finne dhoorga. Kana irratti hayyuun *Imaam Al-Gazaalii* jedhamu xiinxala warra Girikootaa yeroo mormu akkana jechuun ibse: “Ani yeroo isaan mormuuf isaanitti seenu, seensa nama dhimma badaa saniif isaan mormuuti malee, seensa nama waan isaan dalagan san raggaasisuutii miti. Guutumatti waan isaan yaadan san harkatti

balleeseen karaa adda addaa isaan qabsiiseen biraa deema. Yeroo garii mazhaba *Mu'utazilaa*, yeroo kaan kan *karraamiyaa*, yookaan kan *waaqifiyyaa* fa'a isaan qabsiisa. Mazhaba kamiyyuu irraa deebisuufii miti.

Imaam Al-Gazaaliin haasaya isaa itti fufuun garee (mazhaba) kamiyyuu hin deeggaru, inumayyuu ummata hunda isaan irratti tokko godha. Tarii gareewwan hundeen dhimma gadi bu'iinsaan waa qorachuu irratti nu mormuun ni mala. Garuu jarri kun immoo dhimma aqiidaa (amantii) falmu waan ta'eef isaanitti bayuu qabna, bakkaa fi yeroo rakkinaatti gara laafinni ni bada"²⁸.

Tokkummaan ilaalchaa kan *Al-Gazaaliin* falaasama Girikootaa mormuuf itti fayyadame kun dimshaashummaa xiinxala/ilaalcha Islaamaa keessa jiru mul'isu. Gareeleen *Al-Gazaaliin* olitti dubbate kunniin hundinuu xiinxala, amantii, fi ragaa dhiyeeffatanii namaan falmuu keessatti hedduu banaa waan ta'aniif, *Al-Gazaaliinis* mul'ataa fi ijannoo isaanii kan sammuu banaa qaban kana akka ragaatti Girikootaaf dhiyeessuun itti fayyadame.

Seenaa ilaalcha Muslimtootaa gadi qabnee yoo sirritti xiinxallu, walabummaan yaada dhiyeeffachuu yeroo fi bakka wayiitti ukkaamfamee jennaan, yookii walabummaan yaadaa kuni garee wayii irraa mulqamee jennaan, odeeffannoon argamanii fi tooftaaleen murtiilee fi beekkumsi adda addaa irratti bu'uureffamanis ni ukkaamfamu. Kuni immoo akka sammuu dhiphoo gar-tokkee wantootaa malee dimshaashummaa hin beekne, qoqqoodamaa fi faffaca'iinsa malee tokkummaa hin beekne akka uumamu godha.

²⁸ - *Al-Gazaalii* – tahaafatu *Al-falaasifaa*, 82-83.

Fakkeenya kanaa yoo barbaadde, gadaa dadhabina keessa daangeffama carraaqqii fiqhii irratti godhame kan sadarkaa ukkaamsa carraaqqiitti nama geese ilaali. Ukkaamsi sunis akka samuun beektotaa ibsoota beektonni isaan duraa lafa kaayan qofa irratti gabaabatan godhe. Akkasumas gama ilaalchaatiin immoo akka beektonni kunniin rakkinootaa fi dhimmoota qabatamaan haalli jireenya Muslimoota ammaa keessa jiru akka hin hubanne godhe. Itti dabalunni, akka isaan odeeffannoo ibsa keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaas hin fayyadamne isaan haguuge. Kuni immoo akka barnoonni fiqhii gadaa sanii sun yaada gar-tokkee ta'ee, sunuu faffaca'aa ta'u fi furmaata ni ta'a jedhamanii kaayamanis jireenya Muslimootaa kan ijaarsaa fi misooma guddina addunyaa irratti xiyyeeffateef qajeelcha gayaa ta'ee akka hin argamne taasise.

Fakkeenya biraa immoo, warroota karaa *Suufiyyootaa* hordofan fudhu. Jarri kun heddumminaan kan irratti xiyyeeffatan afuura amantii cimsuu qofa irratti. Jechootuma beektonni isaanii jedhan qofatti amanu. Ijjannoon isaanii haala qabatama jireenya battalaa irraa waa burqisiisuuf mirga akkasii kan sarbameedha. Akkasumas shaakalliiwwanii fi yaadota samuu namoota biro irraa burqan irraa odeeffannoo fudhatuufis ukkaamfama keessa jiru. Kanaafuu murtiin isaanii hedduun kan dhuunfaan wal-qabatte, kan dimshaadhummaa hin qabne, kan seera walii gala ta'ee tumamee maxxanfamuu hin dandeenye ta'ee hafe.

Walumaa galatti, akka walabummaan yaada ofii bilisaan ibsachuu kun dhiphataa yookiin ukkamfamaa dhufuun, sochiin sammuun namaa odeeffannoo jiru guuruu fi tooftaalee barbaachisanitti fayyadamuun wanta irraa barbaadamu sanitti gayuuf godhu dhiphataa dhufa. Dhuma irratti bu'aan kana irraa argamu immoo, murtii/qajeelfama yookiin ijannoo namoota

dhuunfaaf malee ummata guutuu hin qixxifne, kan jireenya ummataatiif seera wayii irraa qabsiifachuu hin dandeenye ta'ee hafa.

4- Walabummaa Yaadaatii fi Adeemsa Tokkummaa

Walabummaan yaadaa kun, qilleensa bareedaasammuun namaa ilaalcha beekumsa horachuu keessatti walfudhannaa fi tokkummaan irratti guddatuudha. Sababni kana jenneef; sammuun namaa kun hidhaa fi ukkmfama qaama alaatii fi keessaa irraa isatti godhamu hunda irraa yoo bilisa ta'ee argame, carraan waa walbira qabee ilaalu, gadi bu'iinsaan waa xiinxaluu, wantoota walfakkaatan walmadaalsisee hubachuuf yaaluu isaa dabalaa deema. Dhuma irratti immoo amaloota waliinii kan wantoonni walfakkatan qabna kana hubachutti xiyyeeffata, hubannaa fi qayyabannaa isaa kana keessattis karaa tokkummaa fi walsimsiisuuf yaaluu hordofa. Kanuma irraa aadaan waa walsimsiisuu isa keessatti guddataa dhufa.

Sammuun namaa dhiibbaa irraa bilisa ta'uu baatee, qoranoo gaggeessuun duratti odeeffannoo sammuu isaa keessatti qaamni alaa boce qofa fudhachuuf yoo qophaaye, homa fedhiin lubbuu isaa itti ajajjuu fi duudhaa jala qofa kan deemu yoo ta'e; sammuu isaa yeroo san waan dur isa keessatti bocameen alatti dhugaa kamiyyuu hin argu. Sababootaa fi kaayyoowwan inni argu hunduu kan odeeffannoo dur inni sammuu keessaa qabuun walitti dhiyaatu qofa.

Sammuun akkanaa kun odeeffannoo isa qofa bira jiran keessummeessa. Tooftaalee fi karaa dhugatti nama geessan hin qoratu. Hariiroo jidduu odeeffannoo adda addaa

jiran walitti fiduun hin hubatu. Inummayyuu akka olola gara garaatti ilaala. Yaada gara garaa kana walitti qabee, hubatee, cuunfee gara kaayyoo waliiniitti geessuu hin danda’u. Yaada kana ibsa godhuuf mee fakkeeniyota lamaan armaan gadii kana haa ilaallu:

Tokkoffaa: Fakkeenya Qur’aana keessatti dhimma sammuu gosa Fir’ownaa ilaalchisee dubbatame. Ummanni Fir’ownaa sun, Fir’ownaa fi kaadireewwan isaa mirga isaanii irraa sarbanii gara waan Rabbummaa Fir’owna himate san tajaajiluu qofatti isaan qajeelchan. Odeeffannoo Fir’owna ani Rabbi jedheen ala kan san faallessu hunda itti hin dhiisan. Kuni immoo akka sammuu isaani argama wayii hubachuu irratti dhamaatee haftu godhee, dhimmoota wayii wal bira qabnii ilaalutti dadhaboo ta’anii hafan, dhugaa walii gala tokkotti gayuuf wantoota walsimsiisuu irrattis dadhabaa ta’anii argaman. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

وَلَقَدْ أَخَذْنَا آلَ فِرْعَوْنَ بِالسِّنِينَ وَنَقَصْنَا مِنَ الثَّمَرَاتِ لَعَلَّهُمْ يَذَكَّرُونَ ﴿١٣٠﴾ فَإِذَا

جَاءَتْهُمْ الْحَسَنَةُ قَالُوا لَنَا هَذِهِ وَإِنْ تُصِيبُهُمْ سَيِّئَةٌ يَطَّيَّرُوا بِمُوسَىٰ وَمَنْ مَعَهُ ۗ أَلَا إِنَّمَا طَّيَّرَهُمْ عِنْدَ

اللَّهِ وَلَكِنْ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿١٣١﴾ سورة الأعراف : آية (130-131)

*(Warra Fir’ownaahoongee fi firii oomisha isaanii xiqqeessuun dhugumatti isaan qormaanee jirra, akka isaan gorfamaniif jecha. * Yeroo wanti gaariin isaaniif dhuftuusiin tuni nurraayyi jedhan, yoo rakkoon wayii isaan tuuyxe immo Muusaa fi warra isa waliin jirutti hooddatan (caraa/tafaa’ula ilaallatan). Carraa isaanii Rabbiin qofa irraayyi, garuu hedduun jaraa hin beekani” (Al-A’iraaf:130-131)*

Tuutni/ummanni Fir'oownaa sammuu isaanii dadhabduu sanitti fayyadamuun qananiif fi hoongee isaan dhaqqabde san yeroo hiikan, qananiif argame kana nutu dalagee argate jechuun, hoongee jaratti bu'e immoo Muusaa fi namoota isa waliin jirantu carraa nutti bade jechuun hiikkatan. Hiika kana irratti hayyuun Ibnu Aashuur akkana jedhe: "Namni amantii isaanii faallessu isaan jiddutti argamuun akka sababa balaa fi miidhaaf isaan saaxileetti fudhatanii isaanitti carraa/tafaa'ula badan, sababni balaa beelaa fi hoongee isaan dhaqqabdee kun cubbuu fi badii isaan dalaganiif ta'uu hin beeyne... kuni jallinna keessaallee ijaan jaamuudha".

Ibnu Aashuur itti fufuun akkana jedha: "Sababa qalbiin isaanii jaamuutiin, maddi balaa isaan tuqee kunis maal akka ta'e addaan baafachuu hin dandeenye. Kanaafuu carraa/tafaa'ula baduun dhaadannoo warra Rabbitti waa yagutoomsuuti. Warra Rabbitti waa dabaluu biratti, carraa ilaallachuun kuni sababa wanti sun argameef osoo hin taane, dhibbeentaa wantoota sababa san argamsiisanii irratti hundaa'a. kuni immoo ololaa fi kijiba namoonni lafa kaayani malee dhugaa miti"²⁹.

Lammaffaan: dhimmoota miidiyaalee biyyoota dhihaa irraa arginu, kan qaamni jiddu-gala booniinsaa too'annoo ofii jalaa qabu kana. Jiddu-galli oduu kunis gama dhaabbilee sab-qunnamtii adda addaatti dhimma bayuun, dhimmoota naannoo fi akka sadarkaa addunyaatti jiran bifa adda ta'een fi qajeelcha adda ta'een akka dhimmi sun

²⁹- Ibnu Aashuur, Attahriir wa Attanwiir, (9/66).

dhimmuma naannoo sanii qofaati jedhee sammun namaa fudhaytutti dhiyeessu.

Sababa miidiyaa addunyaa hunda too'atanii harkaa qabaniif jecha, sammun namootaa (keessattuu kan hedduu barumsa hin qabne) odeeffannoo argame kana yeroo calalanii hubatan akka dhimma addunyaan duubaan jirtuutti osoo hin taane, rakkinnuma naannoo isaanii qofa godhanii akka fudhatan taasifamanii jiru. Ergaan rakkinnoota/dhimmoota argaman kana duubaan jiru osoo walitti qabatani, silaa dhugaa qaamni rakkinnoota addunyaa kana hunda duubaan dhaabbatu fi rakkinnoota argaman kanas akka faayidaa isaa isaaf kabachiisutti gara fedhee fi bakka fedhetti gargalchuun akka adunyaa booressaa jiran hubachuun ni danda'ama ture.

Sammun dhaloota ammaa hedduun (keessattuu kan namota bilchinna barnootaa hin qabne) bifa kanaan haguuggamtee, sababa ukkaamfama walabummaa yaada ibsachuutiin, harka miidiyaalee addunyaa kanneen dhimma dhuunfaa isaanii kabachisiifachuuf argamoota adda addaa uumaniif tapha ta'ee hafee jira.

Gama walabummaa yaadaa sadarkaa beeksisaa fi ragaalee dhiyeeffachuutiinis, bifa waliin marii namuu ragaalee qabu dhiyeeffatuutiin osoo dhiyaatee, ragaalee dhiyaataniifis dhugummaa isaanii qofa irratti osoo xiyyeeffatamee, silaa madaalliiwwanii fi safartuuwwan namoonni waa himatan ittiin madaalaman ta'ee argama. Yeroo kana samuun namaa dhimmootaa fi rakkinnoota argaman hundaaf madaala tokko irratti bu'uureffata.

Sammun namaa yoo faallaa kanaa taatee, yaada ofii malee kan biraatiif banama qabaachuu baatte,

madaalliiwwan isiin ittiin waa ilaaltus madaallii dhuunfaa ta'a. Akkasumas adeemsi sammuu sun dhimma wayii irratti qorannoo taasisuuf deemus, qajeelchaa fi hiika dhimma saniif kennu keessatti madaala tokko akka inni hin qabanne godha.

Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu), waahillan isaanii walabummaa yaada ibsachuu irratti guddisaniin. Walabummaan isaan argatan kun immoo akka isaan dhimmoota argamaniif hiika kennuufi qayaabachuu keessatti walsimsiisuu fi bifa tokkochoomsuu akka isaan qabaatan taasise. Murtiilee jireenya Islaamummaa baasan/bocan hunda keessattis akka xiyyeeffannaan isii gara Rabbiitti gayuu ta'u godhe.

Sammuu jaraa kanaan, sadarkaa Qur'aana walitti qabuu, sadarkaa heddu keessa dabruun dhuma irratti yaada Qur'aana kana kitaaba tokko keessatti walitti qabuu jedhu irra gaye. Innis *Mus-hafa Usmaan* jedhamuun moggaafamee Muslimoonni hundi akka isatti fayyadaman taasifame. Sammuma jaraattu ammas gadaa Umar Ibnu Al-Kaxxaab bulchiinsa/ Kaliifaa Muslimootaa turetti, sirni bulchiinsaa guddataa dhufee, qoqqoodamiinsi hojii fi adeemsi hojiis rogatti deebi'ee, dhimmi bulchiinsaa hundi madaala amantii irratti hundaa'uun ummata tajaajiluu ta'e.

Bifa amma dubbanne kanaan sammuu hawaasa Muslimaa bocamaa dhufte. Sammuun isaanii kungsi amantii fi adeemsa keessatti sammuu gamtoomaa fi tokkummatti amanu taatee argamte. Walabummaan yaada ibsachuu kan jaarraalee jalqabaa keessatti argamte sun, sammuu Muslimaa kanaaf carraa bal'aa *mazhabootaa* fi gareewwan amantii hedduu wajjiin waliin marii gaggeessuu laatteef.

Akkasumas carraa marii dhimma aadaawwanii fi amantiiwwan biroo irratti gaggeessuus argate. Kuni immoo bifa walii galaatiin yoo ilaalle; akka sammun Muslimootaa gama murtii hojii iraa oolchuu irraa gara sababa waliinii kan dhimma murtiin irratti kenname san waliin walqabatan qorachuu, fi gara firii xiinxalaa fi hojiitti xiyyeeffachuutti akka fuulleffatu godhe.

Akkasumas firii xiinxalaa kanas amantii isaanii tajaajiluuf itti fayyadamuu akka qaban godhe. Kuni immoo kaayyoo walii gala kan Rabbiin dhala namaa kana hunda uumeefi. Kunis kan ifa ta'uun gumaacha Muslimoonni gosa barnoota adda addaa guddisuu irratti godhan irraa ni hubatama. Fakkeenyaaf barnoota Usuul al-fiqhi, barnoota Annaqdi Ashi'irii fi saayinsii hawaasummaa kan Ibnu Kalduun fa'a.

Seenaa Islaamotaa keessatti, akka bakkeen mirgi yaada ibsachuu kuni qabu dhiphataa dhufeen, adeemsi addaa amantii kana keessa jirus dadhabaa dhufe. Gadaa Islaamummaa kan jaarraalee jalqabaa keessatti, yeroo walabummaan yaada ibsachuu hawaasa Muslimootaa hunda keessa faffacaate sanitti, addummaan ummanni waa walsimsiisuu fi tokko godhuuf qabu baay'ee guddaa ture. Garuu jaarraa shanaffaan booda, biyyoonni Muslimaa gar gar qoqqoodamanii, sirni siyaasa abbaa irrees babal'ataa dhufee jennaan ukkaamsaan xiinxala irratti godhamu guddataa dhufe, balballi carraaqqii yaadaa hundis cufamuu eegale. Sababa karaan suufizim babal'ataa dhufuutiin amalli dur ummanni tokkummaaf qabu sunis dadhabaa dhufe.

Barruulee fi kitaabban hayyootaa hedduun dhimmoota beekumsaa gar-tokkee fi dameelee isaa irratti

xiyeeffachuu eegalan. Kuni immoo faallaa jaarrota jalqabaa keessatti waan argameeti. Jaarraalee duraa keessatti haala jireenya namaa kana bifa tokko kan amantii Islaamaatiin walgituu fi kan kaayyoon isaa hunduu gara Rabbii irratti xiyeeffataa ta'e bocuu ture. Kanaan dura dhimmi beekumsa namaa kan walii galaa fudhatamee barnoota amantii Islaamaa waliin akka ragaatti walitti bocamee dhugummaa amantii kanaa mirkaneessuu fi wantoota gaarummaa fi badiinsi isaa namatti walfakkaatan addaan baafachuuf itti fayyadamama ture.

Bal'inna xiinxalaa fi ilaalchaa Muslimoota jaarraa jalqabaa bira jiru ilaalchisee qopheessaan kitaaba Miftaahu Assa'aadaa [furtuu milkii] akkana jedhe: "Dhimmi barnoota amantii Islaamaa kun akkuma saayinsiin babal'ataniin waliin babal'ataa deema. Muslimoonni beekumsa/ barnootuma haaraya kamiyyuu arginaan, beekumsa wayii irraa qabsiifatanii mata duree dhimma amantiitti dabalun ragaadhaaf itti fayyadamu"³⁰.

5- Walabummaa Yaadaatii fi Dhugaa Lafa Irra Jiru

Dhugaan qabatamaa dhimma battalaa ta'ee sochii beekumsaaf godhamu keessatti irra wanta sammuu namaatti dhiyaatuuti. Sammuu namaa kun osoo akkuma uumametti dhiifame, uumamni inni irratti uumame tun kallattimaan akka dhugaa qabatama uumamaa fi xiinxala jiruu qabaatu godha. Akkasumas sammun namaa kun akka jireenya waliinii irratti dhimma isaa fi namoota biraa rakkisan irratti akka isaan waliin marii taasisu qajeelcha. Dhugaa qabatamaan lafa irra

³⁰- Miftaahu Assa'aadaa– Xaash Kubraa Zaadaa.

jiru kanatti gayuuf, sammuun guutumaan guututti bilisa ta'ee dhiibbaa tokkoon ala yaaduu qaba.

Kunis kan nuuf ibsu, jiraattonni baadiyaa sammuu isaanii dhiibbaa hariiroo hawaasummaa fi xaxama haalli jireenya magaalummaa sammuu isaanii irratti fidu irraa akkamitti akka bilisoomsuu danda'an nuuf akeeka. Akkasumas jiraattonni baadiyaa warra magaalaa caalaa qabatama dhugaa irratti kan hundaa'an ta'uu nuuf ibsa. Ragaan kanaas yeroo jalqaba amantiin Islaamaa dhufu gosti Arabaa sababa amalli baadiyummaa isaan keesatti baay'atee argamuuf dhugaa qabatamaa waliin deemuu isaaniiti, faallaan sanii immoo xiinxala Girikootaa, Iraanotaa fi Hindootaa kan falaasama keessa gadi lixe qabatama dhugaa iraa hedduu fagaate.

Yeroo walabummaan sammuun uumamaan argatte kun daangeffama adda addaatiif saaxilamtu, sammuun tun dandeettiin dhugaa battalaa hubachuu isaa dadhabee gara irraa of qusachuutti deema. Yaadaa fi murtii fudhatu hunda keessatti bifa dhugaa battalaa irraa fagaateen boca. Kanaafuu walabummaa ilaalcha waa baratuu dhabuun isaa fi ragaalee qabu dhiyeeffachuu irratti walabummaa dhabuun isaa kun dhugaa battalaa isa qabatamaan jiru irraa isa fageessee akka inni fedhii fi hawwii qofa irratti jiraatu isa taasisa.

Sammuumamaa kana irratti fedhii ofii jala deemuun yoo baay'atee argame, walabummaan namni uumamaan dhugaa jiru hubatee qayyabachuuf qabu yoo ukkaamfante, yeroo sanitti sammuun kun dhugaa battalaa hubachuu irraa gara addunyaa waan fedhiin isaa itti qabatte jaladeemuutti geedarama. Raga fedhiin isaa sirriidha jetteen mirkaneessuun, isa qabatama battalaa immoo dhiisee

tarkaanfii fi murtii fudhatu hunda keessatti murtii faallaa fudhata.

Namoota hedduu yoo ilaallu, fedhii lubbuu isaanii jala deemuun yeroo hedduu kan balaaf isaan saaxilu agarra. Sammuun isaanii fedhii lubbuu isaaniitiin injifatamtee waan jirtuuf, akeekkachiisa qabatamni battalaa kuni balaaf si saaxilaa irraa fagaadhu jedhu saniif dhageettii hin qabu. Murtii ifa gala qabatamni jireenyaa ifa godhee, tarkaanfii akkanaa kana fudhu jedhee namatti ibsu san fudhachuu dhiisee; kanuma lubbuun isaa qofti itti himte jala deemuun balaa guddaaf saaxilama.

Qur'aanni Rabbii fakkeenya akkanaa kanaaf, ragaalee beey'ee bocee nuuf kaayee jira. San keessaa raga suuraa Al-Waaqi'aa keessatti dhufe. Sunis warroonni guyyaa dhumaa/qiyaamaa kitaaba isaanii harka bitaatiin kennaman, du'a booda kaafamni hin jiru jechuun morman. Sababni isaas yeroo jiruu duniyaa irra jiran jiruu badhaadhinaa keessa waan turaniif fedhii lubbuu isaanii jala waan deemaniif, sammuu isaanii ragoota/ mallattoolee du'a booda kaafamni ni jiraa ibsan hunda fudhachuu didee, fedhiin isaa isa daguudhaan, jiruu jechuun kan amma itti quufanii taphatanii keessa jiraatan kana qofa malee kanaan ala jiruun tokkos hin jiru jechuun itti fakkeessitee karaa dhugaa irraa isa dabsite. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

إِنَّهُمْ كَانُوا قَبْلَ ذَلِكَ مُتْرَفِينَ ﴿٤٥﴾ وَكَانُوا يُصِرُّونَ عَلَى اللَّحْنَةِ الْعَظِيمِ ﴿٤٦﴾ وَكَانُوا يَقُولُونَ أَإِنَّا مِثْلَ

وَكُنَّا تُرَابًا وَعِظْمًا إِذْ نَا لَمَبْعُوثُونَ ﴿٤٧﴾ أَوْءَابَاؤُنَا الْأَوَّلُونَ ﴿٤٨﴾ سورة الواقعة :

آية (48-45)

“Isaan kana dura [yeroo jiruu addunyaa irra jiran] qanani’anii kan jiraatan ta’an turan,yakka/cubbuu gurguddoo dalaganii otuu irraa hin deebine irruma kan turan ta’an. Yoo duunee qaamni keenyaa fi lafeen keenya biyyee ta’e booda ni kaafamnaa? Abbootiin keenyas ni kaafamuu? Jedhan.” (Al-waaqi’a: 45-48).

Qur’aanni sammuu isaanii tan du’aan booda kaafamamni hin jiru jettee waakkattu tanatti deebii kenna. Sammuu isaanii tan fedhiin lubbuu duuchite tana akka isiin gara uumaa duriitti deebitee dhugaa qabtama battalaa irraa kaatee waan jiru hunda hubachuu qabdu ibsaaf. Dhugaa jiru qofa gadi buutee xiinxallaan, sammun kun du’a booda akka kaafamni jiru ni hubata. Kana irratti Qur’aanni akkana jedha:

أَفَرَأَيْتُمْ مَا تُمْنُونَ ﴿٥٨﴾ ۞ أَنْتُمْ تَخْلُقُونَهُ أَمْ نَحْنُ الْخَالِقُونَ ﴿٥٩﴾ سورة الواقعة: آية (58-59)

“Waan buustan (Dhangala’aa gadaamessa dubartii keessatti dhangalaaftan san) mee naaf himaa. Sila isintu [dhangala’aa san irraa nama] uume moo nutu uum?”. (Al-waaqi’a: 58-59).

Ammas Rabbiin akkana jedha:

أَفَرَأَيْتُمْ مَا تَحْرُثُونَ ﴿٦٦﴾ ۞ أَنْتُمْ تَزْرَعُونَهُ أَمْ نَحْنُ الزَّارِعُونَ ﴿٦٤﴾ سورة الواقعة: آية (63-64)

“Waan facaaftan kana mee naaf odeessaa * isintubiqilche moo nutu biqilche” (Al-waaqi’a: 63-64).

Ammas Rabbiin akkana jedha:

أَفَرَأَيْتُمْ الْمَاءَ الَّذِي تَشْرَبُونَ ﴿٦٨﴾ ۞ أَنْتُمْ أَنْزَلْتُمُوهُ مِنَ السَّمَاءِ أَمْ نَحْنُ الْمُنزِلُونَ ﴿٦٩﴾ سورة الواقعة: آية (68-69)

“Mee bishaan dhugdan kana naaf odeessaa * isintu duumessa irraa buusee moo nutu buuse sila?”(Al-waaqi’a: 68-69).

Hayyuun *Imaam Muhammad Abdah* jedhamu, yeroo nama fedhii lubbuu isaa jala deemuun dhugaa jiru jalaa dhooysee gara karaa sirrii hin ta'iniitti isa ooftu ibsu akkaan jedhe:

“Yeroo waan ergamtootaa fi dhimma amantii itti kaafu, hin dhageeffanna moo hin dhiifna jedhanii olii gadi dhama’u, filannoowwan qabaniin dhugaa jiru kana of irraa dhiibuun dugda itti kennu. Akka ragaan ati itti dhiyeessitu kun gurra isaanii seenee gara dhugaa jiruutti isaan hin dhiyeessineef jecha quba isaanii gurra keessa kaayatu. Mi’aa waan dhandhamanii dhabuun deebi’anii akka hin dhandhamne hawwu. Kuni dhibee lubbuu fi onnee isaanii qabe”³¹.

Sammuu namaa irratti aadaan waa akkeeffannaa, keessattuu duudhaalee fi aadaa abbootii durii akkeeffachuun injifatee jennaan, akkeeffannaa kanaan ilaalchi sammuu ukkamfamee jennaan, sammuu kun rakkina argameef furmaata isaa haala qabatama yeroo keessa barbaaduu dhiisee, hanbaa fi seenaa abboota isaatti deebi’uun murtiilee fi madaalliiwwan jarri dur ittiin madaalaniin yaaduu eegala. Madaalaa fi murtii san irraa ka’uun rakkina amma isatti argameef furmaata irraa qabsiifata. Sunis seenaa dabre irraa dhugaa jiru fudhachuuf osoo hin taane, duudhaalee fi aadama durii jala deemu qofaafi.

Qur’aanni kabajamaan sammuu hojiin ala godhanii, qabatama yeroo hubachuu irraa fageessanii, mirga xiinxaluu irraa fudhachuu kana hedduu morma. Kana irratti Rabbiin tuuta/gosa nabiiyyii Ibraahim irraa yeroo nuuf odeessu akkana jedha:

³¹ - Muhammad Abdah – Risaalatu Attawhiid, fuula 104.

وَأَتْلُ عَلَيْهِمْ نَبَأَ إِبْرَاهِيمَ ﴿٦٩﴾ إِذْ قَالَ لِأَبِيهِ وَقَوْمِهِ مَا تَعْبُدُونَ ﴿٧٠﴾ قَالُوا نَعْبُدُ أَصْنَامًا فَنَنْظُرُ
لَهَا عَافِيَةً ﴿٧١﴾ قَالَ هَلْ يَسْمَعُونَكَ إِذْ تَدْعُونَ ﴿٧٢﴾ أَوْ يَبْصُرُونَ ﴿٧٣﴾ قَالُوا بَلْ وَجَدْنَا آبَاءَنَا

كَذَلِكَ يَفْعَلُونَ ﴿٧٤﴾ سورة الشعراء: آية (69-74)

“*Oduu Ibraahiim isaaniif himi mee [yaa Muhammad]. Yeroo inni abbaa fi gosa isaatiin ‘Maal gabbartan’ jedhun. Isaanis ‘taabota gabbarra, itti dhiyaanee (yeroo dheeraaf) gabbarra jedhaniin. (Ibraahimis akkana jedheen: ‘taabonni kuniin yeroo waamattan isin dhagayanii? Yookii immoo isin fayyadanii [yeoo gabbartan] moo isin miidhu [yoo gabbaru baattan]. Isaanis akkana jedhaniin: ‘Saniifii miti, abbootii keenya kan akkana dalagan waan argineef jedhaniin (Ashu’araa’a: 69-74).*

Raga tokkoon ala duudhaalee abbootii isaanii qofa jala deemuun tuuta tana dhugaa jiru hubachuu dhoorge. Akkeeffannaan jaamaan kun dhugaa jiru kan nabi Ibraahiim isaanitti fide akka hin fudhanne isaan godhe. Dubbima kana fakkaatutu Fir’ownaa fi tuuta isaa birattis argame. Ergamaan Rabbii nabi Muusaan (Nageenyi isa irra haa jiraatu) ragaalee ifa gala fi qabatamaa tokkichummaa Rabbii ibsan qabatee isatti dhufee jennaan guutumatti irraa fudhachuu didan. Kana irratti Rabbiin guddaan Qur’aana isaa kabajamaa keessatti akkana jedha:

قَالُوا أَجِئْنَا لِنُلْفِنَا عَمَّا وَجَدْنَا عَلَيْهِ آبَاءَنَا وَتَكُونُ لَكُمُ الْكِبْرِيَاءُ فِي الْأَرْضِ وَمَا نَحْنُ لَكُمَا

بِمُؤْمِنِينَ ﴿٧٨﴾ سورة يونس: آية (78)

“*[Atii fi Haarun] Waan abbootiin keenyaka dalagan argine irraa nu deebisuuf dhuftee? lafa kana irratti ol*

aantummaa argachuufi? nuti gonkumaa waan isin dhuftaniinitti hin amannu jedhanii”{Fir’awnaa fi tuutti isaa} (Yuunus: 78).

Jarri kuni dhugumaan haqa jiru hubachuu fi qayyabachuu irraa akkeeffannaa abbootii fi kabajaa isaaniitiin duudanii jiru. Dhugaa jiru hubachuuf duudhaa kana gadi dhiisuu hin fedhan.

Sammuu nama kana irratti afuurri amantii yookiin namaaf masakamauun suufiyyoota biratti baratame sun yoo dirqamaan nama irra kaayame, sammun kun qabatama jiru kan mallattoo hawaa fi jireenya namaa hunda qixxisu irraa gargalee, geengoo afuura amantii fi yaada dogongorsaa garii jala masakamuun waan itti kenname san qofa akka itti kennameen hubata. Sababa kanaaf koloneeffattoonni biyyoota dhihaa, warraaqsi suufiyyootaa akka addunyaa Islaamotaa keessa babal’atu deeggaraa turan. Yakkootaa fi saamicha raawwatan irraa ija namaa jaamsuuf jecha, Sirna kanatti fayyadamuun, hooggantoota isaa gar-malee ofitti dhiyeessuun jaalala isaanii bitataa turan.

Yoo mirgi bilisaan yaada ibsachuu, waa falmachuu dhabame fi bilisummaan sammun xiinxalaa fi siyaasaaf qabdu yoo ukkaamfame, sammun namaa kun dhugaa qabatama saniif bakkee dhabaa deema. Sababni isaas yoo haaroomsi yookiin jijjiiramni wayii hin jiraanne yaaduun qofti maal fayyada? kan jedhuttu dhufa. Of keessa gadi deebi’uun sonootaa fi safuulee warroota siyaasaa fi qaamota walabummaa yaadaa morman biratti hin dhoorgamne waliin dhama’a.

Sababa kanaaf, adeemsa cunqursaan yaada ibsachuu irratti cimaa deemuun, sammun dhimma safuu fi sonootaaf xiyyeeffannaa guddaa kennitu garee fi namoota dhuunfaa biratti babal’ataa dhufti. Sammun namaa kun yeroo dhugaa jiru kana

beekee sirreessuu irraa dhoorgamu, addunyaa fakkaattuu wayii kan xiinxala isaatiin keessa seenee bayu wayii ijaarta. Tarii gareeleen Shii'aa gariin kan bu'uureffamte yeroo cunqursaan siyaasaa isaan irratti raawwatame sanitti. Akkasumas hundeeffamni gareelee Islaamotaa kanneen fakkeenyummaa amalaa irratti xiyyeeffatanis kan hundeeffamn, dhiibbaa siyaasaa fi xiinxala biyyoota Arabaa ammayaa irraa isaan dhaqqabeeni.

Akkuma kanaan dura dubbanne, sammun Muslimootaa kun bifa walii galaatiin sammuu dhugaa jiru fudhatutti amanuudha. Haa ta'u malee yeroo gara yerootti amalli kun qaawwi kan itti argamu fi kana irraa fagaatamu argina. Yoo gadi qabnee xiinxallu sababni isaa guddaan, mirgi yaada ibsachuu kuni dhiphataa dhufuu irraa kan ka'eedha. Tarii fakkeenyi guddaan kanaa, sammun beektota Islaamaa yeroo walabummaa yaadaa sarbamanitti, gama seera shari'atiin rakkinoota ummata Muslimaa mudataniif furmaata barbaaduu irraa duubatti deebi'uu isaaniiti.

Yeroo cunqursaan yaada ibsachuu uumamutti, biyyoota Islaamaa keessatti, siyaasni cunqursaan abbaan irree dhimma itti bayu, xiinxala siyaasaa kan dhaabbilee bulchiinsaatiif dhugaa jiru addaan baasuuf irratti xiyyeeffachuu dhiisee, dhimma safuulee fi fakkeenya gaarii ta'uun walqabateef dursa kenna. Gadaa san keessa barnoonni siyaasaa Islaamummaa dhugaa irraa fagaatee fakkeenyummaa fi amala tolutti fuulleffate. Inumayyuu hanga barnoonni/fiqhiin haala waliin jireenya ummataa barsiisu dhimma battalaa irratti xiyyeeffatuu gadi ta'e.

Dhuma irratti akka cuunfaa yaada kanaatti wanni jedhamu yoo jiraate; mirgi yaada ofii bilisaan ibsachuu sadarkaalee isaa hunda irrattiyuu, dhugaa battalaa/ dhugaa qabatama yeroo hubachuu sammuu namaa keessatti guddisa.

Yoo sammun namaa mirga kana sarbame immoo, qayyabannaan sammun sun dhugaa battalaa hubachuuf qabdu dadhabaa dhufuun, garuma dhimma fakkeenyummaa fi amala gaarii qofa irratti akka fuulleffattu godha.

6 – Walabummaa Yaadaatii fi Maloota Falmii Dhiheessuu

Walabummaan yaadaa kuni, sammuu namaa bifa waa waldorgomsiisuu fi walfalmisiisuu irratti bocuu keessatti ga’ee guddaa qaba. Sammun namaa kun yoo qajeelchaa fi ajaja irraa bilisa ta’e, mata duree/ dhimma ilaaluu barbaadu san keessatti carraan odeeffannoo adda addaa argachuu bal’ataafii dhufa. Yeroo kana jidduu odeeffannoo kanaa walsimsiisuu fi odeeffannoo walfaallessan immoo waldorgomsiisee hubachuuf carraa argata. Itti aansuun immoo odeeffannoo argate san keessatti qabxiin jajjabinaa fi dadhabinaa maal akka ta’e addaan baafata. Akkasumas maaltu akka sirrii ta’ee fi akka dogongora ta’es addaan baafata.

Wal-simsiisuu fi wal dorgomsiisuu kana booda, sammun namaa mul’ata sirrii fi murtii dhugaa ta’e irra gaya. Kunis amala nabiyyii Rabbii Ibraahimi. Nabi Ibraahiim sammuu isaanii kan waan akka isiin bilisaan hin yaanne dhoorgan hunda irraa qulqulleessanii Rabbii tokkicha isaan uume beekutti fuulleffachuun, ilaalcha isaaniisjidduu taabota ummanni isaanii gabbaranii fi jidduu aduuf urjii hubatuutti qoodan. Osumaa xiinxaluu Rabbiin guddaan uumama kana hunda uume ni jira yaanni jedhu sammuu isaa keessatti uumame. Qorannoo fi waldorgomsiisa hedduun booda odeeffannoo jalqabaa keessatti qabxiin dadhabinaa jiru maal akka ta’e fi qabxiin jajjabinaa odeeffannoo lammataa keessa jiru maal akka ta’e qayyabate. Sammuun isaa dhuma irratti gama dhugaatti isa qajeelchite.

Kana ilaalchisee Rabbiin waan nabi Ibraahim jedhe akkanatti nuuf ibsa:

إِنِّي وَجَّهْتُ وَجْهِيَ لِلذِّى فَطَرَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ حَنِيفًا وَمَا أَنَا مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿٧٩﴾
سورة الأنعام : آية (79)

“Ani fuula kiyya gara (Rabbii) Samiiwwanii fi dachii uumee garagalcheen jira, ani mushriktoota (nama Rabbitti waa yagutoomsu)miti.”(Al-An’aam:79).

Yeroo sammuu namaa kana irra dhiibbaan duudhaalee abbootii irraa dhaalamee fi dhiibbaan abbootii qabeenyaa fi qaamman aangoo qaban irraa nama irra gayu, sammun sun gama tokko fi halluu tokko malee waan biraa hin argu. Sammuu akkasii san keessa fedhiin waa waldorgomsisuu keessatti hin uumamu, odeeffannoo jiran keessatti qabxii dadhabinaa fi jajjabina isaa addaan baasee hubachuu dadhabaa dhufa. Yeroo san sammun kallattii tokko qofa ilaaluun amala tokko qofa qabaata. Yeroo hedduu dhuma irratti gama dogongoraatti nama geessa.

Haalli akkanaa kuni amala tuutaa fi gosoota Fir’awnaa ture. Fir’awni sammuu gosa isaa kana hadoochee, waan ofii kennuuf malee dhimma biraa akka hin ilaalle ukkaamsee bulchaa ture. Yeroo Fir’awni nabi Muusaa ajjeesuuf murteesse, ummata isaa walitti qabe, namni Rabbitti amane tokko itti dhufee yaada Muusaa ajjeesuu jedhu san irratti mormee jennaan, Fir’awni yaada nama kanaa faallessuun akkana jedhe:

قَالَ فِرْعَوْنُ مَا أُرِيكُمْ إِلَّا مَا أَرَىٰ وَمَا أَهْدِيكُمْ إِلَّا سَبِيلَ الرَّشَادِ ﴿٢٩﴾ سورة غافر: آية (29)

“Waannin ofii sirriidha jedhee argumalee waan biraa isin hin garsiisu karaa qajeelaa male isin hin qabsiisu jedhe Fir’awnaan” (Gaafir: 29).

Gosti Fir'awnaa kunis yaada Fir'awn isaanii lafa kaaye malee kan biraa fudhachuu diduun, odeeffannoo namichi lammataa kenneef kana didanii jallatanii waljallisan.

Yoo walabummaan yaadaa kuni namaa kennamu, sammuum namaa kun yaada walfaallessu fi odeeffannoo walfaallessan kabajuu barata. Yeroo waliin marii adda addaa gaggeessanis, sammuum kun bilchaataa dhufuun qabxii dadhabinaa hir'isuun qabxiilee jajjaba cimsachaa dhufa. Yaada kana ibsachuu irraa ukkaamfamuu fi cunqursamuun immoo, bu'aan tokkichi inni qabu yoo jiraate, yaada tokko qofa irratti xiyyeeffachuu, yaaduma ofii qofa deeggaru fi yaanni namaa babbaraaxayuudha. Yeroo kana sammuum namaa kallattii tokkon ala waa hin ilaalu. Yaanni kallattii tokko qofaan ilaalamu immoo yeroo baay'ee dogongoraaf kan nama saaxilu ta'uun isaa shakkii hin qabu.

Sammuum mirga yaada ibsachuu sarbame, yaada ofii malee kan nama biraa hin keessummeessu, murtima tokko murteessuufis baay'ee dhama'a. Sammuum bilisaan yaada ibsatu immoo dandeettiin waa oliif gadi gargalchee ilaalu isaa guddataa dhufa, waan hunda keessatti dhugaa jiru beekuuf tattaafata. Kana irratti wanti akka guddisa sunnaa ergamaa Rabbii bareedu hin jiru. Sunnaan isaanii adeemsa yaada isa faallessan hunda ofitti fudhachuu hordofti, walabummaa waan yaadan ibsachuu, waa falmuu fi raga qabatamaa dhiyeeffatanii mormii gaggeessuu ni deeggarti. Dhaadannoon ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) “naaf ibsaa, naa akeekaa” yaa ummata koo kan jedhuudha. Dhaadannoo gaarii Muslimoota yaada walfaallessan keessummeessuu irratti leenjisuuf lafa kaayameedha. ergamaa Rabbii dhalootuma Muslimaa yaadota biraa akka keessummeessuu qaban

barsiisuufi malee, wahyii Rabbiin biraa waan itti bu'uuf ni dogongoraa sodaataniitii miti³².

Walabumman mirga yaada ibsachuu kan jaarraalee jalqabaa keessa jidduu Muslimootaatti babal'ataa ture, sababni isaa guddaan leenjii sammuu isaanii yaadota walfaallessanii fi walmorman fudhachuu irratti leenjifamaniidha. Kuni immoo hambaalee fiqhii, kan mazhabootaa fi kan falaasamaa keessatti waan sirritti mul'atuudha. Yaadaa fi murtiin gara garaa kan labsaman naannoo waliin mariin bilisaa yaadota hedduu waldorgomsiisu jiru keessatti.

Gara boodaa irra yaada ofii qofa dhaadhessuun, kan namoota biraa falmuun, karaa (mazhaba) kiyya qofatu sirriidha jechuun kan eegale, gadaa walabummaan yaadaa kun dadhabee, inumayyuu iddoo garitti hojiin ala ta'etti. Bulchiinsi biyyattii yeroo saniis xiinxala hundaa tokko godhuun mazhaboota jiran keessaa tokko labsuun, akka namni hunduu karaa san qofa hordofan dirqisiisuu eegalte. Gadaa san keessa karaaleen fiqhii fi aqiidaa kanneen yaadaa fi mul'ata hedduu keessummeessuu irratti bu'uureffaman, dhiphinaa fi ofittummaaf saaxilamanii hafan³³

7-Walabummaa Yaadaatii fi Adeemsa Dhugaa Irratti Hundaa'e

Sammuu namaa kun qorannoo gaggeessu keessatti yoo taateewwan fedhii lubbuu isaatiin kan ukkaamfamuu ta'e, taateewwan sunniin sammuu kana gara kallattii

³² - Muhammad yuusuf Musxafaa, Hurriyatuu Arra'iyi fi Al-Islam, fuula 70 fi kan isa boodaa.

³³- Muhammada Al-Gazaali, Dustuur Al-wahada Assaqaafiyaa beeyna Al-Muslimiin fuula 125 fi kan isa boodaan jirus ilaali.

barbaadaniitti fuulleffachiisuun, akka fedhiin lubbuu isaa itii qabatetti tarkaanfii fi murtii isiin itti ajajje akka baasu isa dirqu. Akkeeffannaanis, homa abbootiin keenya dalaganii fi argan jala deemna nama jechisiisa. Qabatama jiru hubachuu irraa nama haguuguun yeroo hedduu mata dureen ala nama baasa.

Yeroo sammuu namaa kana irratti qaamni alaa dhiibbaa itti godhu jiraatu, kaayyoon guddaan dhiibbaa kanaas; sammuu san gara kaayyoo ofii guuttachuu fi fedhii ofii galmaan gayachuutti harkisuufi. Qaamni kun haga danda'ameen akka sammuum yaada isaatiin ala hin bane daangessuuf yaalii godha. Yeroo kana, sammuum kun bifa of danda'aa ta'een ofitti amanee dhugaa jirtu adda baasee murteessuuf baay'ee rakkata. Si'a kana fedhii lubbuu isaa yookiin kan qaama alaa san qofa guutuun dhugaa jirtu lafatti gatuun argama.

Faallaan yaada olitti dubbanne kanaa immo sammuum namaa yeroo fedhii lubbuu ofii jala deemuu fi dhiibbaa ala irraa isatti godhamu irraa qulqullaayu, dhimma qorannoo irratti godhu san bifa of danda'aa ta'een fedhii fi dhiibbaa alaatiin ala xiinxala. Yeroo kana dhugaan akka fedhiin namaa namatti qabattetti osoo hin taane, akkuma jirtutti ifa namaa baati Tarii haasaya kana kan fakkaatu, jecha ergamaa Rabbiiti (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) kan yeroo Muslimtoota leenjisan jedhan kana: "Nama homa namni yaade/murteesse jala demu hin ta'inaa! kanyeroo namni waa tolchee bareeche ni tolchinaaf, yooisaan waa balleessan/nu miidhan ni mina jedhu hin ta'inaa! Garuu lubbuu teessan ijjannoo qabsiisaa, yeroo namni tola isinitti oole tola itti oolaa, yoo namni badii/

miidhaa isin irratti dalage nama san miidhuu dhabuu horadhaa³⁴.

Yaamichi/gorsi ergamaan Rabbii nuuf godhan kun yaamicha sammuu namaa kana hordoffii jaamaa ragaa hin qabne fi dunuunfatanii nama qofa akkeeffachuun akka sirrii hin taane nuuf ibsuuf kan dhiyaateedha. Akkasumas yaamichi kun, akka sammuun waan dukkana keessa jiru tokko gara ifaatti baasee, xiinxalee, dhugaa jiru irraa hubatee, sana booda dhiibaa lubbuu isaatii fi kan qaama alaatiin irratti gaggeeffamuun otoo hin hubamne ijannoo fi murtii mataa isaa kan dhugaa irratti hundaa'ee akka fudhatuuf gargaara.

Dhimmi walabummaa yaadaa kan yaada ibsachuu fi falmii gaggeessuus bifuma kana qabata. Yaada qaban ifatti beeksisuu fi isatti nama yaamuun dhumni waliin marii sanii maal akka ta'ee ni tilmaamsisa. Waliin mariin kun fedhii dhuunfaa kan namni uumamaan qabu fi kan namni itti yaadee raawwatu marii kana keessatti ni hammatama moo hin hammatamuus addaan namaa baasa. Waliin mariin dhimma irratti mari'atan san akka ilaalcha dhugaa qofaan ilaalan nama taasisa. Yeroo baay'ee waliin mariin bal'aan eega gaggeeffameen booda wanti arginu, murtiiwwan nuti dhimma wayii irratti dabarsaa bane, fedhii mataa keenyaa qofa kan eegde fi kan dhugaa irraa dabde ta'uu isii agarra.

Yeroo walabummaan yaada ibsachuu kuni ukkaamfamu, sammuu namaa kuni tooftalee fi madaalliiwwan qorannoo fi murtii wayii ittiin safaru lafa

³⁴ - Tirmiizitu gabaase, kitaaba isaa Al-birru wa Assilatu jedhu keessatti, hadiisaa (2007): 4/364.

kaayata. Madaallin kun immoo madaala mataa isaa kan dhugaa jiru san saaxiluuf ga'umsa hin qabne ta'ee argama. Dhuma irratti murtiin inni itti gayu kan dhuunfaa isaa qofa ta'a, falmii qaama alaa irraa itti dhufu kan dhimma saniin wal-qabatu irraa qooda hin qabaatu.

Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu), waahillan isaaniitiif mirga yaada ibsachuu kana bal'isanii kennuuf, akka namni hunduu yaada isa bira jiru dubbatu. Sana booda yaada jarri dhiyeessan madaala dhugaa irra kaayanii, fedhii lubbuu irraa qulqulleessuun dhugaa fi dhara jiru addaan baasaafii turan. Kuni immoo shakkii tokko malee leenjii dhugaa jirtu qorachuu irratti nama guddisuuf kennameedha.

Yaada kana irrattii fakkeenya gaariin, gaafa duula *Huneeynii*, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu), warroota Madiinaa kan isaan waliin lola irratti hirmaatan dhiisanii, tuutaamantii Islaamaa sirritti fudhachuun isaanii ni kajeelama jedhanii yaadanii boojuu waraana iraa argame qoodaniif. Si'a kana lubbuu Ansaarotaa (warra Madiinaa) keessa yaanni adda addaa yaa'uu eegale. Isaan keessaa namoonni gariin ibsa lubbuun isaanii itti qabatte kenna turan. Yeroo kana ergamaan Rabbii nageenyi isaan irratti haa jiraatuu, akka isaan yaada ofii ibsatan hayyamaniif. Yaada jaraa irraa fuudhanii maaliif akka bifa kanaan boojuu qoodanis ibsaniif. Yeroo kana namuu yaada isaanii deeggarutti fuula deebi'e. Osoo mirgi yaada jaraa

ibsachuu sun kennamuufii baatee, tarii dhimmi biraa argamuu danda'a³⁵.

8- Taatewwan Walabummaa Yaadaa Kan Ilaalcha Tokko Godhan

Tokkummaa ilaalchaa fiduu keessatti taateen inni jalqabaa, ilaalchaa fi amantii qabanitti quufuu akka ta'e kanaan dura ibsinee jirra. Kanatti wanti daballu, tateen inni jalqabaa kun tokkummaa ilaalchaa fiduuf bu'uura ta'uu isaati. Bu'uurri kunis sammuu namaa adeemsa waliinii kan nama heddu qixxisu irratti boca. Haalli kun immoo dhugaa battalaa caalaa gara qophaayinaatti dhiyaata, hojiin mul'isuu caalaa gara mijaa'inaatti dhiyaata. Kunis kan ifa nuu gale, gabaasa 'jijjiirraa adeemsi amantii Islaamaa sammuu Mu'umintootaa bocuu irratti qabu' jedhu kan utubaalee shanan armaan dura dabarsine sanis hammatu irraayi.

Amallan adeemsa kanaa kun sadarkaa dhugumaan hojiin mul'isuu fi ilaalcha namaa sosochoosuu irra kan gayu, yoo taatewwan dhimma kana si'eessan jiraatan qofa. Taatewwan kana keessaamirgai yaaduu fi yaada ibsachuu isaan bu'uuraati. Osoo sammun namaa kun dhugaa amantiin jedhuun guutamtee, dhugaa sanis akkuma jiruttuu ka fudhattu ta'ee, mirgi walabummaa yaadaa kun yoo ka hin jiraanne ta'e; amalli adeemsa sun

³⁵ - Muhammad Yuusuf Musxafaa, Hurriyatuu Arra'iyi, fuula 87. Ibnu Hishaam, Assiiraa annabawiyaa, fuula 4/196 kan isa boodaan jiru ilaali.

kaayyoo silaa deemamuuf isa ilaalcha tokko uumuu jedhu sanitti osoo nama hin geessine rarra'ee hafa.

Walabummaan yaadaa kan Muslimoonni durii qooda guddaa irraa fudhatan sun, adeemsa aqiidaa Islaamaa kana sadarkaa qophaayinaa irraa gara sadarkaa si'aa'inaan hojiin mul'isuutti geeddaruun adeemsa nama hunda qixxisu kan dhugaa irratti hundaa'e bu'uuessuu danda'ee jira. Amaloonni adeemsi addaa kan amantiin Islaamaa qabdu sun dhugaa walii gala irratti kan hundaa'e ta'ee argamnaan, tokkummaa ilaalchaa jidduu Muslimaatti uumuu keessattis ga'ee guddaa taphatee jira.

Gabaabumatti wanti jedhuun danda'amu, walabummaan yaadaa kun amala gamtaa/ amala waliinii jidduu Muslimootaatti uumee jira. Akkasumas ilaalcha waliinii kan isaan hunduu irratti walii galanis jiddutti uumee jira. Gama ilaalcha tokkummaa xiinxala kanaatiin, jireenyi Muslimootaa gama saayinsiitiin fi gama qaroominaatiinis bocame. Haala kanaan hidhannoo jidduu Muslimootaa jiru walitti gamtoomsee, kallattiilee isaa hunda walitti qindeessee jira.

Kan sammuu keenya keessa yaasuu qabnu, osoo sammun Muslimootaa kun yaadota walfaallessan, yaadota walddigan, yaadota ummata gargar qoqqoodanii garee fi mazhabaan waljibbisiisan, yaadota gar-tokkee dhimma sanii malee bifa gadi bu'iinsaan waa hin xiinxalleen osoo kan guutamu ta'ee, jiruun Islaamaa kun maal akka fakkaatu mee sammuu keessa of haa yaasnu. Silaa hidhaa fi gamtoominni jiruu ummata Islaamaa kun sababa diigamiinsa ilaalchaatiin faffaca'ee baraaxayee hafa.

Jijjiirraa yookiin ga'een walabummaan yaadaa tokkummaa ilaalchaa cimsuu keessatti qabu baay'ee guddaadha. Kanas kan mirkaneeffachuu dandeenyuun, jireenya Muslimoota kan gadaa gara garaa waldorgomsisuun yoo ilaallu sadarkaan walabummaa yaadaa kana dhugumaan hojiin lafa irratti mul'isuus walcaalaa dhufe. Akkasumas gadaadhuma tokko keessayyuu sadarkaan walabummaan yaadaa gosa barnootaa tokko keessatti yookiin dhimma wayii irratti qabu isa kan biraa irraa adda ta'ee caalee yookiin sanii gadi ta'ee argama.

Jaarraalee afran jalqabaa fi jaarraalee san boodaan jiran osoo waldorgomsiiifnee ilaallee, gama sadarkaa walabummaa yaadaatii fi gama sadarkaa walabummaa mormii siyaasaatiinis, jaarraalee jalqabaa san keessatti walabummaan yaadaa isa jaarraalee boodaa caalaa Muslimoota jiddutti kan babal'ate ta'uu argina. Ragaan kanaa immoo walfalmii bal'aa jidduu barnoottan fiqhii, aqiidaa, falaasamaa fi jidduu gosa barnoota biraa keessatti godhame irraa hubachuun ni danda'ama. Akkasumas walfalmii siyaasaa kaneen seenaan nuuf odeesse irraayis hubachuu dandeenya.

Gadaa duraa (jaarralee afran duraa) san keessatti, Muslimoonni sababa tokkummaa ilaalchaatiin yoomiyyuu caalaa tokkoomanii argaman. Hedduuminni yaadaa kan kitaabota fiqhii fi aqiidaa keessatti arginu kunis ilaalchaa fi yaada walii fudhatanii kabajaan waliin jiraachuu mul'isa. Gamtoominni ilaalchaa fi tokkummaan isaa kun immoo jiraattota gadaa sanii hunda tokko godhee akka isaan amantii Islaamaa irraa nama isatti yakku hunda gamtaan ittisaniif haala mijeesse. Biyyoonni gadaa san keessa daangaa kaartaa

biyyoota Islaamaa irra jiraniis, akkuma biyyoota walakkaa jiraniitti hawaasa hunda biyyoota Islaama hin ta'in qabachuu, amantii Islaamaatti yaamuu fi jihaada godhuu irratti hirmaachisaa turan.

Gadaa lammaffaa (kan jaarraa 4^{ffaa} booda jiran) keessatti immoo, dhiphinni karaa (mazhaba) fiqhii fi aqiidaa ofii qofa deeggaruu gar-malee babal'ataa dhufe. Ofittummaan kun immoo Muslimoota tokko ta'anii turan gar gar qoqqoodutti dhiyaate. Akkasumas kaka'uumsa dur isaan amantii Islaamaa irraa rakkina ka'u irraa deebisuuf qabanis isaan keessatti cabsaa dhufe. Amantii Islaamaas qabatamaan hojjiin lafa irratti mul'isuuf si'aa'inni isaan qaban xiqqaataa dhufe.

Gama biraatiin dameelee fiqhiitii fi aqiidaa damee siyaasaattiin osoo wal-bira qabnee ilaaltee, inni jalqabaa kun isa lammataa caalaa mirga walabummaa yaadaa argatee akka jiru ifa nuu taha. Kuni immoo kan ifa nuu godhu, Muslimoonni bu'uuraalee fiqhii fi aqiidaa keessatti ilaalcha tokko qabaachuu isaaniiti. Kana jechuun sammunisaanii baay'ee waan bilchina qabuuf, dhugaa battalaa sirritti hubachuun, gamtooma Muslimoota hunda qixxisu uumuu isaati.

Garuu gara bilisummaa siyaasaan walqabateetiin, sadarkaan inni isaan biratti qabu isa kan amantii sanii gadi. Sammuun Muslimootaa gadaa sanii dhimma siyaasaa kana irratti qorannoo gaggeessuu irraa waan of qusatuuf, akkasumas siyaasaa irratti waliin marii hedduu gaggeessuun waan hin barataminiif, gumaachi isaan siyaasaa bocanii bifa roga qabeessa ta'een seerota mataa isaa uumaniifii baasan muraasa. Inumayyuu kitaabota siyaasaa shari'aa garii keessatti akka

agarrutti, sonootumaa fi bu'uraalee siyaasaatuu osoo baay'ee itti hin dhimmamne kan bira kutamu agarra.

Kuni immoo sirna siyaasa abbaa irrummaatiif gar-malee karaa saaqee, jaarraalee boodaa kana keessa qoqqoodama hawaasa Muslimaa jiddutti uumee jira. Kanaafuu, walabummaan yaadaa kuni yoo Muslimootaaf kennamee isaan sirritti kan itti fayyadaman ta'e jidduu isaaniitti tokkummaa cimsa. Akkuma walabummaan yaadaa kun hir'ataa yookiin dadhabaa dhufuun immoo bu'aan isa irraa argamu qoqqoodamiinsaa fi faca'iinsa hawaasa Muslimaa ta'a.

BOQONNAA SADAFFAA

Walabummaa Ilaalchaatii fi Tokkummaa Yaadaa Kan Muslimoonni Amma Irra Jiran

Ibsoota keenya kan dabran keessatti, tokkummaa ilaalchaa Islaamaa fi ga'ee walabummaan yaadaa isa keessatti qabu irraa haasoynee turre. Isa kanas bifa yaadiddaa (theory) fi bifa seenaa keessatti dhufeen ibsuuf yaallee turre. Boqonnaa kana keessatti immoo, dhugaa qabatama Islaamummaa ammaa kanatti xiyyeeffanna. Isa keessattis tokkummaan ilaalchaa maal akka fakkaatu, tokkumman sunis jireenya walii gala tokko godhuu keessatti hammam akka ga'ee qabu ilaalla.

Akkasumas boqonnaa kana keessatti hariiroo tokkummaan ilaalchaa walabummaa yaadaa waliin qabus kan ilaaluuf deemnu ta'a. kana hunda booda fuulleffanna ilaalchaa kan tokko ta'e bifa saayinsaawaa ta'een dhiyeessuuf yaalla. Fuulleffannaan yaadaa sunis walabummaa yaadaa irratti kan bu'uureffame fi jiruu ilma namaa kana keessatti dhimmoota bu'uura ta'an tokko godhuu irratti kan xiyyeeffatu ta'a.

1) Walabummaa Yaadaatii fi Qabatama Ilaalcha Islaamaa

Haala amma ummanni Muslimootaa keessa jiran kana namni gadi qabee ilaalu, haalli isaanii tokkummaa fi qoqqoodama isaanii irraa ifa namaa gala. Yeroo ammaatti qoqqoodaminsi baay'een argamuun cufuma haala jireenya Muslimootaa hunda liqimsuuf dhiyaata. Qoqqoodamiinsi amma argame kun gubbaa jireenya isaanii qofa osoo hin taane hundee ilaalcha isaanii kan jireenya kana hunda

sochoosus qixxisa. Tarii ummanni Muslimaa seenaa isaanii kan dabre keessatti qoqqoodamiinsi akka amma isaan dhaqqabee kun yoomiyyuu isaan qaqqabee hin beeku. Gareen sunis adeemsa ilaalcha ammaa waliin hariiroo baay'ee cimaa qabu. Kuni immoo sarbamuu mirga yaadaa waliinis hariiroo cimaa akka qabu shakkii hin qabu. Kanas akka armaan gadiitti haa ilaallu mee:

A) Bifoota Qoqqoodama Addunyaa Islaama

Amaa

Qoqqoodamni Islaamummaa ammaa kun bifa hedduu qaba. Ummata Islaamaa kana garee aadaa walii galaattu addaan qoqqooda. Qoqqoodamni kun immoo sadarkaa beekumsa afaaniiti fi sadarkaa beekumsa hojjiitiinis ni mul'ata. Sadarkaa duraa keessatti aadaa lamaa kan wal hin simannetu ummata keessatti adda ta'ee atgama:

Aadaan inni jalqabaa: aadaa duudhaalee durii irraa akkuma jirutti waan hunda irraa gargalfachuuti. Kana keessatti hambaaleen durii akka madda beekumsaa tokkicha qofaatti fudhatamu. Aadaan kunis rakkinoota Muslimoonni yeroo ammaa jiran kana irraa hedduu kan fagaateedha. Beekumsa hawaa kan rakkinoota ilma namaa kana qunnaman furuuf nama gargaaran kana beekuu horachuu irraa nama fageessa.

Aadaan inni lammataa immoo, aadaa beekumsa hunda warroota dhihaa irraa barachutti nama kakkaasti. Aadaan kunis aadaa biyyoota dhihaa, akka madda beekumsaa tokkicha qofaattii fudhatti. Aadaan kunis hambaalee fi hundeedhan amantii irraa kan fagaateedha. Akkasumas jireenya ijaaruuf abjuun isaa hundi adeemsa/tooftaa warra dhihaati. Sadarkaa lammaffaa irratti, jireenya Islaamaatii fi tooftaan isaa kun jidduu

haala durii kan hambaalee dhaalaman bu'uura godhatu fi yeroo garii immoo safuulee Islaamaa kana bifa sirrii hin ta'iniin itti fayyadamu fi haala jireenyaa biyyoota dhihaa garaagalchaa irraa garagalcha biraa godhanii bifa baay'ee dadhabaa fi fashalaayaa ta'een dhimma itti bayuutti argamti.

Wantootaa Islaama gargar qoqqoodan keessaa kan biraa, gareelee mazhaba fiqhii fi aqiidaati. Gareeleen kuniiin waldhabbiin yeroo durii kan tarii yeroo saniif sababaa gayaa qaban, kan ammaa garuu yeroon irra taree waldhabbiin sun har'atti bakkee wayiituu hin qabne fa'a kaasu. Tarii yeroo garii dhara yeroo durii turan kan namoonni beekaa dharaaf itti fayyadamaa turan fa'a kaasuun rakkinni yeroo sanii dhaloota kana hanga ammaatti naannessaa jiru.

Kunis kan ifa namaa ta'u qoqqoodamiinsa jidduu warra Sunnaa fi Shii'aa jiru, qoqqoodamiinsa jidduu warra sunnaa fi Abaadiyyootaa jiru fi qoqqoodamiinsa jidduu Salafiyyootaa fi Ash'ariyyaa jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Gareen kunniin yeroo hedduu dhimmoota dhokatuu kan akka fuula Rabbii arguu fi dhugummaa ibsoota Rabbii fa'a irratti waldhabu. Waldhabbiin kun yeroo garii hanga sadarkaa wal abaaruu fi amantii keessaa walbaasuu gaya³⁶.

Qoqqoodamiinsaa fi waljibbiinsa jidduu gareelee aqiidaa yoo ilaalan, kan garee warra fiqhiitu irra qabbana qaba. Akkas ta'uu waliinuu, gareen fiqhii kunis yeroo garii yaada ofii qofaaf olaantummaa fi beekkamtummaa kennuun itti dhagayamuun yaanni kiyaa qofti haa ta'u jechuun irraa mul'ata. Ofittummaan kun immoo tattaaffii mazhaba tokko kan gareeleen hedduun

³⁶ - Qadaayaa Al-Hurriiyati wa Al-wahdaa, Turaabii, fuula

irratti walii galan uumuu dadhabsiisee argame. Akkasumas rakkinoota battalaa Muslimoota qunnamaniif furmaata waliinii bocanii kaayuufis karaa cufee argame.

Wantoota Islaama gargar qoqqoodan keessaa ammas kan biraa, garee siyaasaati. Qoqqoodamiinsi paartiileen siyaasaa kun fidan baay'ina isaanii kan akkuma rakkoon baay'attuun baay'ataa deemaniif qofa osoo hin taane, dhimmoota keessaa kan amantiin walqabatu irratti ijjannoo adda addaa qabaachuun yeroo garii sadarkaa meeshaa waraanaatiin Muslimoota wal-lolchiisuu fa'a irra gayuu isaaniiti. Ammas dhimmoota walii galaa kan hegaree amanti Islaamaatiin walqabate irratti ijjannoo walfaallessu qabaachuun, yeroo garii faallaa amanti Islaamaa goranii garee diinaatiif tumsuu fa'a. kana irratti fakkeenya gaarii kan nuuf ta'u dhimma Afgaanistaan, Eritriyaa fi Suudaan Kibbaati.

Sosochiin babal'inna Islaamummaa kan amanti Islaamaa tumsuuf godhames dhibee qoqqoodamiinsaa kana irraa nagaya hin bane. Sochiilee Islaamotaa keessa hojjattoonni hedduun kutannoo fi dhugumaan Islaama waa hunda of keessatti qabatu fi tokkummaa Islaamotaa fiduuf tattaafatan jiraatanis, dhibeen qoqqoodamiinsaa kun garii isaanii gama ilaalchaatiin garii immoo gama tooftaalee raawwii hojjiitiin itti cabsuun, warraaqsa kana gareelee heddutti addaan qoqqoodee hambise.

Walfaallessi garee kana jiddutti argame, yeroo garii hanga sadarkaa amanti keessaa walbaasuu, wal abaaruu, sadarkaa dhiiga walii jiiysuu fa'atti geessa. Haa ta'uutii haga tokko galanni Rabbii hin badinii heddummina hin qabu. Wantoota gareelee kana qoqqoodamiinsa itti mi'eessan

keessaa rakkinoota gurguddoo haala Muslimootaa yeroo gara yerootti addaan cicciran kana. Yeroo sanitti kan mul'atu, walirraa fofottoqiinsi baay'atuu, duugda walitti galuu fi waljibbiinsi cimaa dhufuudha. Rakkinni biyyoota galoo galaana Arabiyaa kan dhumaa fakkeenya guddaa nuu ta'uu danda'a.

B) Sababaa Faffaca'iinsa Ilaalchaa Jidduu Muslimootaatti

Osoo kitaabni Rabbi jidduu isaanii jiruu, osoo kitaabni kun tokkummatti isaan yaamuu, wanti Muslimoota gargar qoqqoode maali? Tarii namoonni hedduun yeroo sababoota qoqqoodama Muslimootaa fidan kana irratti qorannoo gaggeessa amantii Islaamaa irraa fagaachuu, Muslimoonni hedduun Iimaanni isaanii xochachuu, qaroomina warroota biyya dhihaatiin hubamuu, diinagdeen dadhabuu fi sababoota biraas fa'a jechuun deebisu.

Garuu namni rakkina Muslimoota gargar qoqqoode kana sirritti gadi bu'ee hubate, sababa isaa tarreessi osoo jedhaniinii qabxiilee shanan seensa jalqaba kitaaba kanaa irratti rogoota adeemsaa shanan jennee tarreessine saniin ala hin bayu. Akkasumas diigamiinsi tokkummaa Muslimootaa kunis sababni isaa ukkaamfama mirga yaada ibsachuu addunyaa Islaamaa keessatti babal'atee fi sirni abbaa irrummaa gar-malee babal'achuu isaa akka ta'es nuuf hima.

Qoqqoodamiinsa gareelee amantii Islaamaa keessa jiranii kana yoo gadi qabnee ilaalle, sababni guddaan qoqqoodama isaanii fide adeemsa ilaalcha isaanii keessatti walfaallessuudha. Kuni immoo adeemsa waliinii kan silaa ilaacha namaa tokko godhu, kan mul'ata namaa tokko godhu

yookii walitti dhiyeessu fi kan ifaajee fi carraaqqii nama hunda gara galma tokkootti fuulleffachiisu san dhabamsiise.

Qoqqoodamiinsa ilaalcha argame kana bifa walii galaatiin yoo ilaallu, sammuu Muslimootaa hedduu keessa seenuun ilaalcha walfaallessaa irratti bocee jira, bifa carraaqqiidhan hojii isaaniis gargar baasu irratti bocee jira. Sababa sanii qoqqoodamiinsi gareewwan har'a argaa jirru kun uumamee argame. Kana jechuun namni Muslimaa tokkichis kan adeemsa ilaalcha waliinii, ilaalcha nama hunda keessummeessu san qabu hin jiru jechuu keenyaa miti. Haa ta'u malee, warraaqsi gareedhaa yeroo kamiyyuu kan madaalamu sammuu waliigalaatiini malee kan namoota muraasaa qofaanii miti.

Qaawwa yeroo ammaa ilaalcha Islaamummaa keessatti babal'atee mul'ataa jiru keessaa inni tokko ilaalcha fi qorannoo keessatti gar-tokkee dhimma sanii qofa irratti xiyyeeffachuudha. Kuni immoo adeemsa dhiphina qabu kan odeeffannoo barbaachisan hedduu walitti hin qabatin ta'uu fi odeeffannoo muraasa qofa irratti hundaa'uu isaa mul'isa. Kuni immoo bu'aan qorannoo san irraa argamus akka gar-tokkee³⁷qofa ta'u godhe. Kana yeroo jennu qorannoon sun odeeffannoo hedduu of keessaa hin

³⁷ - Gar-tokkee jechuun keenna yaada dhimma/mata duree tokko qofa irratti gabaabate, tarii mata durema san keessatti gama muraasa qofa irratti kan xiyyeeffate, yaada gara dhiphinaatti malee bal'isanii waa yaaduu fi waa heddu of keessatti hammachuu hin qabne jechuudha (*yaada nama kitaaba hiikeeti*).

qabu, baay'ina qofaa miti, gostummaan odeeffannoo inni guurrateeyyuu muraasa.

Qoqqoodamni kun gareelee lamaan armaan olitti ilaalle sanitti nu baase. Innis garee hambaa fi duudhaa duraanii qofatti amanuu fi garee waa hunda keessatti dursa aadaa biyyoota dhihaa hordofuu dursuudha. Gareen inni jalqabaa rakkinoota hawaasa har'aa kana qunnaman hundaafuu furmaanni isaa, duudhaalee fi hambaa duraanii sirritti dubbisuu fi hubachuudha jechuun, saayinsii fi beekumsa adda addaa ilmi namaa yeroo hedduu keessa horatee asiin gaye kanaaf bakka kan hin qabneedha.

Gareen inni lammataa immoo, furmaanni waa hundaatuu saayinsii fi beekumsa adda addaa kan ilmi namaa yeroo har'aa irra gaye kana jechuun, bu'aa fi faayidaalee duudhaa durii san hundaaf bakkee dhabanii geengoo odeeffannoo isaaniitiin ala godhan. Gareeleen kun lachuu, odeeffannoo ofii filatan qofa irratti hundaa'uun, sammuu gar-tokkeen waa ilaaltutti dhimma bayan. Garuu sammuu Muslimootaa kan jaaraalee jalqabaa keessa odeeffannoo gama wahyiitiin dhufan hunda isaa walitti qabdee, beekumsa yeroo sanitti namni irra gayes qoratee, akka madden odeeffannootti walbira madaala irra keettee itti fayyadamaa turte. Sammuun sun har'a eessa dhaqxe laata?

Ammas bifa qoqqoodamiinsa ilaalcha Muslimootaa mul'isu keessaa inni biraa, bu'aawwanii fi galma gara garaa irraa gara kaayyoo waliinii isa walii galaatti dhufuu dadhabuu ummataati. Kan amma argaa jirru, namni hunduu bu'aa fi galma ilaalu hundaa akka naannoo isaa qofatti dhiphisee ilaaluun, jireenya Muslimootaa hunda karaa

dhipaa san irratti deebisuun, osoo addunyaa bal'aan walitti hin hiine rarraasee hambisuu isaati.

Kuni immoo qoqqoodamiinsa gareelee siyaasaa armaan dura dabarsinee san fide. Qoqqoodamiinsi gareelee siyaasaa kunis kan argameef dhiphina ilaalcha isaan qabaniifi. Rakkinoota argamaniif sababni fi furmaanni isaa maali jedhanii bal'isanii hin ilaalan. Yeroo addunyaan hundi ganda tokko taate kana keessatti biyyoonni gurguddoon humna qaban akka dhimma argamu hunda duubaan jiran hubachuu dhabuu isaaniiti. Akkasumas gareewwan kun tokkummaan Muslimootaa kan argamu ilaalcha isaanii tokko godhuu fi bu'aalee qaroomina ariifachiisuuf, sammuu Muslima hundaa keessatti kaayyoo kana bocuu dadhabuu isaaniiti.

Ammas bifoote qoqqoodamiinsa ilaalcha Muslimootaa mul'isan keessaa inni biraa, ilaalcha isaanii keessatti fakkeenyummaa fi heegaree bareeda uumuuf hawwii fi abjuu qofa ijaaru isaaniiti. Ilaalcha Islaamummaa isa ammaa kana yoo ilaallu, yookii seenaa dabre keessa lixuun rakkinoota amma argamaniif murtiilee fi furmaata isaa hambaa durii san irraa qabsiifachuuf kan fiigu ta'a; yookii immoo hegaree ummataa ijaaruuf fuul durri ummata Islaamaa kan walqixxummaan, haqqummaan fi gaariin hundi keessatti walgeette, kan cubbuu fi badiin keessatti hin dalagamne uumamuuf deema jedhee taa'ee abjaayuu qofa.

Yaada namoonni har'a kaasanii fi kitaabota yeroo durii irraa hanga ammaatti barraayan hunda osoo ilaallee, barruuleen isaanii hedduun abjuu fi hawwii kanaan kan guutameedha. Garuu ilaalchi Islaamummaa kan jaarraalee jalqabaa sun garamitti dhokate? Ilaalchi jaarraa duraa sun,

maddi qorannoo isaa jireenya battala yeroo san keessa jiruuti. Jireenya battalaa san irraa ka'ee, dhibee isaa qoratee, sababa argama isaas addaan baafatee, mallattoolee dhibee saniis beekke, sana booda bifa seera Islaamaa eegeen qorsa/furmaata haala amma inni jiru irraa gara sadarkaa fayyummaa fi guddinaatti isa geessu kennaaf.

Garuu sababa ilaalchi Islaamummaa ammaa kun fakkeenyummaa fi hawwii qofa ta'ee hafeef jecha, gareewwan adda addaa kanneen Muslimoota gar gar qoqqoodan uumamuun isaa baay'ee nama hin ajaa'ibsiisu.gareewwan kunniin yeroo rakkinoonni argaman isaan addaan qoqqoodanitti, dhimma yeroo irratti muxannoo gayaa dhabuun isaanii akka isaan furmaata biraa dhiisanii fakkeenyummaa fi hawwii hegaree qofa irratti xiyyeeffatan godhee jira. Gareewwan kunis akka waan diina guddaatti wal ilaaluun, cubbuu guddaa wal irratti dalagu. Kanaaf fakkeenya guddaa kan nuuf ta'u burjaaja'iinsa biyyoota galoo galaana Arabiyaa jiddutti yeroo ammaa argamae kana.

C) Qoqqoodamiinsa Ilaalchaatii fi Abbaan Irrummaa Sababa

Bu'uuraaleen amantii Islaamaa, roga adeemsa Ilaalcha Islaamummaa akka boccu kanaan dura dubbannee jirra. Aqiidaan Islaamaa sun ammas kunoo ummata jiddutti babal'attee jirti, akkamitti gara roga ilaalchaa tokkotti ummata Muslimaa kana fiduu dhabde? Deebiin gaffii kanaa tarii sonoota amantii Islaamaa kanatu onnee namaa keessa sirritti gadi bu'ee sadarkaa silaa tokkummaa ilaalchaa fiduu danda'u san irra gayuu dhabutu mala. Kuni sababoota rakkina kana fidan keessaa isa tokko. Garuu sababni guddaan dhabamiinsa mirga

walabummaa yaadaati. Isa kana yeroo hedduuf irra deddeebinee dubbannee jirra. Walabummaan kun argamu malee tokkummaa ilaalchaa fiduun abjuu ta'ee hafa.

Yeroo ammaa kanatti sirni abbaa irrummaa kun Muslimoota jiddutti babal'atee jira yaada jedhu irratti ragaa fidachuu fi jiraachuu fi jiraachuu dhabuu sirnicha kanaatiif mirkaneessa kennuu waan nu barbaachisu hin se'u. Kunirakkina ifatti ol bayee xiqqaa fi guddaanis beeke waan ta'eefi, isa raggaasisuu fi mirkaneessuuf ragaa nu hin barbaachisu. Wanti nuti armaan gaditti ifa godhuu barbaannu, sirni cunqursaa kan walabummaa yaadaa ukkaamse kun, akkamitti tokkummaa ilaalcha Muslimootaa qoqqoodee, utubaalee tokkummaa ilaalcha Muslimootaa turan hunda keessatti rakkoo fi qaawwa itti uumee, ummata tokko ture diina walitti taassise kan jedhu ta'a.

Bifa abbaa irrummaa keessaa, irrummaan siyaasaa (cinqursaan siyaasaa) isa tokko. Irrummaan siyaasaa kunis mirga yaada ibsachuu ukkaamsuu irratti xiyyeeffata. Mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu kan silaa rakkinoota ummata qunnaman waliin mari'achuun sababa isaa qoratee, tooftaalee fi maloota rakkina san ittiin hiikaniifkan furmaata laatuuf cunqurfamee ga'ee tokkoon ala bayee hafe. Irrummaan siyaasummaa kun inumayyuu sadarkaa yaada bilisaan ibsachuu irraa nama dhoorguu bira taree, namoota yaada ibsachuuf tattaafatan hunda cunqursaa fi gidira suukaneessaa irratti raawwata. Biyyoota Islaamaa hedduu keessatti sadarkaan babal'ina rakkina cunqursaa kun wal-qixa ta'uu baatus, garuu gosti cunqursaa fi dhiibbaan ummata irratti godhamu baay'ataa dhufee jira.

Irrummaan siyaasaa kan mirga yaada bilisaan ibsachuu hojiin ala godhe kun, sammun namoota hedduu haala qabatama Muslimoonni amma keessa jiran akka isaan hin yaanne, sababaa

isaas akka hin qorannee fi furmaatas akka hin kennine cufee jira. Hacuuccaa fi sodaa isaan keessatti uumuun, akka isaan dhimma ofii qofa yaadanuu fi akka fakkeenyummaa fi hawwii gaarii hegaree ummata kanaa fiduuf abjuu qofa keessatti hafan taasisee jira.

Haala kana dhaloota dargaggoo ammaa kanneen sirna sooshaalizimii deeggaran, kan biyya fakkeenyummaa waan hundaa taate kan walqixxummaa fi haqqummaan waan hundaa keessatti eeggamtu uumuuf abjaayan irraa arguu dandeenya. Akkasumas haala kana dargaggoota garii kan dhugumaan gara Rabbii ofii deebi’anii jiruu hawaasa isaanii safuulee amantii kan waan hunda of keessatti qabattuun osoo bulchaaa jiran, mirga yaada ibsachuu sarbamanii cunqurfamanii manatti hafan irraa arguun ni danda’ama.

Sababa mirga yaada ibsachuu dhabaniin, dhumni dargaggoota kanaas yaada dur biyya ijaaruuf qaban san irraa gara yaada duwwaa bu’aa takka hin buufne yaaduu qofatti deebi’an. Rakkinoota ummata keessatti uumamaniif bakkee dhabuu fi rakkina argameef immoo furmaanni isaan dhiyeessan kan furmaata jedhamee hin ilaalamne ta’ee hafe. Furmaanni isaan dhiyeessan sadarkaa safuulee fi sonoota cimsuu qofa irratti xiyyeeffachuun, rakkina argameef immoo dhugaa battalaa osoo guututti hin qayyabanne irra isaa qofa ilaaluun irraa haasayuu qofa ta’e³⁸.

³⁸Kora beektonni gurguddaan mata duree “Dargaggoo warraaqsa Islaamummaa- badii qaban moo dharaan miidhaaf saaxilaman” jedhuun qophaaye, kan paampileetii Al-Muslimuun jedhu keessatti, lakk. 298, 299, guyyaa 26/19/Onkololeessa bara 1990tti maxxanfame ilaali.

Cunqursa siyaasaa keessaa bifti biraa, cunqursaa sirna barumsaati. Dhaabbileen barnootaa hedduun imaammata baruu fi barsiisuu keessa, gosa barnootaa/ mata dureelee nama dhamaasan, kan sammuu namaa cufan, kan barataa kana akka inni mirga uumamaan qabu hin beekne fi hin falmanne godhan, kan kitaabota mirgaa fi dirqama isaa ibsan akka inni hin dubbisne dhoorgan fa'a barsiisu. Akkasumas dhaabbileen barnootaa kunniin adeemsa ofii qofa nama barsiisuu, kan ofii namatti himuu malee mirga yaada burqisiisuu hin deeggaran. Kuni immoo rakkina sadarkaa barnootaa garii qofa irratti mul'atu yookiin dhiibbaa namoota muraasa qofa irratti raawwatu osoo hin taane, rakkina guutuu biyyaa fi ummataa liqimsaa jiruudha³⁹.

Gufuun imaammata barnootaa fi sarbamiinsa mirga yaada kennachuu kun, dhaloonni ilaalchi isaanii gadi fageenya hin qabne, rakkina ummata tokkoo furuuf kallattiin isaan ittiin ilaalan kan tokkicha qofa ta'e fi dhaloota yaadota walfaallessanii fi odeeffannoo walmorman wal-bira qabuun yaadaa fi ilaalcha walii galaa kaayachuu hin dandeenye uume. Ofittummaan yaanni kiyya qofti haa ta'u yookiin

³⁹Daaw'annaa dameelee da'awaa yunivarsiitiilee biyyoota Arabaa keessa jiraniif gooneen, imaammanni barnoota isaanii, falaasamoota durii fi kan ammaa kanneen amantii Islaamaa morman hunda irraa qullaa ta'uu agarre. Namni da'awaa godhu tokko mormii amantii kana irratti kaafaman beekke, baratee, deebii gahaa isiif qopheeffachuuf bareeda waan ta'eef, isin maaliif keessaa hayxan jennee hoogganaa kollejii wayii gaafanne. Deebiin inni nuuf deebise: "Itti gaafatamummaan kollejii kana irra jiru, barattoota isaa waan sirrii/ haqa ta'e barsiisuu fi dhugaa kanaan ala kan jiru hunduu badii fi dogongora ta'uu barsiisuu qofa. Tana lamaan beeynaan gara amantii Islaamaatti nama yaamuuf gahaadha" jedhee nuuf deebise.

mazhaba kiyya qofatu sirriidha jedhu, kan yeroo ammaa ummanni Muslimaa keessa jiran kunis firii ilaalcha gubbaa qofaa kan gadi fageenyaan waa hin xiinxalleeti⁴⁰.

Bu'aa ilaalchi gadi fageenyaan waa xiinxalluu dhabuun fide keessaa inni biraa, yaadaa fi ilaalcha namoota biraa kan yaada keenya faallessan keessummeessuu fi fudhachuu dhabuu irraa fagoo ta'uu keenya. Namoota akkanaa kana yoo ilaallu, ijannoo fi ilaalchi isaan qaban hundee tokkos hin qabu. Sababni isaas amala waa mormanii booda dhugaa jiru irra gayuu waan hin qabneefi. Akkasumas amala waa qorataniis cuunfuun qabxiilee dadhabinaa fi jajjabina, gaarummaa fi badii dhimma sanii addaan fooyyuu waan hin qabneefi. Barnoonni namni tokko/qaamni tokko qofti afaanitti nama qicu, kan yaada kennuu fi waa uumuu irratti nama hin leenjifne akkamitti barnoota jedhama?

Dhaabbileen warraaqsa Islaamummaa hedduun, dhibee aangoo dhuunfachuu kan yeroo ammaa jiruu ummata Muslimaa hunda too'annaa jala galfate kana irraa nagaya hin bane. Dhaabbileen kunniinis hordoftoota isaanii irratti wanta barataniis fi wanta dubbisan hunda keessatti akka isaan yaada hin kennine ukkaamsu. Namoota xiinxalootaa fi barreessitoota jedhaman muraasaaf amlee mirga kamiyyuu hin kennaniif. Dhiibbaan kun immoo hordoftoota dhaabbilee kanaa duuchee ija jaamsee baase. Namoonni hedduun isaan irraa ta'an yoo dhimmi qorannoo fi xiinxala barbaachisu wayii isaanitti fidamu irra isaa kana malee sammuu gadi bu'iinsaan ittiin ilaalan hin qaban.

⁴⁰ Muhammadal gazaalii kitaaba isaa – Dustuuralwahadal islaamiyyaa bynal muslimiin kan jedhu lakk. 98 booda ilaali

Qabxiilee fi ibsoota gubbaa kana irraa ka'udhaan, sirni abbaa irrummaa kun hagam takka ilaalcha Islaamummaa akka cunqursee fi hagam takka akka ummata keessa babal'atee jiru tilmaamuu ni dandeenya. Namni dhugaa jiru qoratuuf deemu tokko, qaawwa xiinxala Islaamummaa fide kanaaf sababa hunda isaa walabummaa yaadaa nama irraa sarbutuu kana fide jedhee ibsuu danda'a.

Mata duree itti aanu kana keessatti, qabatama haala Islaama ammaa kana keessatti, walabummaan yaada ibsachuu kun tokkummaa ilaalchaa jidduu Muslimootaatti fiduu keessatti hagam takka akka ga'ee qabu fi tokkummaan ilaalchaa kun immoo hagam takkaa tokkummaa Islaamummaa kan aadaa, kan siyaasaa fi mazhabootaa fiduu danda'a isa jedhu ilaalla.

2) Walabummaa Yaadaatii fi Tokkummaa Beekumsaa (Aadaa, Barnoota, Duudhaalee)

Tokkummaa aadaa yoo jennu, tokkummaa tooftaalee jireenyaa kan shaakallii fi ilaalchaa jechuu keenya. Ummata aadaadhaan gamtoomee tokkoome jechuun ummata ilmaan isaa rakkinoota argaman gama yaadaatiin furuuf, bifa shaakalaatiin gama diinagdee, ijaarsaa fi bulchiinsaatiin jiruu roga qabeessa uumuu fi duudhaa, aadaalee fi hariiroo hawaasummaa keessatti tooftaa tokko irratti yookiin tooftaa walitti dhiyaatu kan qaban jechuudha. Ummata aadaadhaan

gar-gar qoodame jechuun immoo, ummata miseensi isaa hunduu tooftaa mataa isaa kan adda ta'e qabu jechuudha⁴¹.

Aadaan Islaamummaa yookiin jireenya gama amantii Islaamaa simatuun shaakaluun bifa fiixa bayiinsaa kan godhattu yoo wantoota bu'uuraa lama of keessaa qabaatte qofa: Inni jalqabaa, safuulee amantii Islaamaa dhaabbataa fi kan hin jijjiiramne. Innis seera Islaamaa, amantii isaatii fi amala gaarii of keessatti qabata. Bu'uurri lammaffaan immoo tooftalee akkuma haalaa fi dhimmichi geeddaramuun walumaan geeddaraman, kanneen safuulee hin geedaramne sanniin bifa bareedaan fiixa baasan jechuudha. Tooftaleen kunniin kaayyoo isii kana galmaan gayuuf beekumsa ilaalchaa fi shaakallii hundatti fayyadamuun dirqama.

Ummanni Muslimaa yoo jireenya isaanii tooftaa bu'uuraa isa jalqabaa san irratti fuulleffatee bu'uura isa lammataatiif kan bakkee hin qabne yoo ta'e, aadaan isaanii gabaabduu fi duubatti haftuu taati. Yoo aadaa bu'uura isa jalqabaa dhiisanii kan lammataa qofa fudhatan immoo, aadaa jallinaa fi karaa dhugaa irraa bayuu taati. Garuu aadaan Islaamaa tan dhugaa irratti bu'uureffamte, bu'uuraalee fi safuulee amantii kan hin jijjiiramne san fudhattee beekumsaa fi dandeettii namaatis bakka barbaachise hundatti kan dhimma itti baatu jechuudha.

Kana irraa ka'uudhaan, tokkummaan aadaa jidduu Muslimootaatti kan mirkanaayuun, yoo bu'uuraalee lamaan

⁴¹ - Madluul Assaqaafaa wa Al-wahadaa Assaqaafiyaa: Maalik binu Nabiyyi, Mushkilatu Assaqaafaa, mata duree kana irratti, kitaaba baay'ee bifa bareeda ta'een qophaayeedha.

armaan olitti dubbanne kana walitti qabee itti fayyadame qofa. Tooftaan tokkummaa waan kun immoo dirree walabummaan yaadaa jiru, dirree sammuum namaa odeeffannoo bu'uura lamaan amma himne (safuulee amantii isa dhaabbataa fi beekumsa namni guyyaa keessa horate) hunda walbira qabee xiinxaluu fi dirreen yaanni namaa bu'uuraalee lamaan kana keessaa isa tokko qofatti fayyadamuu dhabuu yoo jiraate qofa.

Sammuum bu'uura isa jalqabaa sanitti fuulleffachuu jechuun, safuu, duudhaalee fi sonoota amantii Islaamaa madda bu'uura amantii kan ta'e Qur'aanaa fi Hadiisa irraa barachuu jechuudha. Booda immoo hambaalee Islaamaa kan safuulee fi sonoota san sirritti namaaf hiikanii, ibsanii, dhugaa battalaatiin walqabsiisanii bocan san barachuudha. Hambaaleen kunis fiqhii hojiin mul'ifamu kan dhaloonni kamiyyuu irraa duroomuu hin dandeenye uuman. Hambaaleen kunis bifa mazhaboota Islaamaa hunda walqixxummaan osoo addaan hin foone barsiisaniin dhaabbachuu qabu.

Hambaaleen Islaamaa mazhaboota maqaa amantii Islaamaa himatan, kan ofii amantii keessaa bayanii jiranis of keessatti hammatuu qaba. Bifa kanaan sammuum namaa odeeffannoo bu'uura isa jalqabaa (safuulee amantii dhaabbataa) keessa jiran hunda walitti qabatee osoo mirgi isaa kan waa odeeffachuu fi waa hubachuus jalaa hin sarbamne wanta silaa beekuu fi qayyabachuu qabu hundaa argata.

Sammuum namaa bu'uura isa lammataatiif (beekumsa namni guyyaa keessa horateef) banaa ta'uu jechuun immoo gama qaroomina biyyoota dhihaa barchuutti

fuulleffachuu jechuudha. Kunis kan jedhameef, qaroominni Awurooppaanotaa yeroo amma kanatti fiixee bakka silaa namni beekumsa irraa qabsiifatuu fi hidda beekumsaa kan afuura amantii fi falaasama walii galaa taatee waan argamteefi. Fuulleffannaan akkanaa kun immoo karaalee falaasamaa hunda qorachuu, ergaalee amantii, sirna diinagdee fi siyaasaa, amaloota hawaasummaatii fi jireenya isaanii kan battalaa hunda kan qoratu ta'uu qaba.

Bu'uurri kun, qabxiilee armaan olitti darbe dabalee, saayinsii dhimma Astiroonomii qoratus bifa adda ta'een of keessatti hammatuu qaba. Qaroominni biyyoota dhihaa kun qabxiilee kana hunda of keessatti qabachuun haga danda'ameen wantoota hammatamuu qaban kamiyyuu bifa kamiinuu of keessaa baasuu hin qabu. Yeroo kana sammun Muslimaa beekumsa namni guyyaa keessa horate kana hunda irraa qooda fudhatee, odeeffannoo isaaf barbaachisan hundas argatee, beekumsa ammayyaa yookiin aadaa beekumsa ammayyaatiin wal makates of keessatti dagaagsee argama.

Walabummaan odeeffannoo hundaaf sammuu ofii banuu kuni bu'uuraalee lamaan kana qofa irratti hin dhaabbatan. Odeeffannoo bu'uuraalee lamaan kanniin irraa argame irrattis ilaalchaa fi falmiin isa irratti qabnu ifaa fi bilisaan yoo kenname qofa. Odeeffannoon bu'uura jalqabaa irraa argannu keessatti falmiin nuti isa irratti dhiyeeffannu bifa bilisa ta'een carraaqqiin dhimma san qayyabachuu, murtiilee shari'aa kanneen Qur'aanaa fi Hadiisa irraa fudhataman raggaasisuu, dhimma Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti hin ibsamin immoo sonootaa fi bu'uuraalee walii galaa irratti hundaa'uun haaroomsa isaaf godhuun bifa

qabatama yeroo kan Muslimoonni jiraataa jiran waliin deemuun rakkinoota battalaatiif furmaata baay'ee gaarii ta'ee barbaaduudha.

Ammas ilaalchi falmii kan bu'uura isa jalqabaatiif (safuulee amantii dhaabbataa/ kan hin jijjiiramneef) nuti qabaachuun malu keessaa inni biraa, bifa wal-qixa ta'een hambaalee barnoota Fiqhii fi Aqüidaas qorannoo fi sakatta'iinsaaf banaa goonee, odeeffannoo haaraya gosa barnootaa kana keessa jiran kan dhimma qabatama yeroo waliin deeman keessaa filachuudha. Kuni immoo mirga walabummaa carraaqyii jalatti ramadama.

Bilisummaan nuti dhimma murtiilee amantii keessa jiranii fi mazhaboota hambaalee durii beekuu irratti carraaqyiin nuti goonee falmii irratti dhiyeessinu, tooftaa jireenya ammaa ittiin injifatan kan rakkinoota battalaa hundaaf of qopheesse mirkaneessuu keessatti Muslimoota ammaa kana tokko godhuuf gahaadha. Hambaalee durii kana akkuma inni jirutti fudhatanii bifuma inni rakkinoota gadaa durii ittiin furaa tureen ammas rakkinoota yeroo ammaa fi isa dhufu ittiin furuuf yaaluun, Muslimoota hedduu akka isaan hambaalee kana guutumatti irraan tarkaanfatanii furmaata dhama'aa ta'ee fi rakkinoota walxaxaa ammaa kanaaf akka dhiyeessan isaan godha.

Kuni immoo rakkinoota yeroo har'aa kana gar-malee babal'atanii mul'ataa jiran keessaa isa tokko. Kunis kan ta'een, carraaqyii bifa walaba ta'een waa falmuu irraa nama ittisuun, carraaqyiin dhimma wayii hubatuu fi falmuuf godhamu irraa akka namoonni of qusataniif karaa saaquuni. Gufuun kun ifatti bayee ibsamuu baatus, garuu rakkina yeroo ammaa mul'ataa jiruudha. Yaalii fi tattaaffiin rakkina

kana keessaa bayuuf godhames sadarkaa baay'ee nama qaanfachiisu irra jira.

Bu'uura isa lammataa (Beekumsa guyyaa keessa namni horate) irratti falmiin dhiyeeffachuun immoo bifa bal'aa ta'een ragaalee beekkumsi sun jireenya dhuunfaa fi hawaasaa irratti fide walitti qabachuun dhugaa fi dhara jiru sirritti addaan fooyuudha. Akkasumas saayinsii hawaa fi saayinsii waa'ee namaa qoratu irrattis odeeffannoo dhiyaatan keessaa isa kamtu dhugaadha jennee sirritti addaan fooyuu qabna.

Sochiin falmiidhaa kuni wantoota safuulee fi murtiilee seera Islaamaa faallessan hunda fudhachuu dhabuu hammata. Qorannooleen isa irratti gaggeessinu fi yaanni isa irratti kenninu hunduu kallattii dhugaa ta'e qofa irratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Eega wanti dhugaa ta'e addaan nuu baye booda, qaroomina hafe bifa tokkummaa beekumsa Islaamummaa ijaaruu danda'uun dhimma itti bayuudha. Bifa dhugaa jiru beekuu kanaan falmii fi mormiin yoo hin gaggeeffamin, sababa qaroomina kana keessa wantoota amantii faallessantu jira jechuutiin Muslimoonni hedduun ijannoon isaan qaroomina kanaaf qaban guutumatti ijannoo diddaa ta'a. Si'a kana carraan inni qabu madda hambaalee qofatti fayyadamuu ta'a.

Yoo hambaalee fi beekumsa guyyaa keessa namni horate kana bifa banaa fi falmii irratti dhiyeessuutiin kan itti fayyadamnu ta'e, warroonni dhihaa hambaalee keenya bareeda kana irratti falmii qaban dhiyeeffatanii, hordofoonni hambaalees beekumsa namni horate kana gingilchanii qoratani, qaamni lameenuu tooftaa tokko ta'e kan safuulee fi murtiilee amantii fudhachuu fi wanta nama fayyadu qaroomina warra dhihaa irraa fudhachuu irratti wal-gitu. Tooftaa tokkoomuu

kanaan jireenya Islaamaa sona godhatee dachii kana dhaaluu fi misooma isiitiifis itti gaafatamaa ta'ee argama.

3) Walabummaa Yaadaatii fi Tokkummaa Mazhabaa (Kutaalee Yaadaa)

Muslimtoonni fiqhii fi aqiidaa keessatti karaa hedduu hordofu. Fiqhii keessatti karaa (mazhabni) beekkamaan afuri. Isaanis:

- Al-Hanafi;
- Ashaafi'iyyu;
- Al-Maalikii fi
- Al-Hanbalii jedhamu.

Aqiidaa keessa immoo karaalee saditu jira. Isaanis:

- Warra Sunnaa (Sunnii);
- Shii'aa fi
- Ibaadiyyaa jedhamu.

Yeroo hedduu karaalee hordofan kana keessatti, namni hunduu kiyyatu sirriidha jechuun baay'atee jira. Kuni immoo ummata jiddutti qoqqoodama guddaa fidee jira. Qoqqoodama kanaaf fakkeenya guddaan isa Sunni fi Shii'aa jiddutti har'a argaa jirru kana.

Tokkommaan karaa (mazhabaa) kuni sadarkaa lama qaba: sadarkaan inni duraa, Muslimoonni hundi mazhaba tokko kan afranuu irraa walitti qabame, kan keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaatiin kallattiin walitti hidhata qabu irratti walii galuudha. Sadarkaan lammataa immoo; Muslimoonni mazhaboota isaanii sirritti walitti dhiyeessanii, wantoota hedduu irratti walii galuun, dhimmoota muraasa hafan irratti immoo namni hunduu mazhaba ofii irratti hafuun waliif dhiifama godhuudha.

Ulaagaan kanaa immoo waldhabiinsaa fi wal jibbiinsi jidduu namaatii bayuudha.

Tokkummaan sadarkaa jalqabaa irratti kaafne kun, gama aqiidaatii fi gama fiqhiitiinis yeroo ammaa kanatti irra gayuudhaaf carraan isii baay'ee xiqqaa fi ulfaataa ta'us, inni sadarkaa lammaffaa irratti keenye immoo carraa salphaa fi hojitti jijjiiramuu danda'uudha. Caraan sadarkaa lammaffaa kuni osoo hojii irra oolchuu dandeenyee, silaa isa sadarkaa jalqabaa irra jiruufis karaa saaqnee jirra.

Mazhaboonni kuni hunduu karaa amantii Islaamaa ittiin gaggeeffatan ifa godha. Gama iimaanaatii, gama aqiidaatiin, gama amalaa fi seera shari'aatiinis akkamitti akka deemuu qabnu nuuf ibsa. Mazhaboonni kunis carraaqqii beektonni durii akkaataa amantii keenya hojiin mul'ifnu nuuf ibsuuf taasisani. Akkaataan bocama mazhaboota kanaas keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa haala jireenya Muslimoota yeroo saniitiin walitti qabsiisuun kan kaayameedha.

Kanaafuu mazhabni haala qabatama yeroo hundeeffama isaa san waliin sirritti kan hidhata qabuudha. Garuu hordoftoonni mazhaboota kanaa gadaalee hunda keessattuu of duukaan deemuun itti fayyadamaa turan. Mazhaboonni kun carraaqqii cimsuu fi shaakallii Islaamonni amantii ittiin hordofaa turan babal'isuu keessatti gumaacha guddaa qaba. Kuni immoo bifa aqiidaa fi bifa fiqhiitiin barruuleen baay'ee guddaa ta'e kan ummatoota kamiyyuu biratti hin argamne qopheesse. Kallattii kanaan kuni gumaacha nama boonsu kan dhagoonni kamiyyuu irraa duroomuu hin dandeenye fi gumaacha dhalli namaa gumaache kan yoomiyyuu ragaa bayamuufiidha.

Kana ta'uu waliinuu, Muslimoonni hanga ammaatti mazhaba kana kan gariin isaa waa jajjabeessuu irraa hanga nama

walitti buusu gaye kana qabatanii turuun sababa sammun namaa hin fudhannedha. Kaayyolee/ergaalee shari'aa keessaa tokko tokkummaa Muslimoota jiddutti uumuudha. Bifa kanaan Mazhabni kun akka gosa yaada wayii kan dhimma yeroo asiin duraa wayiitiif lafa kaayame, kan gariin yaada sanii yeroo ammaa akka mataa fi miilaa wal jala taree argamu akkuma jirutti qabatanii irratti goguudha. Sababni isaas dhiphinni mirga yaada ibsachuu waan jiruufi. Kana irraa qulqullaayuuf furmaanni tokkichi jiru amantii fi seera amantii keessattis bifa ifaa fi bilisa ta'een mirgi yaada ibsachuu jiraatuun dirqama.

Gama dhimma amntii qabatuutiin, gareen sunnaa, shii'aa fi ibaadiyyaa jedhaman, seenaa Islaamaa isa jalqabaa keessa yeroo balaa fi rakkooleen jiranitti uumaman. Gareeleen kunis utubaalee isaanii wal-falmii jidduu isaaniitti gaggeessanii fi kan jidduu isaaniitii fi qaama amantiwwan fi aadaa biraa qabu waliin gaggeessaniin cimsatan. Haallan qabatama yeroo sanii, dhimmootaa fi tooftaalee wayii argamsiisuun waliin marii bu'uuraa kan mazhaboonni irratti haasayan akka uumamu godhee jira.

Waliin marii haalli yeroo sanii akka uumaman godhan keessaa akka fakkeenyaatti: hariiroo jidduu ibsoota Rabbii fi mataa isaa jiran, dubbiin Rabbii kan duriiti moo kan ammaati fi ibsoota Rabbii hiikuu fi hirkisuu (osoo hin hiikin dhiisuu), Rabbiin arguun ni jira moo gonkumaa hin malu ka jedhu fa'a⁴². Sababoonni fi haallan yeroo san yaanni kun akka kaafamu godhan, akka yeroo dheeraatii argama hin qabu. Kanaafuu

⁴²- Qorannoo Doowru Al-fikri Al-Islaamii fii Nusrat Al-Aqiidaa Bayna Al-Amsi wa Al-yoom, paampileetii Azzeeytuuniyyaa, Tuunis, lakk 5.

Muslimoonni mazhaba akkanaa, kan yeroon dheeraan irra tare kana irratti goganii qabachuun sababaa ni qabaataa?

Akka ilaalcha keenyaatti, sammun namaa kun amantii qabachuu keessatti, walabummaa gahaa argachuun hidhaa mazhabaa kana keessaa bayuu qaba. Bifa walaba ta'een rakkinoota battalaa kan akka rakkinoota yeroo ammaa amantii irratti rakkoo qaqqabsiisan, kan amantii kana irraa waa jijjiiruun sammuu namaa keessatti shakkii uuman fa'a irratti xiyyeeffachuu qaba.

Sammun Muslimootaa tun, bifa walaba ta'een rakkinoota warri duniyaa qofatti amanan amantii keenyaan doorsisan kana fuul-dura dhaabbachutti osoo fuulleffatanii, silaa Muslimoonni hundi adda aqiidaa waliinii kan ka'umsa Qur'aanaa fi Hadiisa godhatee jihaadatti bobba'e keessatti wal-argu. Akasumas garee seera amntii waliinii kan dalagaalee fi fuulleffannaa Muslimootaatiif ka'umsa ta'an irratti walitti dhufu. Kana ta'ee argamnaa, dallaya jireenya Islaamaa kan waliinii isa mazhabni durii suuta suutaan keessaa badaa/hir'ataa dhufu uumuuf haala mijeessa. Fuulleffannaan amantiin rakkinoota amantii Islaamaa qunnaman ittisuuf godhu, sammuu namaa kana yaada durii irratti goggoguu irraa walaba godhuun akka ummata gara hegaree gaariitti fidaniif sammuu amantii tokko qabdu uuma⁴³.

Dhimmi mazhaboota fiqhiitiin wal-qabates akkuma ka aqiidaa kana. Inumayyuu kan fiqhii kun irra salphaadha. Sababni isaas furmaanni mazhabni fiqhii dhiyeessu hunduu dhimma dameelee amantiitiin wal-qabata malee kan hundee amantii irratti xiyyeeffatuu miti. Hidhaa dhiphina mazhaba

⁴³ - Hasan Atturaabii, Aadaayaa Al-Hurriyyati wa Al-Wahdaa, fuula.

fiqhii kana keessaa bayuuf, walabummaan carraaqii kan sammuu nama gama rakkinoota battalaa jireenya namaa qunnamaniitti fuulleffachiisu uumamuudha. Fuulleffannaan kunis kan amantii irratti hundaa'e ta'uu qaba.

Fuulleffannaan carraaqii walabaa kun, sammun namaa fiqhiidhan mazhabaa kana akka madda walii galaatti fudhachuun dhimmoota guyyaa keessa argaman gara qajeelluma seera amantiitti deebisuuf akka itti gargaarsifatu godha. Yeroo sun ta'ee argame sammun dhimma battalaa fi kan hegaree irratti fuulleffata. Yeroo kana Muslimoonni mazhaba tokko yookiin kan walitti dhiyaatu irratti haala jireenya isaanii mijeeffatu⁴⁴.

4) Walabummaa Yaadaatii fi Tokkummaa Siyaasaa

Akkuma tokkummaa mazhabaa, tokkummaan siyaasaas sadarkaa lama qaba: tokkoffaan, akkaataa seera biyyoota Islaamaa tokko godhuun tokkummaa siyaasaawaa hunda hammattu fiduu. Inni lammataa immoo dhimmoota keessa ummataatti uumaman keessatti ijjannoo tokko qabaachuu fi wal'aansoo sadarkaa addunyaatti gaggeeffamaa jiru kana irrattis ijjannoo tokko qabaachuudha. Tokkummaan siyaasaa sadarkaa jalqabaa kun Muslimootaaf kaayyoo guddaa yoo taatu, tokkummaan siyaasaa sadarkaa lammaffaas itti gayuudhaaf hedduu nama hin rakkiftu. Isiin tokkummaa waliigalaatti gayuuf tarkaanfii isa jalqabaati.

Qoqqoodamni siyaasaa kan yeroo ammaa argaa jirruu kun, sababni isaa guddaan duubatti hafiinsa qaroomina

⁴⁴ - Muhammad Al-Gazaalii, Dustuur Al-wahadaa Assaqaafiyya Beeyna Al-Muslimiin, lakk 54.

ummata Muslimaatii fi kolonii biyyoota gurguddoo addunyaa ta'ani, walakkaan qoqqoodama siyaasaa kanaa; rakkina mirga yaada ibsachuu cunqursuutiin walqabata. Qaamman Cunqursaa yaadaa kana fidanis, qoqqoodama hambisuu fi tokkummaa eeguufi jechuun sababa dhara ta'e dhiyeeffatu. Kanaafuu walabummaan yaada ibsachuu kun tokkummaa Islaamaa gama kaayyoo isii kan sadarkaalee lamaan olitti dubbannee kanatti geessuu keessatti ga'ee guddaa qabdi.

Akka sadarkaa biyyoota Islaamaatti, cunqursaan siyaasaa kan mirga yaada ibsachuu sarbutti geese kun, rakkinoota walitti kuufamanii gaafa tokkoo dhooyuuf deemaniis sababa guddaa ta'a. Ragaan kanaas biyyoota Islaamaa hedduu keessatti rakkinoota amma asii fi achittis argaa jirru kana. Mirgi bilisaan yaadaa ofii ibsachuu kuni osoo bifuma daangeffamaa ta'eenuu namaaf kennamee, silaa gareelee fi maatii siyaasaa jidduu fi ummataa fi qaama biyya bulchu jiddutti walitti dhiyeenya fida ture.

Mirga walabummaa yaadaa kuni qilleensa yaadota keessatti burqanii dhimmoota ummataatiif yaadan uumuuf haala mijeessa. Yaadonni uumaman kun immoo dhuma irratti wanta irratti walii galan wayii fida; kuni immoo rakkinoota mirga kana nama irraa ukkaamsuun fidu san ni hir'isa. Nama yaada ofii bilisaan ibsateef, osoo yaanni isaa sunuu hojiin lafa irratti agarsiifamuus baatee tasgabbi kennaaf.

Haala ummata biraa yoo gadi qabnee ilaallu, ummanni walabummaa siyaasaa qaban, tokkummaa siyaasaa keessattis ciccimoodha. Fakkeenyi muraasni ummata Islaamaas kanneen walabummaan siyaasaa isaanii

tokkummaa siyaasaa fiddeef haga tokko ni jiru. Ummanni sunis, ummata mirga siyaasaa guddaa dhuunfataniidha.

Gama mirga yaada siyaasaa kanaan haala ummata Islaamaa kan walii gala yoo ilaalle, mirgi siyaasaa jiraachuun kuni jidduu ummatoota Muslimaatti walitti dhiyeenya fida. Guddinni biyyoonni Islaamaa gama tokkummaatiin tooftaalee adda addaatiin fiduu danda'an, yeroo ammaa kana sababa ukkaamsaa siyaasaatiin dadhabee jira. Kana kan fide immoo yeroo mara ol'aantummaa namtti agarsiisuu qofa osoo hin taane, yeroo garii siyaasaa Islaamummaa kana qayyabachuu dadhabuudhaani.

Karaa kanaan, mirgi yaada siyaasaa ibsachuu kun, wiirtuu ol'aantummaa addunyaa kan biyyoota Islaamaa irratti of tuulan irra gayuun mala. Odeeffannoo argame kana irra dhaabachuun rakkinoota ummata Muslimaa asii fi achiin marsan saaxiluun ni danda'ama. Yeroo kun ta'ee argame, yaanni Islaamotaa kan dhara wiirtuuleen addunyaa xaxan kana hubatee fi ijjannoo fudhatamuu qabu irra gayan ni uumamu.

Kuni immoo, tooftaalee fi karaalee ol'aantummaa addunyaan ummata keenya irratti qabdu kana karaa ittiin cabsinutti nu geessa. Ijjannoon namni rakkinoota addunyaa fi rakkinoota ilma namaa qunnaman furuuf qabu tokko taati yookiin baay'ee walitti dhiyaatti. Kuni immoo Muslimoonni sadarkaa addunyaatti dirree dorgommii keessa galanii jiru sammuu namaa keessatti uuma.

Wanti jala sararree afaan guuttannee jechuu dandeenyu, mirgi walabummaa siyaasaa kun osoo Muslimoota biyyoota Arabaa fi Baha Jiddu-Galeessa jiran jiddutti babal'atee, silaa ijjannoon sadarkaa ummataa fi

sadarkaa biyyootaatti jiran, dhimma rakkina biyyoota Galoo Galaana Arabiyaa jiddutti uumame kana irratti silaa ijannoon ummanni Muslimaa qaban akkanatti wal-hin faallessaniyyu turan.

Mirgi walabummaa yaada siyaasaa kun, biyyummaan walharkisuu yeroo ammaa biyyoota Islaamaa keessatti mul'atu kana ni dadhabsiisa. Walitti dhufeenyi biyyummaan wal-jajjabeessuu kun yeroo hedduu herreega walitti dhufeenya Islaamummaa irratti ta'a. Misoma, ijaarsaa fi nageenyummaa alaa mirkaneessuuf bal'inaa fi ga'uumsi biyyummaa kun xiqqaa waan ta'eef, walitti dhufeenyi amantiinii cimuu qaba. Yoo walitti dhufeenyi amantii kuni cime, biyyoonni Islaamaa kallattii hedduun mijaa'iinsa waa baay'ee waan qabuuf; yeroo kana jaalalli biyyummaa/naannummaa dhiphoo saniif qaban gara jaalala amantii isa bal'aa fi isa cimaa ta'eetti jijjiirama.

Haala kanaan miirrii waliinii kan hegaree Islaamummaa fi tokkummaa ijannoo ummataa tokko godhuuf deemu ni uumama. Yeroo ammaa kana kan argaa jirru, miidiyaaleen hedduun biyyoota Islaamaa keessatti, yaada naannummaa dhiphaa ta'e kan faanni amantii Islaamaa keessaa hin mul'annetti nama yaamu. Walabummaan yaada siyaasaa kun miira tokkummaa siyaasaa Muslimoota jiddutti uumuuf gahaadha. Akkasumas mirgi kun tokkummaa siyaasaa uume san qabatee imala isii tana hojiin mul'isuutis deemu ni eegala.

5) **Walabummaa Yaadaatii fi Tokkummaa Warraaqsa**

Warraaqsonni Islaamotaa kan yaadaa ummataa hunda dammaqsaa baate, kan tokkummaa ummataatiif abjaayaa turte, akka waan isiis rakkinoonni ummata qunnaman kun isii qunnamee fakkaata. Rakkinni kunis rakkina waan hunda (aangoo,qabeenya, mirga...) ofi qofaa dhuunfachuuti. Warraaqsonni kunniin dachee ummanni isii duubatti hafiinsa jaarraalee hedduu of irratti baatee deemu keessatti uumamte waan ta'eef, silas wanti baay'ee nama ajaa'ibu hin jiru.

Warraaqsoleen/gareeleen warraaqsa Islaamaa addunyaa Islaamaa keessatti bifa walii galaatiin baay'ee gosa hedduu fi hortuudha. Yeroo hedduu uumama Islaamummaa keessattis gareeleen kuni gosa hedduu fi hortuudha. Gareeleen kunniin bifa walii galaatii fi gama amantii keessatti baay'ee walddhabuu danda'u. Yeroo garii walddhabbiin sun sadarkaa balaa fiduutti gaya. Eega kaayyoon warraaqsa kanaa hunduu tokkummaa ummataa fiduu ta'e, maaltu rakkina kanatti isaan geese ree?

Akka nutti fakkaatutti, sababoonni kana fidan adeemsota gareeleen Islaamaa gariin hordofan. Adeemsi kunis gama baruuf barsiisuufi gama warraaqsa gaggeessuu keessatti adeemsa bilisummaa nama dhoorgachuuti. Biyyoota Islaamaa hedduu keessatti, miirri gareelee warraaqsa Islaamotaa tarkaanfii ummanni duubatti hafiinsaa fi warra dhihaa of godhuu mormuuf godheen tokko. Akkas ta'uu isiitiin, gareeleen tun abdiin ummataa tan rakkina amma keessa jiran fudhachuu didu, tan hegaree bareedatti hawwitu taatee argamtee jirti.

Hiikni amma kennine kun immoo gama hiikkaa bifa walii galaatiin wal'aansoo jechuun bu'uura gareeleen warraaqsa Islaamaa hedduun irratti ijaaramani kan jedhutti nu geessa.

Gareeleen warraqaqa wal'aansoo kunniin immoo guddisa yookiin rog-qabsiisa sochii fi guddisa barnootaa ciccimaa ta'e malee waan biraa ni qabdii?

Kuni immoo gareeleen hedduu guddisa/ barnoota ilaalchaa keessatti ilaalcha tokko qofa uumuu yaada jedhuun akka mirga yaaduu kana daangessan godhe. Gareen warraaqsa Islaamotaa kun, sababa naamusa toluu, ajajaa tole jechuu fi qaama qajeelcha namaa kennu jala masakamuu jedhuun, adeemsa sosochii namaa irratti daangeffama guddaa fi dhiibbaa baay'ee ta'e kaayu.

Bifti/gosti guddisaa yookiin nama barsiisuu kan walabummaan yaadaa keessatti cunqurfamtu, ilaalcha fi yaadota wal-faallessan keessummeessuuf sammuu banaa kan hin goone, dhimma bilisaan socho'uu irratti kan mirgi hin jirre fi walabummaa yaada ofii bilisaan ibsachuus kan hin qabne, fofottoqiinsa gareelee warraaqsa Islaamaa fide. Fofottoqiinsi kunis garema tokko bakka heddutti qoqqooduu fi jidduu gareelee gara garaa addaan fageessaa ture.

Sababuma kamiifuu haa ta'u, yoo tasa namni wayii yaada nama biraa faallessu kaase, yaanni sun nama/garee garii biratti akka waan yakka guddaatti ilaalama. Gareelee garii biratti immoo yanni sun kabajamee akka malee faarfamee fudhatama argata. Yeroo kana sababa yaada tokkicha kanaatiif jidduu gareeleetti diinummaan guddaan uumama. Fakkeenyi kanaa immoo gareelee Islaamaa kan yeroo ammaa jiran irraa baay'eedha.

Kana irraa ka'uudhaan, tokkummaa gareelee Islaamotaa kana eeguuf walabummaan yaadaa ga'ee guddaa taphatti. Gareeleen kun namoota dhuunfaa waan hunda keessatti waliin marii gaggeessuu irratti leenjisuuf, barnoota yaadaa fi ilaalcha

hedduu keessummeessu irratti leenjisuuf, dhimmoota argaman hunda keessatti madaala ragaa fi dhugaa irratti waa madaaluuf, sammuu namaa kana gara dhugaa battalaatti akka fuulleffattee dhugaa fi dhara jiru addaan beekuun gara furmaataatti akka deemu godhuuf gahaadha.

Guddisni bilisummaan guutame kun yoo gareelee warraaqsa Islaamaa keessatti babal'ate, waliin mariin dogongora fi bira dabarsaa (waa jajjabeessuu) hunda xiqqeessuuf furmaata bareeda ta'ee argama. Sammuun sodaa Rabbii qabdu, kan waan hojjattu hunda garaa qulqulluun hojjattu yaada irratti walitti dhufuun namoonni hunduu akka yaada san duuka yaa'an taasisa.

Gareeleen warraaqsa kun, kanneen mirga yaada ibsachuu sirritti namaaf laatan, wal-qabatiinsaa fi tokkummaa keessattis hedduu jajjaba ta'anii argamuun isaanii dhugaa baay'ee nama dinquu miti. Kanaaf immoo fakkeenya gaarii kan ta'u gareelee warraaqsa Islaamaa kan biyya Suudaan fi Tuunis keessatti argamani.

Kanaafuu, mirgi yaada bilisaan ibsachuu kuni dhugumaan seensa gara tokkummaa Muslimootaatti geessuudha. Kana kan jenneefis yaada bilisaan ibsachuu kanatu sammuu namaa keessatti adeemsa addaa kan waliinii uuma. Adeemsi addaa kunis walitti dhufuun, waliin haasayuu fi waliin marii gaggeessuun cima. Yeroo kana tokkummaan ilaalchaa uumama. Tokkummaan ilaalchaa kun immoo gama murtiilee fi waa irratti ibsa kennuu keessatti yaada walitti dhiyaataa qabaachuutti geessa.

Walitti dhiyeenyi yaadaa kun immoo, akka Muslimoonni kaayyoo tokkoo fi kaayyoo sanitti gayuuf tooftaa tokko qabaataniif gargaara. Qur'aanni ulfaataan wanti ummata walitti qabu bifa bilisa ta'een wanta gaaritti wal-ajajuu fi wanta

fokkisaa ta'e hunda irraa wal dhoorguu ta'uu nuuf ibsa. Rabbiin guddaan Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

وَلَتَكُنْ مِنْكُمْ أُمَّةٌ يَدْعُونَ إِلَى الْخَيْرِ وَيَأْمُرُونَ بِالْمَعْرُوفِ وَيَنْهَوْنَ عَنِ الْمُنْكَرِ وَأُولَئِكَ هُمُ

الْمُقْتَدِرُونَ ﴿١٠٤﴾ وَلَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ تَفَرَّقُوا وَاخْتَلَفُوا مِنْ بَعْدِ مَا جَاءَهُمُ الْبَيِّنَاتُ وَأُولَئِكَ لَهُمْ عَذَابٌ

عَظِيمٌ ﴿١٠٥﴾ سورة آل عمران: آية (104-105)

“Isin keessaa gareen keeyritti nama yaamtu, tan waan gaaritti nama ajajjuu fi waan badii irraa nama dhoowwitu haa jiraattu [argamuu qabdi], gareen sun [kanneen gaaritti nama ajajanii badii irraa nama seeran] warra milkaaye irraayyi. Akka warroota eega dhugaan Rabbiin biraa isaanitti dhufte addaan faffaca'ee waldhabee hin ta'inaa!Jara saniif ibidda akkaan laalessaa ta'etu jiraafi.”(Aala Imraan: 104-105).

Maddeen wabii (References)

Iqbaal (Muhammad)

- 1- Tajdiid Attafkiiri Addiinii fi Al-Islaam, Hiikaan, Abbaas Mahmuud, Maxxansaan:Lajnatu Atta'aliif wa Attarjamati wa Annashri, Kaayiroo, 1968.
Al-Bagdaadii (Abu Mansuur Abdulqaahir Binu Xaahir, bara 429 H du'e).
- 2- Usuulu Addiin, Maxxansaan: (maxxansaa Istanbuul kan bara1928 irraa gargalfame), Beeyruut 1980.
Albeeydaawii(Abuu Sa'iid Abdallaah ibnu Umar, Hijraa irraa bara 791tti du'e).
- 3- Anwaaru Attanziiil wa Asraaru Atta'awiil, maxxansaan maktabatu Al-Jumhuuriyyaa Al-Arabiyya, Kaayiroo (Bara maxxansaatiin ala).
Atturaabii (Doktoor Hasan Abdullaah).
- 4- Qadayaa Al-Hurriyyaa wa Al-wahadaa. Maxxansaan: Addaru Assu'uudiyaa li Annashri wa Attawzii'i, Jidda, 1987.
Al-Jarjaanii (Aliyyi Ibnu Muhammad Ashariif Hijraa irraa bara 816tti du'e)
- 5- Atta'ariifaat, Maxxansaan: Makatabatu Lubnaan (Maxxnsa Filowjil irra xra gargalcha kaafame), Beeyruut, 1985.
Al-Juweeynii (imaamu Al-Harameeyn Muhammad Ibnu Yuusuf, Hijraa irraa bara 478tti du'e).
- 7- Kitaabu Al-Irshaad, maxxansa: Mu'asasatu Al-kutub Assaqaafiyyaa, Beeyruut, 1985. *Ibnu Kalduun*(AbuuZeeyd Abdurrahmaan Ibnu Muhammad, Hijraa irraa bara 808tti du'e).

- 8- Al-Muqaddimaa, Maxxansa:Asha'ab, Kaayiroo, Bara maxxansaatiin ala.
Arrazii (Fakruddiin Muhammad Ibnu Umar, Hijraa irraa bara 606tti du'e).
- 9- Attafsiir Al-Kabiir, maxxansa lammaffaa, Daaru Al-kutub Al-ilmiiyaa,Xahraan.
- 10- Mahasalu Afkaar Al-mutaqaddimiin wa al-muta'akiriin, Maxxansaan: Daaru Al-kutubi Allubnani, Beeyruut 1984.
Azzamkshari(Abu Al-Qaasim Mahmuud Ibnu Umara,Hijraa irraa bara 538tti du'e).
- 11- Al-kashaafu An Haqaa'iq Attanziil, maxxansa daaru Al-fikrii, Beeyruut, 1977.
IbnuSiinaa (Abuu Alii Al-Huseen ibnuAbdullaah, Hijraa irraa bara 428tti du'e).
- 12- Al-Ishaaraat wa Attanbiihaata,GulaalaanSuleeymaan Dunyaa, maxxansa Al-Halabiiyyi, Kaayiroo, 1947.
Xaashu Al-kubraa Zaadah (Ahamad IbnuMusxafaa, Hijraa irraa bara 968tti du'e).
- 13- Miftaahu Assa'aadaa wa Misbaahu Assiyaadaa, maxxansa daaru Al-kutubi Al-Hadiisaa, Kaayiroo, 1968.
Ibnu Aashuur (sheik Muhammad Xaahir, Hijraa irraa bara 1978tti du'e).
- 14- Tafsiir Attahriir wa Attanwiir, maxxansa Addaaru Attuuniisiyyaa li Annashri,Tuunis, 1984.
Al-Gazaalii (Muhammad Ibnu Muhammad, Hijraa irraa bara 505tti du'e).
- 15- Tahaafatu Al-falaasifaa, Daaru Al-ma'aarif,Kaayiroo 1972.
Al-Gazaalii (Sheek Muhammad)

- 16- Dustuur Alwahada Assaqaafiyaa Beeyna Al-Muslimiin, Daaru Al-Ansaar, Kaayiroo, 1981.
Allaqqanii (Abdussalaam IbnuIbraahiim).
- 17- Sharhu Jawhart Attowhiidmaxxansa 2^{ffaa}, maxxansa Assa'aadaa,Kaayiroo 1955.
Maalik Ibnu Nabiyyi
- 18- Mushkilatu Assaqaafaa, maxxansa daaru Al-fikr, Damskas 1979.
Muhammad Abdoo(sheek Al Imam, Hijraa irraa bara1905tti du'e).
- 19- Risaalatu Attawhiid, Maxxansa 5^{ffaa},Daaru Ihyaa Al-uluum, Beeyruut 1985. *Muhammad Towmi*.
- 20- Al-mujtama Al-Insaanii fi Al-Qura'aani Al-kariim, maxxansa Addaar Attuunisiyyaa li Annashr, Tuunis, 1986
Muhammad Yuusuf Musxafaa.
- 21- Hurriyatu Al-ra'iyi fi Al-Islaam, maktab gariib, Kaayiroo, 1989.
Al-maqdasii (Muxahar ibni Xaahir,Hijraa irraa bara 507tti du'e).
- 22- Albad'u wa Attaariik, gargalcha, Makatabatu Assaqaafa Al-Islaamiyya Addiiniyyaa, Kaayiroo Annajjaar (Abdulmajiid Umar).
- 23- Fiqhu Attadayyun fahaman wa tanziiilan, maxxansa: Al-umma, Qaxar, 1989.
- 24- Kilafatu Al-Insaani Bayna Al-wahyi wa Al-aqli, Daaru Al-garbi Al-Islaamii,Beeyruut 1987.
- 25- Dowru Al-fikr Al-Islaamii fi Nusrat Al-Aqiidaa Beeyna Al-ams wa Al-yoom, kan raabsame paampileetii koolleejjii Zeeytuunaa, Tuunus, lakk.5.

Ibnu Hishaam (Abdul malik Ibnu Ayyuub, Hijraa irraa bara 218tti du'e).

26- Assira Annabawiyya, Maxxansaan: Maktabatu Al-manaar, Joordan, 1988.

KITAABNI KUN

Kitaabni kun gahee bilisummaan yaadaa ilaalcha Muslimootaa tokko godhuu keessatti qabu xiinxala. Amantiin Islaamaa fedhii namaa eeguuf wabii ga'aa kenneefii jira. Namni tokkollee waan namni hin feenetti dirqisiisuu hin danda'u. (Al-Baqaraa: 256). Hiikkaan xiinxalaa, adeemsa Muslimtoonni ittiin waa xiinxalan yoo ta'u, yaada Qur'aanni "Akka isin xiinxaltaniif jecha mallattoolee keenya bifa kanaan ifa isiniif galchina" (Al-Baqaraa:219) jedhuu fi jechama Ibnu Kalduun kitaaba isaa Muqaddimaa keessatti itti fayyadame fa'a uf keessaa qaba.

Uumamaan, jidduu namootaatti tokkummaan xiinxalaa jiraachuun sammuu isaanii keessatti hariiroo kan uumu yoo ta'u, Rabbii tokkicha beekuun, ilaalcha waa hunda of keessatti qabatuu qabaachuu, akkasumas dhugaa qabatamaan lafa irra jiru hubachuun seera waliinii hordofuu barbaachisa. Ammas bilisummaa ilmi namaa sammuu isaatiin xiinxalee waa irra gayuu fi waan irra gaye san ibsachuuf qabu dhugoomsuu fi amantii qabanitti quufuu feesisa. Yaada kana qorachuurratti Imaam Al-Gazaaliin guumaacha guddaa godheera.

Walabummaa yaadaa irratti maloota falmii dhiheessuu irratti nabi Ibraahiim osumaa xiinxaluu Rabbiin guddaan uumama kana hunda uume ni jira yaanni jedhu sammuu isaa keessatti uumame (Al-An'aam:79). Barressaan kitaabichaa, DR. Abdulmajiid Al-Najjaar, xiinxalli akkasii dhabamutu har'a amantii Islaamaa irraa fagaachuu, Iimaanni xochachuu, qaroomina warroota biyya Dhihaatiin hubamuu, abbaan irrummaa babal'achuu, diinagdeen dadhabuu fa'aaf Muslimoota saaxile jedha. Rakkoolee kanniin furuuf: ilaalchota murtiilee seera Islaamaa faallessan diduu, rakkoolee fiqhii fi aqiidaa keessatti mudatan hir'isuu, siyaasa keessatti walhubachuu fi jijjiirama sadarkaa addunyaatti gaggeeffamaa jiru kana irrattis ijjanoo tokko qabaachuudha.